# QAACCESSA ADEEMSA SIRNA AYYAANA YAADANNOO WARRA ABBAA OROMOO AMANTII WAAQEFFANNAA:HAALA QABATAMAA GODIINA SHAWAA KAABAA AANAA HIDHABUU ABOOTEE

**QORATAA: FAYYEERAA TAADDASAA ROOBII**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GUUTTACHUUF DHIYAATE YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORITIIF KAN DHIHAATU**

**SAADASA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA ADEEMSA SIRNA AYYAANA YAADANNOO WARRA ABBAA OROMOO AMANTII WAAQEFFANNAA:HAALA QABATAMAA GODIINA SHAWAA KAABAA AANAA HIDHABUU ABOOTEE

**QORATAA: FAYYEERAA TAADDASAA ROOBII**

**GORSAA: TAADDASAA JAALATAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GUUTTACHUUF DHIYAATE YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORITIIF KAN DHIHAATU**

**SAADASA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsitii Finfinnee Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii 2ffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu guuttachuuf, Fayyeeraa Taaddasaa Roobiin mataduree: "Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeeffannaa: Haala Qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee" qophaa'ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa

Alaa______________________________mallattoo________Guyyaa____________

Qoraa

Keessaa____________________________mallattoo________Guyyaa___________

Gorsaa_____________________________mallattoo________Guyyaa___________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallatoon koo armaan gaditti eerrame, qorannoon kun hojii koo ta`uu isaafi kanaan dura Yunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta`uu isaa akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta`een fudhadhee wabii keessattis kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ______________________________.

Mallattoo _________________________.

Guyyaa _____________________.

## Axareera

*Xiyyeeffannaan qorannaa kanaa inni guddaan "Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeeffannaa: Haala Qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee Qaaccessuu"dha.Kaayyon qorannichaas adeemsa sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo qaaccessuudha.Ka'umsi qorannoo kanaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo uummata Oromoo biratti laafaafi dagatamaa waan dhufeef dhaloonni dhufu aadaafi safuu isaa akka hindaganne bu'uura kaa'ufi.Malli qorannichaa mala qulqullaa'inaa (akkamtaa) yoo ta'u, tooftaalee iddatteessuu mit-carraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo (purpose sampling)fi iddattoo darbaa dabarsaa (snow ball sampling)tti fayyadameera.Maloonni funaansa ragaalee qorannichaaf hojiirra oolan daawwannnaa,af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffataadha.Ragaaleen walitti qabaman ammoo tooftaa qorannoo ibsaa fayyadamuun qaacceffamee jira. Adeemsa kana hordofuun hojii qorannoo kanaan argannoowwan bira ga'aman sirni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kan geggeeffamu yeroo dhaloonni walguu fedheefi rakkoon hamtuun dhaloota muudatte kan raawwatuufi dhangaaleen warri Abbaa Oromoon dur irraa kaasee soorachaa turan kan akka foonii, dhadhaa,dammaafi aannanii adda durummaan kan qophaa'u ta'uu isaati.Yaboo qorannoo kanaatiin xiyyeeffannoon barbaachisaa ta'e akka kennamuufi qabu akeekni ijoo ta'e kennameera. Kaayyoon qorannichaa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa: haala qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee qaaccessuudha.*

*Fakkoommiwwan sirnicha keessatti mul'atan akaakuuwwan fookloorii gurguddoo arfan kan bu'ureeffatan yommuu ta'u, isaanis: afoola, duudhaa hawaasaa, meeshaa aadaa fi aartii duudhaa fa'i.*
*Yaboon qorannichaa immoo kabajni duudhaa sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo dur irraa eegalee hawaasichaan kabajamaa ture kun sababa dhiibbawwan adda addaatin laafaafi dhaloota baay'een dagatamaa waan tureef yeroo yerootti qorachuufi kunuunsuun bifa safuu hawaasaa eegee dhalootaa dhalootatti darbuu danda'u kallattii qabsiisuun akka itti fayyadaman gochuun gahee Waajjira aadaafi turiizimii aanichaafi dammaqina hawaasa hundaa gaafata.*

*Barbaachisummaan qorannoo kanaas adeemsota sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo dagataman ifa baasuu, namoota mata duree kanarratti qorachuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu akka danda'uu, argannoowwan qorannoo kanaa qabiyyee barnootaa keessatti akka hammatamuuf haala nimijeessuufi kan kanafakkaatu yoota'u, hanqina qorannichaatiin walqabatee rakkoo uumameef hanqina kitaabaatiif intarneetii fayyadamuu,bakka too'eetti namoota ga'umsa qaban dhabamuun qaamaan mana jireenyaa dhaquun,namni viidiyoo waraabu gatii dabalachuu,mobaayiliitti fayyadamuu.dubartoonni yeroo viidiyoo waraaban sodaachuu, sagalee mobaayiliitti waraabuun furmaata gahaa kaa'uun qorannoo fiixaan baasee jira.Gama biraatiin kitaabileen mataduree kanaan firoomina qaban kan sakata'amanyoota'u,firiiwwan fooklorii keessaa afoolarratti bu'uureffachn faaruu loonii irratti kan xiyyeeffateedha.*

## Galata

Duraan dursee qorannoo kana akka galma ga’uuf jalqabaa hanga dhumaatti seeraan tartiiba eegee akkan hojjedhu yaadaafi ogummaa isaaniin yeroo isaanii osoo hinqusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo **Dr. Taaddasaa Jaalataa** galannin isaaniif qabu dachaadha.Galmi keessan dhumaa bilisummaa Uummata Oromoofi Gurraacha Afrikaa cufaaf yaa ta’u.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hinbaratin ilmoon koo barachuu qaba jedhanii xiiqiifi dhamaatii guddaan deeggarsa barbaachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniifi yeroon qorannaa kana hojjedhu tumsa diinagdee naaf taasistaniif, galata guddaan isaaniif qaba. Kanaaf, galata keessaniif Uumaan Ayyaantummaa keessan isiniif cimsee umrii keessan dheeressuun hamtuufi laalaa ija hamaa isin irraa yaa qabu; yaraa keessan gurri diinaa hindhagahin; gaarii keessan malee gurri namaa waan fafee (hamaa) keessan akka hindhageenye jechaa, Waaqni oolmaa keessan akkan deebisu Ayyaantummaan warra lubbuun darbanii na yaa gargaaru.

Akkasumas,qorannoo kana akka barbaadameen akkan dalaguuf, na hamileessaafi yeroon dadhabeetti kan na jajjabeessaa turte haadha warraa koo **Aaddee Dhangaatuu Taaddasaa Barii**fi mucaa koo kan gaafa roorroofi roorrifama Oromoorra jiru xiiqiif gara addunyaa kanaatti dhufe **Yerosaan Fayyeeraa** galannin ani isiniif qabu guddaadha.Dabalataanis, hiriyoota koo qorannoo kana irratti na cinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaan na gargaartaniifi namoota odeeffannoo qorannoon kun ittiin gabbatu naaf laattan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu.

## Jechoota Gabajeefi Kottoonfachiisaa

H/Abootee= Hidhabuu Abootee

AYWAO=Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo

D/bokkooloo=Dabala bokkooloo

Dh/H/A Waaqeeffannaa=Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa

G/goorgisii=Gidaaboo Goorgisii

H/Mootummaa=Hojjetaa mootummaa

H/G/A/W=Hoji geggeessaa Amantii Waaqeeffannaa

M/Ejeree=Magaalaa Ejeree

Ykn=Yookiin

WAT=Waajjira Aadaafi Turiizimii

WIF LB=Waajjira itti fayyadama lafa baadiyyaa

## Hiika Jechootaa

Ayyoo Meetoo=Haadha Warraa Xabboo Waaqoo

Galma=Lafa dhaloonni itti walgahee itti Amantii geggeeffatu.

Sokora=Walaloo jeekkarsa baafame jalaatti yeedaleeffamuudhan hamma jeekkarsi sun xumuramutti jedhamuudha.

Qorobee=Meeshaa aannan ykn bishaan ittiin dhugamu.

Qorxii=Meeshaa bidden keessa kaawwamu kan migira (meexii) irraa hojjetamu.

Baafata

**Qabiyyee** Fuula

Axareera ........ i
Galata ........ ii
Jechoota Gabajeefi Kottoonfachiisaa ........ iii
Hiika Jechootaa ........ iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA (INTRODUCTION) ........ 1
1.1. Seenduubee (Back Ground Of the Study) ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa (Statement of the problem) ........ 4
1.3. Gaaffiilee Qorannoo (Research Question) ........ 4
1.4. Kaayyoo Qorannichaa (Aim of the research) ........ 5
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........ 5
1.4.2. Kaayyoo Gooree ........ 5
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa (Significance of the research) ........ 5
1.6. Daangaa Qorannichaa (Delimitatation of the research) ........ 6
1.7. Hanqina Qorannoo ........ 6
1.8. Ibsa Aanaa Qorannichi Irraatti Geggeeffamee ........ 7
1.8.2. Argama Aanichaa ........ 7
1.8.3. Haala Jireenya Uummata Aanaa Hidhabuu Abootee ........ 8
1.8.4. Qabeenya Uummamaa Aanaa Hidhabuu Abootee ........ 9
1.8.5. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee ........ 10
1.8.6. Afaan, Amantiifi Baay'ina Uummata Aanaa Hidhabuu Abootee ........ 11
1.9. Qindoomina Qorannichaa ........ 11
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU (Literature Review) ........ 14
2.1. Yaadrimee Fookloorii ........ 14
2.2. Faayidaa Fookloorii ........ 16
2.3. Gooroowwan Fookloorii ........ 17
2.3.1. Duudhaa Hawaasaa (Social folk custom) ........ 18
2.3.2. Aartii Sochii Qaamaa Hawaasaa (Performing folk art) ........ 18
2.3.3. Meeshaalee Aadaa (Materials culture) ........ 19
2.3.4. Afoola (Oral literature) ........ 20
2.3.4.1. Eebba ........ 22
2.3.4.2. Jeekarsa ........ 23
2.5. Amantii ........ 24
2.6. Amantii Waaqeffannaa ........ 27
2.6.1. Madda Amantii Waaqeeffannaa ........ 29
2.6.2. Maddaafi Bu'uura Barnoota Amantii Waaqeeffannaa ........ 31
2.6.3. Utubaa Waaqeeffannaa ........ 31
2.6.3.3. Yaadrimee Ayyaantummaa ........ 32
2.6.4. Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ........ 35
2.6.5. Faayidaa Sirna Kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ........ 35
2.6.5.1. Amantii Waaqeeffannaafi Sabboonummaa Uummata Oromoo ........ 36
2.6.5.2. Amantii Waaqeeffannaafi Afaan Oromoo ........ 36
2.6.5.3. Amantii Waaqeeffannaafi Oromummaa ........ 37
2.6.5.4. Amantii Waaqeeffannaafi Aadaa Uummata Oromoo ........ 38
2.7. Gahee Afoolaa Sirna Waaqeeffannaa Oromoo Keessatti ........ 38

2.8. Gahee Wantoota (Meeshaalee) Aadaa Sirna Waaqeeffannaa Oromoo Keessatti ........ 39
2.9. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'ureeffate ........ 40
2.9.1. Yaaxxina Faayidaa (Funcational Theory) ........ 41
2.9.2. Yaaxxina Deebisanii Ijaaruu (Reconstrustructio/Revitalization Theory) ........ 42
2.9.3. Yaaxxina Aadaa Hawaasaa (Folk Cultural Theory) ........ 43
2.9.4. Yaaxxina Aadaa Bu`uureeffate (Cross -Culture Theory) ........ 43
2.9.5. Yaaxxina Jijjiiramummaafi Luufummaa (Change and Continuity Theory) ........ 44
2.10. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ........ 44
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA ........ 46
3.1. Saxaxa Qorannoo (Research Design) ........ 46
3.2. Irraawwatamaa Qorannichaa ........ 46
3.3. Mala Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 47
3.4. Madda Odeeffannoo ........ 47
3.5. Tooftaalee Funaansa Odeeffannoo ........ 48
3.5.1. Daawwannaa ........ 48
3.5.2. Af-gaaffii ........ 49
3.5.3. Marii Garee Xiyyeeffataa ........ 49
3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee ........ 50
3.7. Naamusa Qorannoo ........ 50
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 51
4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ........ 51
4.1.1. Raawwii Ayyaanan Duraa ........ 55
4.1.2. Raawwi Yeroo Ayyaanaa ........ 57
Suura-7: Koorma sirna Ayyaana Yaadannoo geggeessuuf gaafa 04/04/2012 Galma Hundee Ganamaatti qalameefi dhaloota sirna qalmaa kabajuuf qophaa'an mul'isu. ........ 66
4.1.2.6. 2. Bilannaa Dhiiga Korma Qalamee ........ 66
Suuraa-8: Yeroo ijoolleen dhiiraa bilannaa bilatan suuraa gaafa 15/06/2012 Galma Hora Kormaatti yeroo Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Kabajamu kaafame mul'isu. ........ 67
4.2. Ergaa Jeekkarsi Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Keessatti Qabu ........ 67
Hawaa Sayyoo ........ 69
4.3. Dhiibbawwaniifi Qamoolee Guddina Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ........ 70
Duubatti Harkisan ........ 70
4.4. Faayidaa Kabajni Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Jiruufi Jireenya Oromoo Keessatti Qabu Akkasumas, Sababoota Kabaja AYWAO ........ 74
4.5. Sadarkaa Kabajni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Yeroo Ammaa Irra Jiruufi Itti Fufiinsa Isaaf Yaaddoo Ta'an ........ 76
5.1. Cuunfaa (Guduunfaa) ........ 80
5.2. Argannoo Qorannichaa ........ 80
5.3. Yaboo ........ 81
Wabiilee ........ v
DABALEE A ........ vii
DABALEE B ........ viii
DABALEE C ........ ix
DABALEE D ........ x

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA (INTRODUCTION)

## 1.1. Seenduubee (Back Ground Of the Study)

Uummanni kamiiyyuu lafa kanarra jiraachuu erga eegalee kaasee wantoota bu'uura eenyummaa isaa calaqqisiisan kan labata tokkoo labata tokkotti ceesisaa dhufan niqaba.Isaan keessaa tokko Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromooti. (Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa, 2018)

Uummanni Oromoo saba bal'aa damee gurguddoo hidda latiinsa hortee Booranaafi Bareentuutti qoodamuufi amba bal'aa gosoota baay'ee ofjalatti qabateedha.Gosti immoo balbala baay'ee, balbalti ibidda baay'ee, ibiddi warra baay'ee ofjalaa kan qaban yoo ta'u, gurmaa'insi Uummata Oromoo kan gudeedaa(hortee)fi moggaafachaa akka qabu beekkamaadha.(Firaa'ol, 2012)

Uummanni Oromoo waggoota kumaatamaan dura lafa bifa kaartaa ammaa qabaachuu baattus biyya mataa ofii kan qabuufi deeggarsa barumsa ammayyaa malee qabeenya uumamaa, amantii, aadaafi seenaa isaa eeggataa mallattoo walqixxummaa gonfachuun sirna diimokiraasiif bu'uura kan ta'e, Sirna Gadaan saba walbulchaa tureefi barnoota argaa dhageettii afoolaan walbarsiisaa saba tureedha.Uummanni kun duulli eenyummaa isaa balleessuufi lafa isaa saamuuf mootota Habashaa biyya kana keessa turan kanneen gargaarsa biyyoota alaa irraa argataniin sababa amaantii babal'ifannaatiin akkasumas,badhaadhina ofii isaanii galmaan gahachuuf warra itti duulan gama hundaan falma geggeessaa saba eenyummaa ofii tiksuuf falmachaa jiraachaa tureefi har'as jiraachaa jiruudha.Misgaanuu,2011)

Uummanni Oromoo dhuma jarraa 16$^{ffaa}$n booda haala gara gagaraatiin akkuma mirga abbaa biyyummaa isaa sarbamuu jalqabeen hacuuccaa halagaa irraa kan ka'e, aadaafi amantii isaa akkasumas, wanti eenyummaa isaa ibsu cufti jalaa shasharafamaa dhufuun, bakka gariitti immoo sadarkaa badee dhabamuu irra gahee ture.Garuu, yeroo ammaa kanatti shirriifi dabni lafa jalaa Uummata Oromoo irratti geggeeffamu illee, dhaloonni qubeefi hayyoonni Oromoo dammaqinsa gaariin abbaa waan ofii ta'uuf ofta'ee, walta'aa saba jiruudha.Inni kun immoo sagantaa dhaloota darbee(Amantii Waaqeeffannaa) iddoo kaleessatti deebisee ijaaruuf abdii ta'aa jira.(Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa,2017)

Uummanni Oromoo Afrikaa Bahaa keessatti saba aadaa isaa kalaqatee jiruufi jireenya isaa ittiin geggeessaa saba tureedha;ammas ittiin jiraachaa jira; fuuldurattis ittiin jiraata;dhalataa Afrikaati.Kana ilaalchisee Filee(2016:2) yoo ibsu, "Uummattoota Afrikaa Bahaa jiraatan keessaa Oromoon damee

Kuush isa guddaa yemmuu tahu, kunis Kaaba Itoophiyaadhaa kaasee hanga jiddu-gala Keeniyaatti akkasumas, karaa Dhiha Suudaniifi Kibba Suudaniin, karaa Bahaa ammoo Somaaleedhaan kan daangeffamu uummata aadaafi beekumtaa(fookloorii) mataa isaa qabuudha"jedha.Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu, Uummanni Oromoo uummata bal'aa Afrikaafi Itoophiyaa keessatti dhalateefi damee hidda Kuush ta'e ta'uu isaa, uummata beekumtaafi aadaa maataa isaa qabu akkasumas, uummata lafa bal'aa irra qabatee jiru ta'uu isaati.

Caalaa (2013:7) akka ibsetti, "Uummani Oromoo akka Kuushummaa isaatti waggoota 8000 dura irraa eegalee Kaaba Baha Afrikaa kan tureefi dhaloota dura lafa kanarra tureefi sagantaa mataa isaa uummata geggeeffataa ittiin jiraachaa tureedha."Yaaduma kana Tasammaa ( 2012:1) yoo ibsu, "The Oromo are the largest single ethnic group speaking Cushitic language and inhabiting the Oromia Region of Ethiopia.The annals of the Oromo reveal that the Oromo religion was neither Christianity nor Islam but was an indigenous religion known as Waaqeffanna." Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu Uummanni Oromoo gurmuu saba qeenxee Afaan Kuush dubbatu ta'ee, Itoopiyaa keessaa naannoo Oromiyaa jiraatuudha.Amantiin Oromoo Kiristaanummaa ykn Islaamummaa miti.Garuu, Amantii dhalattee biyya kanaa kan ta'e Amantii Waaqeffannaa jedhamee kan beekkamu uummata qabaachaa ture ta'uu isaati.Kana jechuun Uummata Oromoof Amantiin Waaqeeffannaa amantii isaa ganamaati malee, amantii ergisaa miti jechuudha.

Uummanni Oromoo uummata qaroomina addunyaa tanaaf waan danuu gumaacheedha.Dhimma kana ilaalchisee Waldaa Beeksisaafi Bashannanaa Arsadii (2011:10) yemmuu ibsu,

> *Uummanni Oromoo uummata ogummaa mataa isaatiin waan isaaf ta'u irra darbee addunyaaf daandii nagaafi tasgabbii, qaroominaafi walqixxummaa uumamaa akkasumas, sirna bulchiinsaa illee dabalatee waan hedduu uumudhaan fakkeenyummaa gaarii qabuudha.Uummanni Oromoo yayyaba seera uumaafi uumamaa irratti hundaa'e dhaha (Gada calender),sirna bulchiinsaa (Gada System), amantii (Waaqeffannaa), dudhaa, aadaa, safuufi seera mataa isaa qaba.Kana malees, haalli uffannaa, bareedina rifeensa isaanii ittiin tolfataa turan, haalli sirna nyaataafi meeshaalee nyaatallee eenyummaa sabichaatiin kan walqabatuudha.*

Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu Uummanni Oromoo akkuma uummata kamiiyyuu aadaa, duudhaa, amantiifi yeelala (falaasama) mataa isaa kan qabu ta'uu isaati.

Hawaasni tokko hawaasa kan biraa irraa kan ittiin adda ta'u aadaafi duudhaa mataa isaa qaba. Hawaasichaafi waan hawaasichi waliin qabu immoo hubachuun kan danda'amu fookloorii isaatiini. Haaluma kanaan, fooklooriin falaasama, ilaalcha, amantii, duudhaa, safuu, walumaagalatti haala jiruufi jireenyaa hawaasa darbanii dhaloota haaraa quba qabsiisa.Dundes (1965:284) yaada kana cimsuun yoo ibsu, "Folklore reflects culture because it relates to the way of life of the people who produce it: their ceremonies, their institutions, their crafts and so on. It also expresses their beliefs, customs, attitudes and their way of thinking. Folklore actually gives a penetrating picture of the way of life of thepeople who produce it."

Akka barreessaan kun jedhutti, fooklooriin bu'uura duudhaa, jiruufi-jireenyaafi seenaa hawaasa tokkoo ibsa jechuun nidanda'ama.Akkasumas, erga dhalli namaa lafa kanarratti argamee kaasee beekumsa aadaa, duudhaaleefi barsiifata saba tokkoo baatee dhalootaa dhalootatti kan tarkaanfataa dhufeedha.

Fooklooriin damee adda addaatti kan qoodamu ta'ullee, qorannoo kun kan inni irratti xiyyeeffatu duudhaa hawaasaa irratti.Duudhaan hawaasaa amala hawaasni waliin qooddatu ilaallata.Amalli kun kan ture, dhaabbataafi karaa jireenyaa akka feeteen ta'uu mala.Hawaasa gidduu bara dheeraan dura kan tureefi sabni irratti waliigalee kan fudhateedha.Yaada kana ilaalchisee Dundes (1972:2) yoo ibsu, "The social folk custom, includes customs and beliefs of a given folk.Social folk customs are often closely bound up with deeply held folk beliefs, and they cover the fields of festivals and ceremonies, folk religion and folk medicine"jechuun ibsa.Akka yaada hayyuu kanaatti, duudhaan hawaasaa kan inni of keessatti hammatu duudhaafi barsiifata fookii (hawaasa)ti.Kana malees, duudhaan hawaasaa gadi fageenyaan barsiifataalee hawaasaa,feestivaalota, sirnoota, amantii uummataafi qoricha aadaa kan hammatuudha.Sirnoota duudhaa hawaasaa keessatti raawwataman keessaa kanneen ilaalamuu qaban adeemsa sirna kabaja Ayaanaati.Sirna kabaja Ayyaanaa keessatti wantoonni geggeeffaman cufti adeemsa waan qabaniif ilaaluun gaarii ta'a.

Duudhaa Uummata Oromoo keessatti kabajni Ayyaanotaa adeemsota sirna mataa isaanii qabu.Isaan keessaa adeemsi kabaja sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo isa tokkoodha.Ayyaanni kun Uummata Oromoo waliin akkuma Amantii Waaqeeffannaa umurii dheeraa qaba.Ayyaanonni Amantii Waaqeffannaa Uummanni Oromoo geggeeffatanii irraa milkaawaa turan danuudha.Ayyaanota Amantii Waaqeffannaa Uummanni Oromoo geggeeffataa irraa milkaa'aa ture kanneen dhiibbaa adda addaatiin laaffataniifi dagatamaa dhufan keessaa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo sadarkaa

dhaabbataafi galmootatti yeroo ammaa deebifamee dhaloota ofta'aniin kabajamaa jiru isa tokko.(Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa,2017 )

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa (Statement of the problem)

Uummanni Oromoo saboota bal'aa bara dheeraaf Afrikaa keessa jiraachaa turaniidha.Uummanni kunis uummata aadaa, amantii, afaan, seenaafi duudhaa mataa isaa qabuudha.Haata'u malee, baroota dheeraaf afaan, aadaa, amantiifi duudhaan isaa akka laafuufi dhalootan dagatamuuf sababoota adda addaa kanneen akka dhiibbaa siyaasaafi amantiiwwan biroo irraa kan ka'e eenyummaa, aadaa, amantii, afaan alagaa ofitti fudhatee kabajaafi itti fayyadamaa tureera.Haaluma kanaan Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Uummata Oromoo biratti laafaafi dagatamaa dhufeera.Ayyaanni kun duudhaafi safuu Uummanni Oromoo dur irraa kaasee kabaja guddaa kenneefi gaggeessaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureefi dhaloonni irraa qananii argataa turaniidhadha.Ayyaanni kunis sababoota adda addaa irraa kan ka'e yeroo ammaa dhaloota baay'een dagatamaa dhufeera.Sababoonni kunis dhiibbaa sirna bulchiinsaa, amantiilee biroofi kkf dha.Kanaafuu, ayyaanni kun yeroo ammaa kana sadarkaa maalirra akka jiruufi gara fuulduraatti dhaloonni dhufu aadaafi safuu isaa akka hindaganne bu'uura kaa'uuf kan qoratameedha.Kanaafuu, qorataan kun kabajni sirna ayyaana kanaa Uummata Oromoo biratti baay'ee waan dagatamaa dhufeef sababoota kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo duubatti harkisan maal akka ta'e adda baasuu, safuufi duudhaa isaa eegee akka itti fufu dhaloota quba qabsiisuuf qorataan kun qorannoo kana gaggeessee jira.

### 1.3. Gaaffiilee Qorannoo (Research Question)

Gaaffiilee qorannoo jechuun gaaffiilee qorataan qorannoo kana keessatti deebii ni'argatu jedhee qopheeffateedha.Gaaffiileen qorannoo, qorannoo geggeeffamu kallattii kan qajeelchaniifi handhuura qorannoo kanneen ta'aniidha.Gama biraan immoo qaama (caasaa) qeenxee qorannoof baay'ee barbaachisuudha.Qorataan yaadota ka'umsa qorannoo keessatti ka'an bu'uura taasifachuun hamma tokko gahee isa irraa eeggamu bahuuf, gaaffiilee bu'uuraa armaan gaditti dhihaatan ka'umsa taasifachuu qorannicha adeemsisee jira.

1. Sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo adeemsa (haala) kamiin kabajama?
2. Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti jeekkarsi ergaa maalii qaba?
3. Wantoonni Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti dhiibbaa geechisan maal fa'i?
4. Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuun jiruufi jireenya Oromoo keessatti faayidaa maalii qaba?

5. Sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa kana sadarkaa maalii irra jira?

### 1.4. Kaayyoo Qorannichaa (Aim of the research)

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa: haala qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee qaaccessuudha.

#### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kayyooleen gooree qorannoo kanaa:

- Sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo adeemsa (haala) kamiin akka kabajamu ibsuu.
- Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti jeekkarsi ergaa malii akka qabu addaan baasuun ibsuu.
- Wantoota Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti dhiibbaa geechisan addaan baasuun addeessuu.
- Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuun jiruufi jireenya Oromoo keessatti faayidaa maalii akka qabu ibsuu.
- Sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa kana sadarkaa maalii irra akka jiru ibsuu.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa (Significance of the research)

Qorannoon kun faayidaalee armaan gadii qaba:

- Namoota qorannoo mataduree kana fakkaatu qorachuu barbaadaniif ka’umsa ta’a.
- Argannoowwan qorannoo kanaa qabiyyee barnootaa keessatti akka hammatamuuf haala nimijeessa.
- Adeemsota sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo dagataman ifa baasuuf.
- Sababa hubannoo dhabuutiin akkasumas, dhiibbaa gama adda addaatiin jiru irraa kan ka’e, dhaloonni Oromoo sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo dagateefi dhiise gara fuulduraatti itti deebi’ee akka kabaju nituma.
- Muummee barnoota Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii keessatti akka madda ragaa lammaffaatti tajaajiluu danda’a.

- Waraqaan qorannoo kun mana dubbisa kitaabalee hawaasaafi mana dubbisa kitaabilee manneen barnoota aanicha keessatti argamaniitti yoo galfamee, hawaasa bira qaqqabe sirna kabaja ayyaanichaa badiirraa dandamachiisuuf carraa banuu danda'a.
- Haala jiruufi jireenya hawaasa duudhaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeessuu hubachuuf nifayyada.

### 1.6. Daangaa Qorannichaa (Delimitatation of the research)

Qorannoon kun qorannoo beekumtaa(fookloorii)ti.Beekumtaa cufa qorannoo tokkoon qorachuun hedduu ulfaataadha.Kanaaf, daangessuun barbaachisaa ta'a.Akkasumas, qorannoo tokko firiin isaa bu'a qabeessa akka ta'uufi odeeffannoo ifa ta'e argachuuf, iddoo inni itti adeemsifamuufi mata duree isaa daangessuun barbaachisaadha.Haaluma kanaan qorannoon kun daangaa teessumaatiin yoo ilaallame naannoo Oromiyaa Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee irratti.Dangaa qabiyyeetiin immoo"Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa:Haala Qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee" irratti qofa kan daanga'eedha.Gama daangaa iddattootiin qorannoon kun Uummata Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee kan geddu galeeffateedha.

Aanaa kana irratti daanga'uun isaas yeroo gabaabaa keessatti yemmuu sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeeffamu qorataan duuka bu'ee(keessatti hirmaatee) odeeffannoo akka sassaabatuuf isa gargaaree jira.

Walumaagalatti, qorannoon kun kan adeemsifame Aanaa Hidhabuu Abootee irratti daanga'eeti.Akka aanaa kanatti daanga'u wanta taasise keessaa tokko humna qoratichaa yoo ta'u, inni biroo immoo qorataan kun aanaa kana keessatti dhalatee waan guddateef haala jiruufi jireenya hawaasa kanaa akkasumas, duudhaa hawaasa kanaa waan haalaan keessa gadi bu'ee beekuuf odeeffannoo karaa salphaa ta'een argachuuf isa dandeessiseera.

### 1.7. Hanqina Qorannoo

Qo'annoofi qorannnoon tokko yemmuu geggeeffamu, hanqinni ykn muudannoon hindhabamu. Haaluma kanaan qoratichis yemmuu qorannoo kana geggeessaa jiru, rakkooleen adda addaa isa muudachuu danda'eera.Rakkoolee kunninis: kanneen akka ragaa sakatta'a barruu walfakkii gahaa dhabuu,namoonni waa'ee Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi adeemsa kabaja Ayyaana kanaa beekan

odeeffannoo kennuu irratti ofqusachuu,waraabbiifi suura ka'uuf fedhii dhabuu, akkasumas,hanqina maallaqaati.Gama biraan adeemsa qorannoo kanaa keessatti ragaalee sassabuuf rakkooleen geejjibaan walqabataniifi namoota madda ragaa ta'an bakkaafi yeroo barbaachisetti argachuu dhabuufaa ture.

Haata'umalee, hanqinoonni armaan oliitti ibsaman hundi isaanii uumamaniyyuu,qoratichi hanqinoota kana hiikuuf, ragaalee madda ragaa tokkoffaatti  fayyadamee jira; namoota odeeffannoo kennuuf ija shakkiin ilaalan immoo odeeffannoon kun dhimma qorannoof qofa akka oolu amansiisuunifi hanqina maallaqaan walqabate immoo maallaquma qabu qusachuun itti fayyadamee akkasuma, rakkoo geejjibaa qorataa muudate immoo qoratichi miilaan deemuun ragaa qorannoo isaaf gargaaru sassaabatee qorannoo isaa dalagee jira.

## 1.8. Ibsa Aanaa Qorannichi Irraatti Geggeeffamee

Mata dureen kun waa'ee seenaa Aanaa Hidhabuu Abootee, haala hawaasummaa, dinaagdee, qabeenyaa uumamaa, amaantii, aadaafi seenaa moggafamuu aanichaa kan ofkeessatti hammateedha.Odeeffannoon waa'ee Aanaa Hidhabuu Abootee haala armaan gadii kanaan mata duree xixiqqaatti adda caccabee ilaallameera.


### 1.8.1. Hundeeffamaafi Moggaasa Maqaa Aanichaa

Aanaan Hidhabuu Abootee aanaa taatee kan hundeeffamte bara 1965 A.L.I.tti.Maqaan Hidhabuu Abootee jedhu kan tolfame  maqaalee lama Hidhabuufi Aboote jedhu irraa bifa tishootini.Innis Hidhabu maqaa haadha warraa Uruu Bachoofi Aboote immoo maqaa iddoo  jedhu irraa moggaafame.Aanaan Hidhabuu Abootee aanaa taatee osoo hinhundeeffamin dura Aanaa Kuyyuu jala turte.Moggaasa Aanaa Hidhabuu Abooteetiin walqabatee akka odeeffannoon ragaa Waajjira Aadaafi Turiizimii aanichaa irraa argame ibsutti, ijoolleen Uruu Bachoo sagal ta'uu isaaniifi Salgan Uruu jedhamanii kan waammaman yoo ta'u, Hidhabu ijoollee shan (Baantuu, Ariiroo,Abbaadhoo,Nya'aafi Waajju) akka deesse akkasumas, kan hafan immoo mana Diiramuu(Amuumaa, Dhaahe,Darroofi Kuyyuu) warra ta'an kan horate  Diiramu irraati.(Barruu gabaabaa Aadaafi Turiizimii Aanaa Hidhabuu Abootee, 2005)

### 1.8.2. Argama Aanichaa

Aanaan Hidhabuu Abootee magaalaa guddittii Oromiyaa Magaalaa Finfinnee irraa 147 Km kan fagaattuufi magaalaa godiinaa Magaalaa Fiichee irraa immoo 34 Km fagaattee, karaa Kaabaa Aanaa Darraa, karaa Kibbaa Aanaa Kuyyuufi Aanaa Dagam, karaa Lixaa Aanaa Warra Jaarsoofi karaa Bahaa

Aanaa Dagamiin daangeffamtee gara Kaabatti aanaa argamtuudha.Gama biraatiin argama Aanaa Hidhabuu Abootee sarara gadeefi dalgeen gaafa ilaallamtu, latitude 9.810N hanga 10.080Nfi longitude 380Efi latitude 38.670N irratti argamti.Olka'insi lafa Aanaa Hidhabuu Abootee 1160m-3000m sirrii irra galaanaa ol kan ta'uudha.Aanoolee Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee) 13 jiran keessaa ishee takka.Bal'inni lafa baadiyyaa heektaara 50381.884fi lafti magaalaa heektara 192.339 yoo ta'u, waliigala lafti Aanaa Hidhabuu Abootee heektara 50574.223 ta'a.Walumaa galatti, bal'inni lafa Aanaa Hidhabuu Abootee 486Km$^2$(48600 hek)dha.(Biroosherii Waajjira Qonnaafi Qabeenya Uummamaa Aanichaa, 2011)




**Suuraa-1:** Kaartaa Gandoota Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti argaman agarsiisu.Maddi: WIF LB Aanaa Hidhabuu Abootee

### 1.8.3. Haala Jireenya Uummata Aanaa Hidhabuu Abootee

Diinagdeen uummata aanichaa irra caalaatti lafa qotanii midhaan oomishuufi beeyladoota horsiisuu irratti kan bu'uraa'eedha.Akaakuun oomishaa aanaa kanatti oomishaman gandoolee baadiyyaa cufa keessatti qonnaan bultoonni gosoota midhaanii kan akka: xaafii, qamadii, garbuu, boqqoolloo, mishingaa, talbaa, nuugii, saliixii, suufii, atara, baaqelaa, shumburaa, gaayyoo, boloqqee, gandoota jallisii qaban keessatti immoo muduraaleefi kuduraaleen ni'oomishamu.

Aanaa Hidhabuu Abooteetti beeyladoonni adda addaa nihorsiifamu.Aanaa kana keessatti horii gaanfaa 86056, hoolaa 23899, re'ee 475696, kotte duudaa (harree 12528, farda 439fi gaangee 173), lukkuu sanyii fooyya'aa11080, lukkuu sanyii naannoo 32734 ni'argamu.Kana malees, aanaa kanatti horsiisni kanniisaa nigeggeeffama.Gaagura aadaa 15254, gaagura ammayyaa 1100fi gaagura ce'umsaa 450 ta'u kan jiru ta'uu isaati.

Maddi: Waajjira Misooma Beeyladaafi Qurxummii Aanaa Hidhabuu Abootee.

### 1.8.4. Qabeenya Uummamaa Aanaa Hidhabuu Abootee

Aanaa Hidhabuu Abooteetti haalli itti fayyadama lafaa ( land use managemenet) ilaalchisee lafti 32145 heektara(67.7 %) ta'u qonnaaf, laftii 1944 heektara(4 %) dheedumsaaf,laftti 13388 heektaara(27.5%) ykn 'area closured'fi bosona, lafa micireefi 0.8 % kan biroo ni'argamu.Haala biyyoo Aanaa Hidhabuu Abootee ilaalchisee biyyoo gurracha 51%, biyyoo diimaa 35 %fi biyyoo wal makaa 14% kan argamuudha.Haalli qilleensa Aanaa Hidhabuu Abootee baddaa 6%(130C-170C), baddaa daree 50%(170C-200C)fi gammoojjii 44%(200C-250C) yoo ta'u, gandoota baadiyyaa kudha sagalii(19)fi ganda bulchiinsa magaala tokko (1) kan hammattee jirtuudha.

Maddi Waajjira Qonnaafi Qabeenya Uummamaa Aanaa Hidhabuu Abooteeti.

Aanaan Hidhabuu Abootee iddoo hawwata turiizimiif oolan niqabdi.Isaan keessaa Holqi Jeneraal Taaddasaa Birruu kan Ganda Siree Moroseetti argamu, Horri Kormaa kan ganda Gidaaboo Jamaatti argamu,lafti jilaa Malkaa Haroo yeroo ammaa lafa Irreecha Malkaa ta'ee kan uummanni waggaa waggaan irratti argamee Ayyaana Irreecha irratti geggeeffatu kan Ganda Dirree Baantutti argamu, Hallayyaa Calanqoo kan Ganda Haroo Calanqootti argamu, lafa jilaa kan Malkaa Jamaa irratti waggaa waggaan uummanni walga'ee korma qalachuun sirna Ayyaana Irreessaa irratti geggeeffatu Aanaa Darraan gamanatti kan Ganda Gidaaboo Jamaatti argamu, Gaara Muxxee kan Ganda Haroo Calanqootti argamu, Gaara Xaayyaa Dhakaa Booraa kan Ganda Yaayyaa Dhaka Booraatti argamuufi kkf nijiru.


Aanaa Hidhabuu Abooteetti bineensota bosonaafi sanyii simbirroo gosoota adda addaatu argamu.Bineensonni bosonaa Aanaa Hidhabuu Abooteetti argaman kan akka jaldeessaa, qamalee, weennii, illeentii, waraabessaa, booyyee, kuruphee, karkarroo, xaddee, gadamsa, tarraaca, boorteefi kkf. Sanyiiwwan allaatti aanaa kanatti argaman: sololiyaa, gogorrii, makoodii, bulaallaa, arraagessa, huummoo, urrunguu, imaanee, caraanaa, quraa, simbiixxii, risaa, daakkiyyee, shumburaa, allaacha,

cululleefi kkf.Aanaa kana keessatti albuudonni akka dhakaa booralee, cirracha birciqqoo oomishuuf oolu, dhagaa ijaarsa manaaf ooluufi kkf ni'argamu.

Maddi WAT Aanaa Hidhabuu Abooteeti.

### 1.8.5. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee

Aanaa kana keessa saba Oromoo hedduufi saba Amaaraafi Saba Tigree lakkoofsaan xiqqoo ta'anitu jiraatu.Uumanni Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee keessa jiraatan gosoota hidda Oromoo Tuulmaati.Dhimma kana ilaalchisee Hayileefi kanneen biroo (1999:24)fi maanguddoo beekkamaa Taaddasaa Tolaa 07/06/2012 akka madda odeeffannootti tajaajilamuun hidda latiinsa Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee ta'uu hubatameera.Kanas akka armaan gadii kanatti caasaadhaan ka'uun danda'ameera.




**Taatoo-1:** Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee Mul'isu.

**Madda:** Alamaayyoo (2007:24).

### 1.8.6. Afaan, Amantiifi Baay'ina Uummata Aanaa Hidhabuu Abootee

Afaan Aanaa Hidhabuu Abooteetti dubbatamu irra caalaan Afaan Oromooti.Haata'umalee, namoonni naannoo Mana Amantaa Ortodoksiitti tajaajilan, daldaltoonni muraasni, hojjettoonni waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa keessatti hojjetan naannoo adda addaa irraa bifa qubannaafi hojii adda addaa hojjechuuf dhufan Afaan Amaaraa nidubbatu.Baay'inni uummata aanaa kanaa103442 yoo ta'u baay'inni dhiiraa 51030fi baay'inni dhalaa 52412 ta'a.Uummanni aanaa kanaa irra jireessi hordofaa Amantii 'Ortodoksii Tewaahidooti.Aanaa kana keessa amantiilee gurguddoo afurtu jiru.Isaanis:Amantii 'Ortodoksii Tewaahidoo', Amantii 'Pirootestaantii', Amantii 'Musliimaa'fi Amantii Waaqeffannaati.Hordoftoonni Amantii 'Ortodoksii Tewaahidoo' 87%, Hordoftoonni Amantii 'Pirootestaantii', 7%,Hordoftoonni Amantii 'Musliimaa' 1%, Hordoftoonni Amantii Waaqeffannaa 5% ta'u.

Hawaaasni aanaa kanaa akkuma hawaasa Oromoo naannoo biraa keessa jiraatuu aadaa hedduu niqaba.Haata'umalee, sababa amaantiin adda addaa babal'ateefi dhibbaa siyaasa mootummoota biyya kana bulchaa turaniifi bulchaa jiraniin aadaa hedduun dagatamaafi laafaa dhufe.Kun immoo dhaloota ammaa kanarra hojii guddaan akka jiru nu hubachiisa.Kanumaan wal qabatee, waa'ee ragaalee ibsa aanichaa qorachuun qoraticha immoo waa'ee qorannoo sirna kabaja ayyaanichaatiif hedduu isa gargaareera.Innis waa'ee hawaasa aanaa kanaa aadaa nyaataa, aadaa hojii, sirna Waaqeffannnaa, sirna kabaja ayyaanotaafi jila adda addaa beekuun, qoratichi yeroo ragaalee adda addaa walitti qabatu haala hawaasichaa dursee waan hubateef, waan isaan jaalatan wajjiin jaalachaa waan isaan jibban ammoo wajjiin jibbaa, akka odeef-kennitoonni ragaa dhugaa kennaniif baay'ee isa tumseera.

## 1.9. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan qaba.Boqonnaan jalqabaa mata dureewwan xixiqqaa saddeet ofjalatti qabatee jira.Isaanis:seendubee, ka'usma qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, ibsa aanaa qorannichi irraatti gaggeeffameefi qindoomina qorannichaati.Seenduba mata duree qorannichaa, qabxiiwwan ijoo qorannichaafi yaada waliigala qorannichaa kan keessatti ibsameedha.Ka'umsa qorannoo keessatti immoo qoraticha qorannoo kana gaggeessuuf maaltu akka isa kakaase ibsameera. Kaayyoo qorannichaa keessattis qorannichi kan gaggeeffamu maal argachuuf yaaddamee akka ta'e addeeffameera.

Barbaachisummaa qorannichaa jalatti immoo bu'aan ykn argannoon qorannichaa maaliif akka fayyadu addeeffameera.Hanqinni qorannichaas kan ibsu qorannichi guutumaan guutuutti mata duree qorannichaa

guduunfuufi adeemsa qorannichaa raawwachuu keessatti hanqinni maalii akka muudate kan ofjalatti haammateedha.Qindoominni qorannichaa immoo kutaan qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti akkamitti akka qindaa'ee jiruufi maal maal ofjalatti haammatee akka jiru kan ibsuudha.Ibsi jechootaa hiika jechootaafi gabaajeewwan hubannoo nama qorannoo kana dubbisuu gufachiisuu malu jedhamanii yaaddaman bakka itti kennamaniidha.

Boqonnaa lammaaffaa jalattis qoratichi wantoonni boqonnaan kun ofkeessatti haammachuu qabu kutaalee sadiitti qoodee ilaaluu danda'eera.Innis kutaa jalqabaatti yaadrimee dhimmota qorannicha waliin walqabatan (conceptual fram work) yoo ta'u, kutaa kana jalatti qoratichi maalummaa yaadrimee fookiloorii, faayidaa fookloorii, goroowwan fookiloorii, fooklooriifi amantii, amantii, Waaqeeffannaa Oromoo, gahee afoolaa sirna Waaqeeffannaa keessatti kaasee ilaaleera.Akkasumas, maalummaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo.Itti aansun yaaxxina qorannichi bu'uureffate qorannoo(basic Theory) yoo ta'u, haaluma kanaan qoratichis yaaxxinaalee qorannoon kun bu'uureffate shani.Isaanis: yaaxxina faayidaa (funcational theory), yaaxxina deebisanii ijaaruu (reconstrustructio/revitalization theory), yaaxxina aadaa hawaasaa (folk cultural theory), yaaxxina aadaa bu`uureeffate (Cross-Culture theory)fi yaaxxina jijjiiramummaafi luufummaa (change and continuity theory) hariiroo mata duree kana waliin qaban ilaallameera.Qabxii sadaffaan boqonnaa kana jalaa ammoo qorannoolee mata-duree kanaan walitti dhiyeenya qaban ykn barruu walfakkii (relative research) dha.Kanaaf, qoratichis qorannoo kana keessaatti mata duree qorannoo kanaan walitti hidhata qaban qorannoo namoota lamaa ilaalee, garaagarummaa qorannoon kun warreen kana irraa qabu ibseera.

Boqonnaa sadaffaan immoo saxaxa qorannichaafi tooftaalee (malleen) qorannichaa kan ofjalatti haammatee jiru.Saxaxa qorannichaa keessatti adeemsawwan jalqabaa hanga dhumaatti qorannoon kun keessa darbetu ibsame.Mala qorannichaa jalatti immoo irrawwatamaa qorannichaa, madda ragaalee, iddattoofi mala iddatteessuu, mala ragaan ittiin funannameefi mala ragaan ittiin qaacceffametu ibsame.Boqonnaa arfaffaan qaaccessa ragaaleetu keessatti adeemsifame.Gaaffiilee bu'uuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an bakka itti deebii argatniidha.Akkasumas, bakka itti kaayyoolee qorannichaa galma gahuuf dhiisuu mirkaneeffamuudha.Haaluma kanaan kutaa kana jalatti maalummaa adeemsa sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo,sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti wantoonni dhiibbaa geechisan,sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti jeekkarsi ergaa maalii akka qabu,sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuun jiruufi jireenya Oromoo keessatti faayidaa maalii akka qabuufi sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa

Oromoo yeroo ammaa kana sadarkaa maalii irra akka jiru odeeffannoo maddeen adda addaarraa argame walqabsiisuun qaaccessamaniiru.

Boqonnaan inni dhumaa cuunfaa, argannoofi yaboodha.Cuunfaan addemsi qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti maal keessa akka darbeefi akkamitti akka raawwate kan keessatti ibsameedha.Argannoo jalatti kaayyoofi gaaffiilee bu’uuraa qorannoo qoratichi qabatee qorannicha gaggeesseen argannoon qorannichaa adda bahee ibsameera.Yaboo jalatti immoo argannoo qorannichaa xiinxaluun fuulduratti dhimmoota argannoon wal qabataniin maal ta’uu akka qabu ibsuun hojiin qorannichaa xumurameera.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU (Literature Review)

Qorannoo adeemsisuu keessatti barreeffamoota adda addaa kan qorannoo qorataa tokkoo waliin walitti siqu sakatta'uun barbaachisaadha. (Dastaa, 2013)

Kanaaf, boqonnaa kana jalatti barruuleen sakatta'aman maalummaa fookiloorii, goorowwan fookloorii, maalummaa Amantii Waaqeeffannaa, maalummaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi maalummaa jeekkarsaa, faana kan walqabatan barruuleefi toorri 'intarneetii' adda addaa sakatta'amee jira.

### 2.1. Yaadrimee Fookloorii

Fooklooriin muuxannoo jireenya dhala namaa faana walqabata.Jireenya guyyuu guyyuu dhala namaa keessatti argama.Fookloorii ilaalchisee Dorsan (1972:2) yoo ibsu, "Folklore is the social, material, and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivels, dance, and religious rites.The material culture comprise architecture,and art and crafti.The oral culture includes songs, tales legends, proverb and riddles" ibsa.

Yaanni isaa kun fookilooriin damee hedduu kan qabuufi isaanis damee adda addaa kan ofjalatti hammachuu danda'an ta'uu isaanii nuhubachiisa. Isaanis aadaa hawaasaa, amantii hawaasaa,faaruu, oduu durii, makmaaksa,hiibboo jechuun meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasaa afaaniin daddarbuun ittiin kan qooddamuudha jedha.Hayyoonni gosawwan fookiloorii yemmuu ilaalan fookilooriin hojii kalaqaa kan himamsa afaaniitiifi gochaan akkasumas wantoota ijaan mul'atan kan hojiirra oolan hara's ta'ee borus jiraachuu danda'an hammachuu isaa hubanna.Isa kana keessaa xiyyeeffannan Ayyaana Yaadannoo duudhaa hawaasaa jala jiruudha.

Fokilooriin ta'iinsota guyyaa guyyaatti dhalli namaa jiruufi jireenya isaa injifachuuf taasisuu kamiyyuu keessaa hindhabneefi kan dagaagaa deemuudha. Kunis aadaa, duudhaa, safuu, falaasama, aartiifi barsiifata hawaasichaatiin kan walittii hidhatuudha.Jechi fookloorii jedhu yeroo hundumaa kan dubbatamaa oolu yoo tahellee, ibsa (definition) ifaafi quubsaa ta'e lafa kaahuun rakkisaadha.

Fooklooriin hariiroo cimaa dhala namaa faana qaba.Fooklooriin akka toora intarneetii ***egyankash.ac.in*** jedhamu irratti akka ibsametti, "Folklore has always been associated with simple, ignorant people as compared to the high classical arts, which are seen as being elite. It is strongly seen with the rural peasant folk. It is said to be different from the literate elite. It was seen that folk was more or less uncivilized.

Folk has always been seen to survive along with the elite group but yet very different form it" jechuun ibsamee jira.

Akka yaada waraabbame kanaatti, fooklooriin garee namoota hidhata qaban tokkoo kan agarsiisuudha; keessaayyuu ciminaan namoota gareen isaanii tokko ta'eefi irra jireessatti garee qonnaan bulan warra baadiyyaa faana ciminaan kan ilaallamu ta'uu isaati.

Hayyoonni danuun maalummaa fookloorii haala hubannoofi ilaalcha isaanii bu'uura taasifachuun hiika garaa garaa itti kennuuf yaalaniiru.Qabanni isaa immoo fooklooriin adeemsa dheeraa keessa darbee waan as ga'eef, umurii dheeraa qabu keessatti hayyoonni fookloorii maalummaa fooklooriif kallattii adda addaan hiika laachaa waan turaniifi.Yaada kana Haabtaamuun (2010) Simsfi Stephens wabeeffachuun Waraqaa qorannoo isaa irratti yoo ibsu,

> *Fooklooriin beekumsa al-idilee baratame, haala hinbeekkamneen karaa addunyaa mataa keenyaa, uummata keenyaa, amantaa keenyaa, aadaafi duudhaa keenyaa isa ogummaan afaaniin muuziqaa, duudhaa hawaasaa, gochaaniifi meeshaaleen darbuudha.Akkasumas, walitti dhufeenya, kalaqa adeemsa jijjiiramaa hordofuu, walquunnamtiifi artii sochii qaamaa uummattoota biroo wajjiin* qoodaniidha jedha.

Akka yaada waraabbame kanaatti wanta uummanni tokko waliin abbummaa itti qabu fookloorii ta'uu isaati.Fooklooriin beekkumsa hawaasa keessaa argamuudha.

Ben Das Amos waabeffachuun Hayiluun (2009) waraqaa qorannoo isaa irratti yoo ibsu, "Foklore is asphare of interaction a mirror of culture, aperispectives screen of personality," jechuun ibsa.Yaada kana irraa kan hubannu fooklooriin walqunnamsiistuu hawaasaa, ibsituu aadaatiifi ibsituu eenyummaa ta'uu isaati.Kanaarraa ka'uudhaan fooklooriin eenyummaafi maalummaa aadaa hawaasaa waliin hidhata yabbina qabu qabaachuu isaa nihubanna.

Dundes(1965:121) maalummaa fookloorii yoo ibsu,"Folklore includes myths, legend, folktales, jokes, proverbs, riddles chalcharms, blessing, curses, insults, reforts taunts, teases, toats, tougue twiste and greating and leaves talking formuls.It alsoincludes folkcostums, folkdance, folkdrama, folkart, folk belief or superstation folk instrumental music eg. riddle tunesfolksong..." jedha.

Akka hayyuun kun kaa'etti fooklooriin adeemsa jiruufi jireenya ilma namaa keessatti wantoota raawwatamaa tureefi ammas raawwatamaa jiru kanneen akka duudhaa hawaasaa, aartii hawaasaa, hurrubummaa, qoricha aadaa, uffannaa aadaa, akkaataa walgargaarsaa, himtee, hibboo, mammaaksa, baacoo, diraamaafi kkf kan hawaasni jireenya guyyaa guyyaa keessatti itti gargaaramaa turaniifi ammas itti gargaaramaa jiran wajjiin walqabata.

## 2.2. Faayidaa Fookloorii

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa kan geggeeffatu fookiilooriitti dhimma bahuudhani. Fooklooriin beekkumsa hawaasaa isa ganamaa (an original), falasama, seenaa, xinsammuu, ilaalchaafi muuxannoo baroota dheeraa keessa hawaasni tokko horate, horataa tureefi horachaa jiru hubachuuf qofa otoo hintahiin, gahee kalaqni (creativity) kunneen dinagdeefi jireenya hawaasichaa isa har'aa keessatti qaban hubachuufi carra hawaasichaa isa fuulduraa akeekuu/toora/ qabsiisuu keessatti bakka olaanaa qaba.Yaada kana ilaalchiisee hayyoonni Georges and Mikael Own. (1965:314) faayidaa fookiiloorii yoo ibsan, "Through oral literature/ folklore/ people can educate acculturate each other; perptuate, challenge or modify a group's social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge or competence; and entertain or be entertained."

Uummanni tokko jiruufi jireenya guyyaa guyyaa addunyaa dhugaa keessatti taasisuun kallattiinis ta'ee, alkallattiin fooklooriitti dhimma bahuun isaa hinhafu.Fakkeenyaaf, akkaataan hawaasni tokko itti waaqeffatu, aadaa, duudhaa, seenaafi safuu isaa eeggatu, sirnootaafi jilawwan adda addaa itti geggeessu, akkaataan aadaa jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma itti bahutti tajaajilamu, akkaataan ijoollee isaa itti guddifatuufi muuxannoo hawaasaa barsiifatu ogummaa fooklooriitiin addeessama.

Faayidaa Fookloorii hayyoonni adda addaa ibsaa turaniiru.Isaan keessaa Dorson (1972:17) fookloorii yoo ibsu, "Folklore has an echo of the past, but at the same time it is also the various voice of the present. Foklore has been, and continues to be, a reflection and weapon of the class conflict," jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, fooklooriin mul'istuu (owwaattuu) wanta darbeeti.Kanaafuu, fooklooriin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru; fuuldurattis kan itti fufuufi akka meeshaa lolaafi daawwiitii uummmataatti hawaasa kan tajaajiluudha.Georgesfi Jones(1995:314) kallattii bu'aa fooklooriin hawaasa tokkoof qabu yoo ibsan,"Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values;

inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained,"jedhu.

Akka waraabbii armaan olii kanatti fooklooriin hawaasa tokko keessatti kallattii hedduun akka waan ta'e gumaachu mirkaneessa.Fookloorii gargaaramee hawaasni walbarsiisa, dudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa,waa'ee eenyummaa, seenaa isaa addunyaa beeksifata, ittiin bashannanaa, walbashannansiisa.

Hawaasni bifa 'ammayyoomeen' har'a seeerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchu dhakaa bu'uuraa kan tahe, beekkumsa fookloorii irra dhaabbateeti.Har'as duukaa jira; boorus biraa hinhafu.Bifuma walfakkaatuun Georgesfi Jones (1995: 170), irratti itti dabaluudhaan faayidaa fookloorii yoo ibsan, "…it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit," jedhu.Kunis, afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani otoo homaa hindhoksin akka ifa baasu agarsiisa kana jechuun afoolli daawitii hawaasni tokko ittiin ilaalamu akka tahe agarsiisa.

Fookloorii sassaabuu, kuusuufi hiikuu irratti hayyoonni xiyyeeffatan akkuma jiran kanneen fookloorii faayidaarra oolchuu, jedhanis jiru.Akka Baskom(1954) ibsetti fooklooriin hawaasni yoomiif eessatti akka dubbachuu qaban, eenyutu akka itti himu, haala kamiin akka seenessamuu qabu, hirmaattotni maal akka gochuu qabaniifi gareewwan ijaaraman haala kamiin akka ta'uu qabuufi ilaalcha namoonni gareewwan kanarratti qaban agarsiisuun shora inni qabu lafa kaa'a.Itti dabalees, fooklooriin tooftaa barsiisuu akka cimsu, rakkina hawaasummaa akka hiiku, aadaafi hambaalee eeguuf, haala jireenyaa fooyyeessuuf, eenyummaa ofii baruufi ogeessota harkaa illee akka kakaasuufi jajjabeessu beektonni kitaaba,"putting folklore to use" jedhu irratti akka kaa'aan ibsameera.

### 2.3. Gooroowwan Fookloorii

Yaadrimeen fookloorii bal'aadha.Waan hawasni jiruufi jireenya isaa toora qabsiisuuf, beekumsa ganamaa (indigeneous knowledge) gargaaramee, kalaqee gamtaan itti gargaaramu mara ilaallata.Akkuma jireenya dhala namaa hedduu walxaxaa waantaheef, kana ykn sana jedhanii waan bira taranii miti.Afaaniin ibsamuu dandaha; fakkeenyaaf, eebba, makmaakssa…Isaan kunneen ogafaan (oral literature) jedhamanii beekkamu.

Fooklooriin bakka adda addaatti qoodama.Qooddiin kunis Gooroowwan Fookloorii (Geners of Folklore) jedhamee beekkama.Gooroowwan fookloorii hayyoonni fookloorii haala hubannaa isaanii irratti hundaa'uun fookloorii garee adda addaatti qooduuf yaalaniiru.Qorattoonni fookloorii amala dhuunfaafi ibsa isaa irratti hundaa'uun fookloorii bakka hedduutti qoodu.Goorowwan fookloorii Dorson

R. (1972:2) qoodee yoo ibsu, "…folklore can be divided in to four categories. These are termed as the oral literature, material culture, and social folk custom and performing folk arts." Akka yaada hayyuu kanaatti foolooriin iddoo gurguddoo afuritti qoodama.Isaanis: meeshaa aadaa, afoola, duudhaa hawaasaafi aartii sochii qaamaa hawaasati.Qorannoon kun ammoo kan inni irratti bal'inaan fuulleeffate duudhaa hawaasaa irratti.

### 2.3.1. Duudhaa Hawaasaa (Social folk custom)

Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin (meeshaalee aadaatiin) baay'ee walitti dhiyaata.Duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaa irra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) garee irratti (Dorson, 1972:3).Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa, Waaqeeffannaafi guddina sadarkaa (kabaja) namaati.

Duudhaan hawaasaa garee hawaasaa aadaa tokko qabu biratti waan irra deddeebi'ee raawwatu kan hawaasni amaleeffate wajjiin walqabata.Duudhaan irra deddeebi'ee raawwatu kun hawaasa sanaaf faayidaa kan kennu yoo ta'eedha.Duudhaan hawaasaa kun sirna qabeessaafi haala ittiin geggeeffamu niqaba.Kana jechuun hooda, safuufi akkaataa hurrubummaa duudhaa sana keessatti raawwatu murteessaa ta'uu isaati.Duudhaan hawaasaa waan gareen walqabatuudha.Yada kana toorri intarneetii *egyankash.ac.in* yoo ibsu, "Social folk custom is based on group interactions rather than individual skills and performances" jechuun ibsamee jira.

Akka yaada waraabbame kanaatti duudhaan hawaasaa kan inni irratti bu'uraa'u hariiroo garee irratti malee, dandeettiifi qophaa'ummaa nama dhuunfaa irratti kan hintaane ta'uu isaati.

### 2.3.2. Aartii Sochii Qaamaa Hawaasaa (Performing folk art)

Aartiin sochii qaamaa hawaasaa, gosa aartii hawaasaa keessaa tokko ta'ee, ogummaan isaa sochii qaamaan kan mul'atuudha.Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka, miila, mataa, fuula, mudhii, mormaafi kkf keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha. Aartiin sochii qaamaa sirba, sochii qaamaafi diraamaa ogummaa qo'atamuufi wantoota qo'ataman kan of keessaa qabuudha. (Misganuu, 2011)

Iristeen (2012) aartii sochii qaamaa waraqaa qorannoo ishee keessatti akka ibsitetti,"Aartiin duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokkoo yoo ta'u, gosa mul'ina fookloorii bifa faaruuwwan duudhaa, ragada, diraamaa, tapha fardaafi kkf kanneen sochii qaamaan qindaa'anii dhiyaataniidha" jechuun ibsitee jirti. Akka yaada waraabbame kanaatti, kan hawaasni sochii qaamaan qindeessee itti haajamu aartii sochii qaamaa hawaasaa (performing folk art) jalatti kan hammatamu ta'uu isaati.

### 2.3.3. Meeshaalee Aadaa (Materials culture)

Meeshaan aadaa kan gurraan dhaga'amu yookiin kan afaaniin dubbatamurra kan ijaan ilaalamuudha.Meeshaan aadaa kunis aadaa, amantiifi falasama hawaasa tokkoo kan calaqqisuudha; namoota ilaalchaafi barsiifata tokko qabaniin dhaloota tokko irraa kan itti aanutti bifa ilaallamuufi harkaan qabamuu danda'uun qabeenya aadaa darbuu danda'uudha.Ijaarsi manaa, ijaarsi dallaa, ijaarsi kuusaa midhaanii, hojiin harkaa, mimmiidhagsa meeshaafi manaa, tuulaa nyaata horiifi kkf gooroo kana jalatti ramadamu.Meeshaalee aadaa kan jedhaman kan hawaasni aadaa tokkoofi afaan tokko waliin qaban kan itti gargaaramaniidha.Meeshaaleen kunniin sirnoota adda addaa bareechuu keessatti qooda guddaa kan qabaniidha.Meeshaaleen aadaa kunniinis hawaasa aadaafi afaan tokko qaban biratti akkaataa itti fayyadama isaanii irratti hundaa'uun safuufi duudhaa kan ibsaniidha. Kanaaf, meeshaaleen aadaa kun sirna duudhaa keessatti waan bakka bu'uufi safeeffannaa qaba. Maalummaa meeshaalee aadaa (meeshaadaa) Fileen (2016) yoo ibsu,

> *Meeshaaleen aadaa fedhii qabatamaa namoonni hawaasa tokko keessa jiraatan gareedhaan yookaan dhuunfaadhaan wantoota aadaafi hawaasummaa, ilaalcha addunyaaf qaban miidhagina ittiin ibsaniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin ibsatan, akkaataa hawaasni suni dhimma itti bahuufi ilaaluuf gahee olaanaa kanneen qabaniidha.Meeshaaleen kunniin maal irraa akka hojjetaman, tajaajila maaliif akka oolan, ergaa maalii akka dabarsan, amalli keessoo isaanii(summaa'uu, gubuu, qabbaneessuu, lubbuu dhabuu, waraanuu…) halluufi bocni isaanii maal waliin akka walqabsiisu, maaliifis akka walqabsiisu kanneen keessatti ibsamaniidha.*

Akka yaada hayyuu kanaatti, meeshaaleen aadaa fedhii qabatamaa namoonni dhuunfaan keessoo isaanittiifi fuulaa fuulatti hawaasummaa keessatti itti dhimma bahan, dandeetti waa kalaqu isaanii illee kan qaama biraaf ittiin addeessan ta'uu isaa hubanna.

Meeshaaleen aadaa beekkumsa hawaasa naannoo irratti hunda'uun kanneen tolfamaniidha.Yaadaa kana toora intarneetii <u>*https://en.m.wikipedia.org.*</u>irraatti yoo ibsamu, "Material culture is the aspect of social

reality grounded in the objects and architecture that surround people.It includes the usage, consumption, creation, and trade of objects as well as the behaviors, norms, and rituals that the objects create or take part in” jechuun ibsa.

Akka yaada waraabbame kanaatti, meeshaan aadaa kan inni bu’ureeffatu dhugummaa hawaasaa meeshaa sana keessaattiifi ijaarrii hawaasa naannoo sana jiruuti. Kan inni of keessatti dhuunfatus itti fayyadama, kan nyaataaf oolu, tolfamaafi daldala meeshaalee akkasumas, amaloota, heera, barmaatii meeshaan sun keessatti dhimma itti bahamu kan ilaallatu ta’uu hubanna.

### 2.3.4. Afoola (Oral literature)

Afoolli umurii dheeraa kan qabuufi hawaasa kamiyyuu biratti bakka olaanaa kan qabuudha.Hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti kan ittiin walbarsiisu, safuu isaa karaa qabsiisu, maddda eenyummaafi dhuftee isaa ittiin beeksifatu afoola mataa isaa niqaba.

Afoolli kalaqa sammuu ilma namaa keessatti qindaa’uun kan afaanin himamuudha.Kana keessatti, haalli kuufamaafi lufiinsa isaas himiinsa afaanitiini malee barreeffamaanii miti.Wanti afaanin lufaa dhufe kun baattuu seenaa, eenyummaa, falaasamaa, ilaalchaa, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasaa, beekkumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii as gahaniidha. (Misgaanuu, 2011:15). Yaaduma kana deeggaruun Getaachoon (2008:114) faayidaa afoolaa yoo ibsu,“Afoolli gosa ogbarruu ta’ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himiinsa afaanitiin dhalootaaf akka dabarsu eera.Kanaafuu, afoolli aartii jechaa yookaan ogbarruu dubbii jedhamuu nidanda’a” jedha.

Maalummaa afoolaa ilaalchisee hayyoonni adda addaa waan baay’ee kaasanii jiru.Hayyoota afoola irratti qorannoo taasisan keessaa Okwephon (1992:3) yoo ibsu, “It is simply means, literature delivered by a word of mouth” jechuun ibsa.Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu, afoolli ogbarruu (oguma) afaaniin darbu ta’uu isaati.Hayyuun kun qoqqoodinsa afoolaa karaa sadiin yoo ibsu, raagoowwan (Oral narrative), afwalaloo (Oral poetry)fi unka gaggabaaboo(witticisms) jedhee lafa kaa’a.Itti dabaluun maalummaa afoolaa Fedhasaa (2019:30) yoo ibsu, “Afoolli gosa beekumtaa keessaa tokko ta’ee, kanneen afaaniin himaman hammata” jedha. Yaada waraabbame kana irraa kan hubannu afoolli ruqiilee beekumtaa ta’uu isaafi dhaloota irraa dhalootatti afaaniin darbuu isaati.

Afoolli haala jireenya uummata tokkootiif onneedha; lubbuu aadaa isaati.Akka bakka kuufama sona uummataatti, ilaalcha addunyaa hawaasni tokko qabu ibsuufi jireenya guyyaa guyyaan jiraataniif,

bu'uura irra dhaabbatanii fuul-duratti adeeman kennaafi.Ilaalcha akkanaa kanarraa afoolli kallattii aadaafi dagaaginaa uummataatiif ka'umsa jedhamee ilaalama.Yaadni kun akka itti aanutti kaayyameera.

> *Oral literature is the heart of people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of people's value, it expresses a given socities world view and gives them spring-board from which their day to day existence is propelled from this kind of prespective, oral literature is seen as the foundation on which the cultural direction and development of a peoples stands (A. Bukenya, W.M. kabira, O. Okmbo, 1994:85).*

Akka yaada waraabbame kanaatti, afoolli onnee adeemsa jireenya hawaasati.Afoolli lubbuu aadaa uummataati.Akkasumas, duudhaafi mul'annoo addunyaa kan hawaasa tokkoo ibsuudha.Afoolli kallattii argama aadaafi qaroomni uummata tokkoo irraa maddu ta'uu ibsa.

Hawaasni kamiyyuu dubbataa afoolati.Waliigalteen 90% ol ta'u kan gaggeeffamu karaa afoolaatiini.Hawaasa muraasa keessatti qofa, walqunnamtiin yaadaa, ergaa, sonaafi kutannoon jiru gara barreeffamaatiin darba.Barreeffamni osoo hincalqabiin dura wanti hunduu afoolaan ce'aa ture.Ummanni Afrikaa har'aa bal'inaan hawaasa afoolaati; sababni isaas aadaafi og-barruun isaanii heddumminaan afoolaan waan jiraniifi. Yaadni kun haala armaan gadiitiin ibsamee jira.

> *Every human society is oral and over 90% of communication passes through orality only in some society's (today, over whelming majority) are part of the communications, messages, values, coded or committed to writing ... Indeed, before anything was committed to paper all was oral. African today is classified as basically an oral society because the bulk of its traditions and literature are still oral. If we exclude the ancient Nile and the Islamic civilizations, the whole Africa has been a continent of oral art for a long time (Austin & et-al 1994:97).*

Afoolli (ogafaan) dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookaan osoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffatuudha.Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalatti, ogumaa (wisdom)fi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogumni kun hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muuxannoo kuufataa ture of keessatti hammateera.

Afoolli sirnoota adda addaa bareechuu keessatti iddoo olaanaa kan qabuufi gaddaaf gammachuu hawaasa afaan tokkoofi aadaa tokko qabu waliin ibsatu biratti kan fudhatamummaa guddaa

qabuudha.Afoolli miidhaksituu olii bultii hawaasa tokkooti.Fakkeenyaaf, eebba, jeekkarsa, abaarsa, boo’icha, faaruu loonii, huruursa daa’immanii, tapha ijoollee, damboobsii kormaafi kkf kaasuun nidanda’ama.

### 2.3.4.1. Eebba

Aadaafi dhugeeffannoo yookaan Amantii Uummattoota Kuush keessatti eebbi bakka guddaa qaba.Eebbi waan guddaadha.Yaada kana ilaalchisee Tarruu (2015:86) yoo ibsu, “Milkiin akka toluufi waan yaadan keessa Waaqni akka namaaf ooluuf ykn waan barbaadan Waaqa irraa argachuuf waan hunda dura eebbi barbaachisaadha.Kanaaf, Oromoon yoo walgahe, waan hunda dura ni’eebbifata.Sagantaa Amantii Waaqeeffannaa keessatti eebbi sagantaa jalqabaati.Sagantaafi sirnoota Amantii Waaqeeffannaa kamuu keessaa eebbi hindhabamu” jechuun lafa ka’ee jira.

Oromoon eebbaaf iddoo guddaa qaba; akka milkiittiis Ni’ilaallama.Eebba ilaalchisee Misgaanuu (2011:55-56) yoo ibsu, “Hawaasni Oromoo duudhaafi aadaa of gidduutti qabu kabachiisuuf …kan gaarii raawwate ittiin jajjabeessuuf eebbaatti dhimma baha” jechuun ibsee jira.Eebbi Barruu Hundeeffama Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa Waggaa 4^ffaa^ (2017:1) jedhu irraa kan fudhatame haala armaan gadiin dhihaatee jira.

Waaqni nagana nu bulche, nagana nu yaa oolchu.
Kan nagana nu oolche, nagana nu yaa bulchu.
Dogongora nu yaa oolchu; irraa gora nu yaa oolchu.
Waaqni soree nuuf yaa roobu; rooba lafaan nuuf yaa ga’u.
Nagaa biyyaan nuuf yaa ga’u; xiqqaan keenya nuuf yaa guddatu.
Guddaan keenya nuuf yaa bulu; xiqqaan keenya yaa guddatu.
Wallaalaan nuuf yaa beeku; beekaan nuuf yaa bulu.
Biyya keenya irratti nu yaa itichu; itittuu nu yaa obaasu.
Bobbaa karaatti nu yaa qabu; gala warratti nu yaa qabu.
Kan du’e nutti hingalin; kan jiru nurraa hingaragarin.
Kan akka ati hortee anatu nyaata jedhu nurraa yaa qabu.
Kan akka ati hortee anatu ergataa jedhu nurraa yaa qabu.
Laalaa ija hamaa nurraa yaa qabu.
Qalbisaa qalbiin isaa hamtuu nurraa yaa qabu;
Yaadaa yaada hamaa nurraa yaa qabu.

Gaadaa mogolee hamaa nurraa yaa qabu;
Dubbataa arraba hamaa nurraa yaa qabu.
Qabee nutti gad-hindhiisin!
Dhaloota dhugaa beeku nu yaa godhu;
Dhugaa irra oolchee nu yaa bulchu;
Alaa ol nu yaa yaasu; manaa wal nu yaa taasisu!
Eebbisaan nama_ taasisaan Waaqa!
Taasisi waaq!

Akka yaada waraabbame kana irraa hubachuun danda'amutti, qabiyyeen eebba Uummata Oromoo wanti gaariin dhaloota akka hindabarre, wanti dhalootaafi sagantaa isaa miidhu akka isa hinmuudanneef kadhannaa Waaqaafi ayyaantummaa warra isaaniif kan dhiheessan ta'uu isaati.

### 2.3.4.2. Jeekarsa

Jeekkarsi jecha Afaan Oromoo Waaqeeffattoonni Galmatti bifa walaloofi yeedaloo mararaa ta'een, Waaqa isaan uume ittiin jabina, tolinnaafi arjummaa isaa himan yoo ta'u, sagantaa eebbatti aansee Galmaatti dhihaatuudha.Jeekkarsi yeroo jeekkaramurratti hundaa'uun naga Waaqaa gaafachuudhan jalqabama.Jeekkarsi erga jeekkaraadhaan sagaleen isaa baafamee booda jalaa qabdoonni jalaa qabu.Jeekkarsa ilaalchisee Filee(2016:80) yoo ibsuu, "Oromoon Waaqeffannaa isaa kan ibsatu bakka Irreechaatti walgahuudhaan qofaa otoo hintaane yeroo adda addaafi bakkeewwan biroo adda addaattis ogafaaniifi mallattoolee adda addaatiin jechoota mimmiidhagoofi ulfoo tahaniin yommuu tahu, kunis jeekkarsa jedhamuun beekkama" jechuun ibsee jira.

Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu jeekkarsi damee afoolaa yoo ta'u, ogwalaloo jalatti hammatamuu isaati.Jeekkarsa kan jeekkaru Waaqeffattoota yoo ta'an, isaanis Waaqeeffannaa ibsuuf kan oolu ta'uufi barnoota kan ofkeessaa qabu ta'uu isaati.

Oromoon jeekkarsa Waaqa ittiin galateeffatu, kan durii jalqabee dhalootaa dhalootaatti darbaa dhufe baay'ee qaba. Yaada kana Tarruu (2015:81) yoo ibsu, "Jeekkarsi abdii ilma namaa, galata Waaqaaf qaban, jabeenyaafi olaantummaa Waaqaa, tolmaata Waaqaa, jaalala Waaqni uumama isaaf qabuufi kan kana fakkaatan ibsa.Jeekkarsi cal jedhamee hinjeekkaramu.Akkaataafi yeroo jeekkaramu qaba.Abbaan fedhes callisee yeroofi bakka argetti hinjeekkaru.Kan galgala jeekkaramu ganama hinjeekkaramu"jechuun ibsa.Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu, jeekkarsi akkaafi iddoo itti

jeekkaramu qabaachuu, gama biraatiin immoo barnoota ta'uu isaati.Kana jechuun jeekkarsi yoomessa mataa isaa qaba jechuudha.

### 2.4. Fooklooriifi Amantii

Fooklooriifi amantiin hariiroo guddaa qabu.Fooklooriin jechoota lama 'Folk'fi 'Lore' jedhaman irraa kan tolfame yoo ta'u, 'Folk' jechi jedhu hawaasa yoo ta'u, 'Lore' inni jedhu immoo qabeenya hawaasni tokko waliin qabuudha.Wanta hawaasni(sabni) tokko waliin qabaatu keessaa amantiin immoo isa tokkoodha. Kana jechuun Amantiin kan waliinii ta'uu ishee nuuf mirkaneessa.Garuu, yeroo namoonni tokko tokko dubbatan biyyi kan waliinii amantiin kan dhuunfati kan jedhu dhageenya; inni kun immoo hidhata(hariiroo)fooklooriifi amantiin qaban kan gubbaatti ka'een waan walfaallessuuf jechi 'Biyyi kan waliiniti;amantiin kan abbaati' jedhu sirrii ta'ee natti hinmul'atu; maaliif yoo jedhame amantiin namni tokko dhuunfaa isaatti qabatee jiraatu hinjiru; amantiin tokko gaafa dhalatu hordoftoota amantii sanaa niqabaata.Amantiin gooroo fookloorii keessaa duudhaa hawaasaa jalatti hammatama.Amantiin waan hawaasni tokko Waaqa isa uume, safuufi ayyaantummaaf ilaalcha irratti waliigalu, hubannoo waliigalaa inni dhugaaf qabu ibsuudha.Jiruufi jireenya saba tokkoo keessattis sadarkaan qaroominni irra gahu, caacculee qaroominaaf hawaasichi dhimma itti bahu kanneen akka afaanii, aadaafi duudhaa, sirna ittiin bulmaataa, dinagdeefi kkf walumaagalatti eenyummaan isaa amantii sabichi qabaatuun addeeffamuu danda'a.Fookloorii ilaalchisee, Tacaanee(2019) yoo ibsu,"Fooklooriin mul'istuu wanta darbeeti.Kanaafuu, fooklooriin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru; fuuldurattis kan lufinsa isaa itti fufuufi akka meeshaa lolaafi daawwiitii uummmataatti kan hawaasa tajaajiluudha.Kunis, duudhaan, jechaan, gochaan, meeshaan,muuziqaaniifi wkf darbuu danda'a.Duudhaa keessaa immoo Amantiin Waaqeffaannaa isa tokkoodha "jechuun ibsee jira.

### 2.5. Amantii

Amantiin kan ittiin sabni tokko uumaafi uumama ittiin ilaalu, ittiin hubatuufi dhaggeeffatuudha. Kanaafuu, amantiin sagantaa dhala namaa kan dhaloota waljala yaasu, nagahaan bobbaasee galchuufi walii galchuudha. Amantii kan tolfate ilmoo namaati.Yaada kana irraatti Dirribii (2014:214) yoo ibsu,

> *Waaqayyo nama uume; namni immoo ilaalchaafi amantii ofii tolfate. Odoo amantii Waaqatu uume ta'ee, amantii tokko uuma malee, amantiiwwan waliin morkatan lama, sadi, afur… fi hedduu uumee uummanni isaa amantiidhaan walqoodanii waliin morkatanii walfixan hingodhu ture; gama biraan immoo akka namoonni hordoftoota dabalachuuf*

*jecha amantii kiyya qofatu sirriidha; kiyya qofatu karaa Waaqaati jechuudhan walqoodanii wal irratti duulan hingodhu ture.*

Amantiin wanta guyyaa guyyaan jireenya namaa keessatti mul’atuudha.Yaaduma kana ilaalchisee toorri interneetii *egyankash.ac.in* jedhu yoo ibsu, “Religion is a part of the daily existence of life.This is expressed in everyday belief, speech, story and song.It also affects both the private prictices and pubic ritual activities and also the material life like clothing, food and objects” jechuun ibsa.

Akka yaada waraabbame kanaatti, amantiin qaama jiruu guyyaa guyyaa keessaatti argamuuti.Kan inni addeessamus bartee guyyuu keessatti, dubbii, kuusama gochaaleefi sirbaan ta’uu isaati.

Amantiin dagalee hawaasati.Uumamarra dhaabbachuun safuufi safeeffannaan uumaa akka hindabne dhugaa riqicha taasifachuun madaallii uumamaa osoo hinjeeqamin heera uumaa tiksanii waltiksuudha.Gabaabumatti, Amantiin sagantaa dhala namaa kan yeroo jiruuti malee kan yeroo du’an itti tajaajilamanii miti. Amantiin kan waloo (kan sabaati malee kan dhuunfaa miti).Amantiin ‘Manfasii’ ykn afuuraa miti argaa dhageettidha.Akka dhagahaafi argaa jirrutti Amantiin kan uumati ykn kan waan itti amanan sanaati jedhama.Haata’umalee, amantiin kan namoonni uumanii ittiin qajeelfamaniifi ittiin jiraataniidha.Yaaduma kana yaada deeggaruun Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa (2020:16) akka ibsetti, “Osoo amantiin kan uumaa taatee baay’inni amantii har’a argaa jirru kun hinuumamu ture.Amantii kan uume namoota.Kitaaba amantii kamuu keessatti kan bal’inaan mul’atu maqaa namoota ergamaa jedhamanii eeramaniiti.Maqaan jalqaba yaamamus isaanuma; barnoonni baratamus kanuma isaan lafa kaahanii darbaniidha” jechuun lafa kaa’amee jira.

Yaada waraabbame kana irraa kan hubatamu, amantiin kan dhalli namaa tolfate ta’uu isaati. Gama biraatiin dhimma barnoota amantii keessatti kan gahee qabu dhala namaa waan ta’eef, dubbiin amantii Waaqatu dhala namaaf uume jedhu gara amantiin kalaqa (tolfata) dhala namaati jedhutti kan nama geessu ta’uu isaati.

Amantiin daandii hawaasni ykn sabni tokko ittiin dhugeeffatee waljala yaa’uudha.Daandii kanas karaa dhugaa jedhanii amanu.Amantiin sagantaadha; sagantaa hawaasni ittiin waljala yaa’u ykn ittiin alaa galuufi kan nageenyi akkasumas, tasgabbiin hawaasa tokkoo ittiin egamuudha.Amantiin madda gaarummaa, kan amalliifi naamusni namaa keessatti hiriiree qajeeluudha.Amantiin meeshaa waraanaa sagalee hinqabneedha.

Amantiidhaaf hiika sirrii ta'e tokko kennuun rakkisaa akka ta'e hayyoonni adda addaa nidubbatu.Amantii ilaalchisee Filee (2016:73) yoo ibsu,"Amantiidhaaf hiika sirrii tahe tokko qofaa kennuun rakkisaadha.Sababiin isaas, barreessitoonni adda addaa muuxannoofi beekkumsa isaanii irratti hundaa'uudhaan amantiidhaaf hiikawwan adda addaa kennanii jiru; gara fuula duraas kennamuu dandaha," jechuun ibsa.Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu amantiin hiikaa danuu qabaachuu isaafi hayyoonni dhimma amantii irratti beekkumsaafi muuxannoo adda addaa qabaachuu isaaniti.

Amantii ilaalchisee Alamayyoofi kanneen biroo **(**1998:21) yoo ibsan,"Amantaan kan ittiin uummanni tokko uumaafi uumama akkasumas, jireenya ilaalu, hubatu, abdii dhugeeffatee ittiin jiraatu" jechuun lafa kaa'u.Akka yaada waraabbame kanaatti, amantiin qabeenya uummataa ta'ee, Waaqa, uumamaafi jireenya ittiin ilaalu, hubatuufi abdii dhugeeffatee ittiin olee bulu ta'uu isaati.

Amantiin kan hordoftoonni amantichaa jireenyaafi naannoo isaanii ittiin ilaalaniidha. Yaaduma kana deeggaruun Raayyaa (2008: I) yoo ibsu, "Amantiin uummanni tokko kan ittiin uumaafi uumama akkasumas, jireenya ilaalu, hubatu, abdii dhugeeffatee ittiin jiraatu" jedha.
Akka yaada waraabbame kanaatti, amantiin sagantaa sabaa ta'uufi kan gaafa jireenyaa ta'uu isaati.
Akka ilaalchaafi dhugeeffannaa Uummata Oromootti dhalli namaa akka namaatti erga uumameefi of baree booda haala naannoo isaafi raajii uumama Waaqaa yaaduu jalqabe.Yaaduma kana Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (2018:12) yoo ibsu**,**

> …*humni tokko akka jiruufi humni kun waan hunda akka tolcheefi humna kanaanis akka jiraatu hubate.Hojiifi raajii uumaa Waaqaa kana, dinqisiifachuun seeraafi safuu ittiin bulu tolfate.Kunis dhugeeffata ykn Amantii jedhama. Akka ilaalchaafi dhugeeffata Waaqeffannaatti Waaqni nama uume, namni ammoo amantii ittiin seera (ajaja) Waaqaa hordofee buluufi adeemsa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti ittiin jiraatu tolfate.*

Yaada barruu gabaabduu olii kana irraa kan hubatamu amantiin tolfata dhala namaa ta'uu isaati.

Akka hiikaafi ilaalcha Waaqeffattootaatti, amantiin sagantaa dhala namaa waljala yaasu, bobbaasee galchuufi walii gachuudha; argaa dhageettiidha.Amantiin sagantaa dhala namaa kan jiruuti. Amantiin kan waliiniti, kan sabaafi nama tokkorraa ka'ee kan addunyaati jedheeti amana.Amantii jechuun akka Uummata Oromootti sagantaadha.(Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa,2020)

### 2.6. Amantii Waaqeffannaa

Amantiin Uummanni Oromoo dur irraa kaasee qabaachaa (hordofaa) ture,Amantii Waaqeeffannaati.Yaada kana Tasammaan (2012) yoo ibsu, "The annals of the Oromo reveal that the Oromo religion was neither Christianity nor Islam but was an indigenous religion known as Waaqeeffannaa" jechuun ibsa.

Akka yaada waraabbame kanaatti, Oromoon hordofaa Amantii Kiristaanaafi Islaamaa akka hinturre garuu, amantii dhalattee biyya kanaa kan ta'e, Amantii Waaqeeffannaa jedhamu kan ofii isaa akka qabuudha.

Hawaasa Oromoo keessatti waan hundumtuu seeraafi heera ittiin geggeeffamu niqabaata.Osoo qaroomniifi teeknoloojiin jabanaa biyya Afrikaa hinseeniin, Oromoon Sirna Gadaatiin of bulchaa akka tureefi ittiin bulmaanni Amantii Waaqeffannaa Heera Gadaa Oromoo akka ta'e galmeewwan seenaa tokko tokko irraas ta'ee, haftee Sirna Gadaa hanga har'aa irraa nihubatama.Amantiin Waaqeffannaa Amantii Gurraachonni Afrikaa kaleessa waliin qabniifi amantii lafa tanaa (indigenous religion) kan dhaloonni lafa tanaa kalaqatee wajjiin ittiin jiraachaa tureedha.

Amantii Waaqeeffannaa Uummata Oromootu tolfate.Yaada kana Dirribii (2014:214) yoo ibsu,

> *Akkuma Warri Yihudii, Arabaafi warri biroo hedduun amantii isaanii tolfatan, Oromoonis amantii ofii Waaqeeffannaa (Mandooyyuu) tolfate.Garaagarummaa qabu yoo jedhame, warri Yihudiifi Arabaa, amantii isaanii barreessanii, bakka barbaachisetti gargaarsaafi eeggumsa mootummaatiin humna waraanaa fayyadamanii bara dheeraadhaaf addunyaa irra tamsaasaa jiru.Garuu, Amantiin Waaqeeffannaa akka badu waan itti duullamaa tureef, eegumsa argachuun hafee, caarraa barreeffamuutuu hinarganne jechuun* ibse.

Akka yaada waraabbame kanaatti, Uummanni Oromoo akkuma uummattoota biroo amantii ofii isaatii tolfate Amantii Waaqeeffannaa kan qabu ta'uu isaati.Garuu, amantiin kun akka hinguddanneefi sabni akka irraa hinfayyadamne halagaan shira kan irratti hojjechaa ture ta'uu isaati.Amantii Waaqeeffannaa balleessuuf, duulli jabaan geggeeffamaa kan ture ta'uu isaa nama hubachiisa.

Amantiin Waaqeeffannaa amantii erga amantiileen biroo dachee Afrikaa seenanii jaarmiyaa isaa dhabeefi diigame yoo ta'es, kaleessa yoo uummanni gurraachi kun sagantaafi amantii kanaan jiraachaa ture, qajeelfamniifi adeemsi ittiin bobba'ee galaa ture qajeelfama sagantaa kanaa ture.Amantiin

Waaqeeffannaa amantii dirqamaafi ajajaa miti.Yaada kana ilaalchisee Dirribii (2012:61), “Waaqeeffataan Waaqayyo kana kana dubbate; tuni dubbii Waaqaati hinjijjiiramu hinjedhu; namni jecha kana dide nigubata; ni’adabama hinjedhu” jechuun ibsa.Akka yaada waraabbame kanaatti, Amantii Waaqeeffannaa keessa maqaa Waaqaa daheeffatanii dararriifi sodaachisoon dhala namaa irratti taasifamu akka hinjirreedha.

Amantii Waaqeffannaa gaafa jennu amantii dachee addunyaa tana irratti jalqaba uummame jechuudha.Amantiin Kiristaanaafi Islaamaa osoo hindhufin dura hawaasni Oromoo sirna amantiifi Waaqeffannaa mataa isaa qaba ture.Yaaduma kana deeggaruun Gumii Waaqeffannaa Oromoo Norway (2018:20) akka ibsametti, “Amantiin Waaqeffannaa sirna amantii Uummata Kuush gaanfa Afrikaa keessatti argamuufi Uummanni Oromoo baroota kumaatamaan hedamu irraa eegalee kan ittiin bulaa tureefi jiruudha” jedha.Yaada barruu waraabbame kana irraa kan hubannu Amantiin Waaqeffannaa amantii dhalattee lafa tanaa ta’uu isheeti.Dabalataanis,Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa (2017:14) irratti akka ibsametti, “Amantiin Waaqeffannaa amantii erga amantiileen biroo dachee Afrikaa tana seenanii jaarmiyaa isaa dhabee dhaloota irraa diiggames yoo ta’e, kaleessa yoo uummanni gurraachi kun sagantaafi amantii kanaan jiraachaa ture,qajeelfama sagantaa kanaan akka ture” jechuun lafa kaa’a.
Yaada waraabbame kana irraa kan hubannu Amantiin Waaqeffannaa sababa dhufaatii amantiilee birootiin dhiibbaan irra gahuufi jarmiyaan isaa dhiibamuu isaati.
Amantiin Waaqeffannaa amantiiwwan biroo biyya teenya osoo hingalin dura kan ture, amantii Uummata Oromoofi Uummata Afrikaati.
Amantiin Waaqeeffannaa Amantii Sabni Oromoo hordofaa ture yoo ta’u, Waaqa tokkotti amanuu qabiyyee jedhu kan of keessaa qabuudha (WADO, 2006:461).Amantiin Waaqeeffannaa amantii hundeedhan biyya kana keessaa maddeefi amantiilee biroo har’a babal’atanii jiran cufaaf bu’uura yookiin hangafa ta’uu isaaf ragaa danuutu jira.Yaada kana ilaalchiseee Dirribii (2009:18) akka armaan gadiitti ibseera:

> *Waaqeeffannaan amantii uummataa isa ganamaa kan uummata gurraachati. Amantii bakka sanyiin namaa dura itti argametti eegalame, amantii Uummata Oromoo Kuushiiti.Akkuma sanyiin nama duraa Gaanfa Afrikaa Oromiyaa Kuush keessatti uummame Amantiin Waaqeeffannaas asuma uummata gurraacha hangafa sanyii namaa ta’een amantii ormaa dura eegalame.*

Akka yaada waraabbame kanaatti, Amantiin Waaqeeffannaa amantii isa jalqabaafi kan gurraachi Afrikaa uume ta'uu isaati. Amantiin Waaqeeffannaa sanyii dhala namaa kan ta'e kan hangafa ta'e gurraacha Afrikaatiin uummamuu isaafi amantiilee biroof bu'uura kan ta'eedha.

Sirni Amantii Oromoo ganamaa (Oromo traditional belief system) kan har'a maqaa Waaqeeffannaa jedhamuun beekkamaa jiru, kan namni tokko dhuunfaan uumee Uummata Oromoo badhaasee miti. Yaada kana Hundasaafi kanneen biroo (6411:45) yommuu ibsan,

> *Amantiin Waaqeffannaa jedhamuun beekkamu kan namni tokko dhuunfaan uumee Uummata Oromoof badhaasee miti.Ilaalchi Oromoon uumaafi uumamaaf qabu kan Uummanni Oromoo durii kaasee waloon qabaachaa ture malee, mul'ata(revelation) karaa 'sooressaa' ykn karaa soorettii itti dhufee badhaafame kan guddatee dagaage waan ta'eef, hundeefi damee of danda'e qaba.Hundeen isaa Oromoo, dameen isaa Oromummaadha.Kanaaf Amantiin Oromoon Waaqa tokkicha jedhee durii kaasee ittiin bulaa jiru, aadaa Oromoon kuufatee qabu irraa kophaatti ba'ee jiraachuu ykn ilaallamuu hindanda'u.*

Akka yaada waraabbame kanaatti, Amantiin Waaqeeffannaa waan waloo Oromoon waliin qabu ta'uu isaafi amantiin kan nama dhuunfaa osoo hintaane waan waliinii (waan gamtaa) ta'uu isaa ergaa jedhu qaba.

Amantiin Waaqeeffannaa aadaafi duudhaa uummata gurraachaa waliin kan walqabatu waan ta'eef, jiruufi jireenya uummata kanaa ijaaruu keessatti ga'ee olaanaa qaba.Dhimma kana ilaalchisee, Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa(2017:5) yoo ibsu, "Akkuma gaafa Amantiin Waaqeeffannaa cabu aadaa, afaan sirni ittiin bulmaata uummata gurraachaa waliin cabe; gaafa ka'us kuni waliin ka'a.Kanaaf, jiraachuun Amantii Waaqeeffannaa jiraachuu uummata gurraachati" jechuun ibsa.Akka yaada waraabbame kanaatti dhaloonni sagantaan isaa jalaa cabe aadaa, afaan isaafi sirni ittiin bulmaata isaa illee walumaan akka cabuufi halagaan garboonfamuu akka danda'u hubachiisa.

### 2.6.1. Madda Amantii Waaqeeffannaa

Akkuma beekkamu Amantiin Waaqeeffannaa amantii Uummata Oromoo isa ganamaati.Amantiin Uummata Oromoo kun uumamuu uummata kanaarraa kaasee kan Waaqeffamaa tureefi qabeenyaa uummatichaa isa guddaa Oromoon diinaan irratti morma walqabaa har'aan gaheedha.Amantiin Waaqeeffannaa ooltee bultee uummatichaa bu'uura taasifatee Uummatuma Oromootiin sagantaa tolfameedha.Amantiin tokko hawaasa keessaa madde (uummame) qaba.Yaada kana Maatii (2006:46)

yoo ibsu, “Waaqeffannaan amantii dhugeeffannaa Oromoofi saboota Kuush, kan jalqaba dachii kana dhufe, ammallee haala adda addaan otuu hinbadiin sesseelachaa kan yoona ga’eedha” jedha.Akka yaada kanaatti Amantiin Waaqeffannaa maddi ishee Uummata Kuush ta’uudha.

Maddi dhala namaa akkuma Afrikaa ta’e, Amantiin Waaqeeffannaas arduma kana.Yaada kana Gumii Waaqeffannaa Oromoo Norway (2008:35) yoo ibsu,

> *As far as investigation of human origin is conserned, Africa is proved to be the origin of man. It was the continent where the human being had begun to form simple and complex social organizations. It was on this continent that one of the earliest ancestors of black African families known as the Oromo had come to recognize the existence of a supreme being, a part from them. They identified the Supreme Being as trancedental reality, by giving him the name ‘Waaqa’* jedha

Oromoon Amatii mataa isaa kan heera uumaa eegee tolfate niqaaba.Yaada kana Gamtaa (2012) yoo ibsu,

> *Amantiin Saba Oromoo inni ganamaafi addunyaan ittiin beeku Waaqeffannaadha. Waaqeffannaan ganamaa akkataa uumaafi uummamaa ittiin ilaalu, ilaalchaafi safuu mataa isaa qaba.Qaroominni hedduun Uummata Oromoos Amantii Waaqeffannaafi Sirna Gadaatiin masakamuun beekamaadha.Waaqeffannaan ganamaa kunis guutuufi kan safuufi safeeffannaa uummatichi Waaqa isaaf qabu kan ibsu yoo ta’u kan ittiin uumaa isaas kabajee uumama biroos ittiin safeeffataa ture ta’uun ifaadha. Waaqeffannaan ganamaa guutuu ture.Wanna kana hundaa amantoota warra galaana ce’ee dhufetuu balleese.Waaqeffataan Waaqni (humni olaanaa tokko (super natural force) akka jiru ni’amana.Waaqa jechuun uumaa (the creator), isa waan hundaa gochuu danda’u.*

Yaada waraabbame kana irraa kan hubannu Waaqeffannaan amantii dhalattee Uummata Oromoo ta’uufi waa hundaa ol Waaqni jiraachuufi Waaqni ammoo uumaa waa cufaa ta’uu isaati.Qoroominni Uummata Oromoo Amantii Waaqeeffannaafi Sirna Gadaa faana hidhata cimaa kan qabuudha.

Bakki ilmi namaa dura irratti argame Bahaafi Kaaba Baha Afrikaa akkuma ta’e cufaa, amantaan amantoota biraa kan akka Amantaa Kiristaanaafi Islaamafillee angafa ta’e naannoodhuma kanatti jalqabe.Yaaduma kana deeggaruun Alamayyoofi kanneen biroo (1998) irratti akka ibsametti, Aadaan

Amantii Oromoo Amantii Kuush dur irraa kan madde amantiilee yeroo ammaa addunyaa irratti faca'anii argamaniif hangafa kan ta'eedha.Amantiin Waaqeffannaa tolfata gurraacha Afrikaati.

### 2.6.2. Maddaafi Bu'uura Barnoota Amantii Waaqeeffannaa

Barnoonni Amantii Waaqeeffannaa, barnoota Warra Abbaa Oromoo yoo ta'u, kan dhaloonni kaleessa osoo sagantaan isaa harkaa hincabin, gaafa sagantaa isaatiin bobba'ee galaa ture walbarsiisaa tureedha.Kunis, kan galmoota amantichaa keessatti kaleessa walbarsiisaa turan, kan diigamuu jaarmiyaa Oromootiin cabee ture ta'us, dhaloota barnoota kana of harkaa qaban maanguddoota Oromoo umriin jaaraniin yeroo ammaa barnoonni Amantii Waaqeeffannaafi Amantiin Waaqeeffannaa dhaloota haara'aan deebi'ee ijaarramaa jira.Yaaduma kana deeggaruun Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa (2012:14) irratti akka ibsametti, "Dhaloonni keenya ammaa, Galma Warra Abbaa Oromoo deebisee dhaabuun, Waaltina Amantii Waaqeeffannaa bakkaafi akka kaleessa turetti deebisuuf yeroo ammaa walbarsiisuu irratti argama.As keessatti wanti hubatamuu qabu, maddi barnoota Amantii Waaqeeffannaa, Abboota keenya kaleessa sagantaa tana nuuf kaayanii darban ta'uu isaati" jechuun ibsamee jira.Akka yaada waraabbame kanaatti, Amantiin Waaqeeffannaa wanta har'a dhalattee Oromoof as baate osoo hintaane, wanta Uummanni Oromoo dur tolfatee dhaloota isaaf dabarseefi ittis tajaajilamaa tureedha.

### 2.6.3. Utubaa Waaqeeffannaa

#### 2.6.3.1. Waaqa

Akka Amantii Waaqeeffannaatti bu'uurri waan hundaa Waaqa.Kanaaf,ka'umsi Amantii Waaqeeffannaas Waaqa.Yaada kana Maatii (2006:150-151) yoo ibsu,"Akka Amantii Waaqeeffannaatti goleen waan hundaa Waaqa tokkicha kan maqaan isaa dhibbaati.Utubaan Waaqeeffannaa inni yayyabaas Waaqa; Waaqni icciitii, kan beekkumsiifi dandeettiin isaa hojii isaatiin qofa mul'atu"jedha.

#### 2.6.3.2. Dhala Namaa

Waaqni uumama hunda keessaa kan beekkumsaafi dandeettii addaa kenneefii kan uume dhala namaati.Kanas Maatii (2006:162) yoo ibsu, "Waaqni waan uume mara keessaa kan aangoo, dandeettiifi beekkumsa kan badhaase dhala namaati" jedha.Dabalataanis Tarruu (2015:69) yoo ibsu, "Uumama hundarra Waaqni dhala namaa ofitti dhiheessee uume.Gaarummaafi badhaadhinaan dachee irra akka jiraatu fedha"jedha.Waaqni dhala namaa kana gaafa uumu bilisummaan akka jiraatu waan taasiseef dhalli namaa wal danda'ee jiraachuu akka qabu Amantii Waaqeeffannaa keessatti heeramee jira.Kanaaf utubaan Waaqeeffannaa dhala namaati.

### 2.6.3.3. Yaadrimee Ayyaantummaa

Ayyaantummaan utubaa Waaqeeffannaa keessaa isa tokko.Ayyaantummaan kan ganamuma Waaqni uumama hundaaf kenneedha.Ayyaantummaa kanaan dhalli namaa karaa sirrii arga.Karaan sirriin kun immoo dhugaadha; dhugaan immoo karaa Waaqaan wal nama quunnamsiisauudha. Ayyaantummaan kan inni danda'u, dhala namaa gara daandii dhugaafi qajeelaatti deebisuudha; daandii Waaqaa Waaqeeffannaa qabsiisee gara gaarummaatti fullaasa.(Maatii 2006:157-160).

Akka Amantii Waaqeeffannaatti dhalli namaa ayyaantummaa Waaqni isaaf laate kunuunfachuufi tiskachuu qaba.Sana hintaane taanaan ayyaantummaa alagaatiin dhuunfatamuu danda'a;ittis miidhamuu mala.Kanas Maammoo(20016:65) yoo ibsu, "Sabni ayyaantummaa Waaqni mataa mataan kenneef ofirraa mulqee gate tokko ayyaana nama biraa, saba biraa, biyya biraa fudhate of ta'uu dhabuutu isa muudata" jedha.

Walumaagalatti, yaadni haayyoota kanneenii ayyaantummaa Waaqni dhala namaatiif kenne dhalli namaa itti fayyadamuun uumaa isaatiin walquunnamuu danda'uufi dhala namaaf murteessaa ta'uu isaati

Ayyaana jechuun sochiiwwaniifi hurrubbii qaamaan deeggaramee mallattoolee adda addaan haala ijaan mul'achuu dandahaniin dabalamee kaayyoolee adda addaaf kan kabajamuudha.Ayyaana jechuun humna hamma qaamaafi beekkumsa sammuutiin wanta tokko hojjechuu dandeenyuu olitti raawwachuu nama dandeessisuudha.Kanaan immoo dhaloonni qananii argata.Gama biraatiin ayyaanni humna dhaloota tiksuudha.

Uummanni kamiiyyuu duudhaalee hawaasaafi safuu adda addaa kan ittiin oolee bulu, bahee galu, alaafi manaa, sa'aafi namaan, qe'eefi re'ee, biyyaafi biyyoo isaa ittiin qajeelfatu (taliigatu) ykn bulfatuufi horatu qaba. Kanaaf, Uummanni Oromoos aadaa, duudhaafi safuu akkasumas, jiruufi waan jiraan isaa oolee kan ittiin bulu, bulee bahu, kan ittiin bobba'ee galu, kan irraa milkaa'uufi ittiin qanani'ee jiraatu amantiifi ayyaana ittiin of qajeelchuufi bulchu qaba.Isa Kanaan immoo ayyaantummaa jennee yaamuun nidanda'ama.

Ayyaanni kennaa Waaqni uumama cufaaf laateedha.Dhimma kana irratti, Maammoo (2009:13) yoo ibsu,"Ayyaanni humna Waaqni uumama isaa maraafuu kenne, kan waan isa miidhu irraa baraaruufi badhaadhina isaaniif kennu humna addaati" jedha.Akka yaada waraabbame kanaatti, ayyaanni badhaasa uumaan uumamaaf late ta'ee, tiksee jabaafi qananiisee humna jiraachisu ta'uu isaati.

Dhalli namaa humna ijaan arguu danda’u kan qaamaan raawwatu qofa osoo hinta’in, human ayyaantummaa kan ijaan mul’isuun nama rakkisu kan bu’aa gochaa isaa arguun danda’amu niqaba. Ayyaantummaan qaamaan kan hinmul’anne ta’ee, hojiin isaa immoo ifaan ifatti kan mul’atuudha. Namni tokko yoo dhalatu qaama lamaan dhalata; qaamni tokkoffaafi mul’atu daa’ima dhalatu kana, kan lammaffaa ayyaantummaa daa’imni kun waliin dhalatuudha. (Dh/H/A Waaqeeffannaa, 2020)

Ayyaanni (Ayyaantummaan) qaama tika nama dhuunfaatii hanga sabaatti gama diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa akkasumas, kan biroo sabni tokko guuttatee jiraachuu qabu akka guuttatan waliigaltee, jaalalaafi tokkummaa isaan jidduutti uumuun fedhii isaanii waloo eeggatanii akka jiraatan taasisuuf dandeessisuudha.Yaada kana Gumii Waaqeffannaa Oromoo Norway (6411:14) yoo ibsu, “Uumamni Waaqaa cufti Ayyaana mataa isaa kan Uumaan laateef qabu.Uumamni Ayyaana malee uumame hinjiru” jechuun lafa kaa’a.Akka Maatiin (2006) ibsutti, Waaqeffataan akka amanutti wanti uumame cufti ayyaana waliin dhalatu, kan mataasaa niqaba; Ayyanni kan dhalootaan argatani; Ayyaanni namaa hindu’u hinbadu.Namni du’us Ayyaanni labataa labatatti darba malee hindu’u.Namni kamuu Ayyana mataa isaa qaba; guyyaanis Ayyaana mataa isaa qaba; wanti hundi Ayyaana kanaan dhufa; ittiinis jiraata.”

Ayyaana ilaalchisee falaasamniiifi aadaan Amantii Oromoo akkaataa itti ibsaniifi dhugeeffatan niqaba.Yaaduma kana yaada deeggaruun Dirribii (2012) yoo ibsu,

> *Ayyaana jechuun waan hedduudha.Guyyaadha; caarradha; milkiidha.Akka dhugeeffannoo Waaqeeffannaatti Ayyaana jechuun wanna Waaqaan ramadamee akka uummanni hundi safuu eeggatee waldanda’ee waliin jiraatu kan to’atuudha. Namni Ayyaana qaba jechuun eegduu kan isa tiksu qaba jechuudha.Burqaan, tulluun, malkaan, mukni jiidhaafi wanni hedduun Ayyaana qabu.Nama cubbame, muka goggogaafi waan du’aa irraa Ayyaanni nigodaana.Ayyaantummaan madda nageenyaafi fayyaati*.

Akka yaada waraabbame kanaatti, Ayyaanni guyyaan kan walqabatu, caarraa faana akkasumas, milkii faana hidhata qabaatee hiikoo kan argatu ta’uu isaati.Cubbuu (irbuun) jiraannaan immoo Ayyaanni kan mulqamu ta’uu isaati.Gama birootiin wanti lubbuun isaa darbe Ayyaana kan hinqabne ta’uu isaati.

Ayyaanni jireenya dhala namaa keessatti wanta hiikoofi bu’aa qabu niqaba.Ayyaanni fayyaa namaaf, waan baay’ee barbaachisaa ta’eedha.Kana ilaalchisee, Maugans (1996:11) yoo ibsu, “Spirituality speaks to what gives ultimate meaning and purpose in a person’s life.Spirituality is increasingly recognized as

an essential element of health jedha.Yaada waraabbame kana irraa kan hubannu Ayyaantummaan caacculee fayyaa jedhamee fudhatamuu akka danda'u, hiikoo olaanaafi ga'ee jireenya namaa keessatti kan qabu ta'uu isaati.

Falaasamniifi aadaan Amantiin Oromoo Kuush durirraa madde kan seera uumaafi uumamaa irratti hundaa'e ta'ee, Waaqni ayyaanota adda addaan uumama adda addaa akka uumeefi uumaa jiru kan dhugeeffatuudha.Akkanaan, uumamni kamiiyyuu ayyaana ittiin uumame yookiin dhalate kan mataa isaa qaba.Kunis Ayyaana dhalootan yookiin uumamaan Waaqarraa kennamuufidha.Namni kamiiyyuu Ayyaana isaa waliin akka dhalatu amanama.Ayyaanni kun uumama kamiiyyuu keessatti Waaqni ittiin addeeeffamu yookiin mul'atu.Yaada kana dabalataan Tarruu(2015:43)yoo ibsu, "Ayyaana malee hinuumanii; ayyaanamalees hintolani.Uumamni Waaqaa marti ayyaana mataa ofii kan Waaqni kenneef qaba.Uumamni ayyaana malee uummame hinjiru.Waaqni gaafa uumama isaa uumu ayyaana waliin isa uume. Ayyaana kanaanis akka bulu, qajeeluufi tikfamu taasise" jechuun lafa kaa'a.Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu milkaa'inniifi badhaadhinni ayyaana uumaan namaaf kenne waliin hidhata guddaa kan qabu ta'uu isaati.

Ayyaantummaan humna laafuufi jabaachuu danda'uudha.Yaada kana Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa (2018:19) yoo ibsu, "Sobni, waljibbinsi, hinaaffan, walitti quufuu dhabuufi ana maleen yoo jiraate Ayyaantummaan nilaafa; milkaa'inni nidhabama.Ayyaantummaan gabbachuu kan danda'u immoo amalli dhugaa dubbachuu, walitti quufuu, wal jaalachuu, wal amanuufi naan deemiin dhaloota gidduutti yoo dagaage Ayyaantummaan dhalootaa gabbachuun milkaa'inni jiraata".Akka yaada waraabbame kanaatti, dhaloonni waan gadhee yoo dalage ayyaantummaan laafuu danda'uu isaafi dhaloota waan toltuun akka isa darbu nama hubachiisa.

Ayyaantummaan firoomaan ykn dhiigan kan argamuudha.Kana jechuun Ayyaanota halagaa kabajuun bu'aa kan buusu warra Ayyaanicha irra abbummaa qabaniifi jechuudha.Fakkeenyaaf, yeroo Ayyaana Moliidaa namni sabummaan isaa Araba hintaane tokko qalee ykn waan biraan yoo kabaje garbummaa Ayyaantummaatu isarra jira.Ayyaana warra ofii dhiisee kan alagaa abdataa jira.Kan warra Israa'eelis namni isaanirraa dhiiga hinqabne yoo kabaje ayyaantummaa alagaaf garbuumaa ta'uun isaa wal nama hingaafachiisu.

### 2.6.4. Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo

Ayyaanota gurguddoo Uummanni Oromoo kaleessa gaafa heera isaatiin bulaa ture sanaafi har'as waliin kabajatanii irraa milkaa'an keessaa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo isa tokko.Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo jechuun, Ayyaana dhaloota keenya warra darbanii (Oromoo), warra gubbaa kanaa dhaloota qaban, warra lafaafi qabeenya dachee kana irra jiru dhaloota lubbuun jiruuf dhiisanii darban ittiin yaadatamu.

Oromoon dhaloota darbe yaadachuuf Ayyaana Yaadannoo jedhee ayyaaneffatu niqaba; innis Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo jedhamee waammama.Ayyaana Yaadannoo jechuun Ayyaana Oromoo kan horteen Oromoo har'aa duudhaa dhaloota darbanii kabajuuf taasisu jechuun lafa kaa'a.Waaqeffattoonni yeroo adda addaatti ayyaanota kabajan niqabu.Isaan keessaa yeroo ammaa kana Ayyaanni Irreessaafi Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo gamtaan dhalootaan deebi'anii kabajamaa jiru.Akka Waaqeffattoonni amananitti dhalli namaa humna lamaan dhalata.Kunis, humna ayyaantummaafi qaamati.Ayyaana Waaqeffattoonni duraan ayyaaneffataafi kabajataa irraa milkaa'aa turan kan Waaqeffannaa waliin kufe Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromooti.Maammoo, 2016)

### 2.6.5. Faayidaa Sirna Kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo

Tokkummaan uummata tokkoo kan jiraatuufi kan eeggamu wanti walitti isa fidu yoo jiraateedha.Uummata tokko wantoota walitti qabaniifi waljala yaasan keessaa inni guddaafi tokko amantiifi aadaadha.Ayyaann Yaadannoo Abbaa Oromoo immoo qaama Amantii Waaqeeffannaafi aadaa Uummata Oromooti.Kanaaf, Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuu irraa bu'aan hedduun ni'argama.Dhaloonni yeroo ayyaanichi kabajamu wal arge muuxannoo jireenyaa waliif niqooda; akkaataa diinagdeen hojiin argamuu danda'u walirraa baruu danda'u.Naamusaafi sirna Uummanni Oromoo dur qabu kan diinni jalaa cabse wal irraa baruu danda'u.Milkaa'ina fuuldura isaanii jiru kamuu milkaa'uuf nigargaara.Dhaloonni sababa sagantaa halagaatiin addaan bittinnaa'ee sagantaa uummata isaa dhabee, waldhabe guyyaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kana dhaloonni iddoo adda addaa irraa dhufan walarganii akka walbaruuf nigargaara.Kan qabeenya qabu isa hinqabneef akka gumaacha taasisu nitaasisama; ayyaantummaan dhalootaa nicima; dhaloonni qananiifi jaalalaan akka waliin jiraatan barnoonni waan laatamuuf waldanda'uun dhalootaa nigabbata; nageenyi biyyaafi biyyoo akka jiraatuuf dhalootaaf barnoonni waan laatamuuf, nageenyi waan hundaa akka eeggamuuf nitumsa.Eenyummaa ofii baruun dhaloonni ofta'e akka oomishamuuf nitumsa.

### 2.6.5.1. Amantii Waaqeeffannaafi Sabboonummaa Uummata Oromoo

Amantiin Waaqeeffannaa amantii argaa dhageettiti.Kana jechuun qajeelfama sirrii (heera) waan dhageenye ijaan arginee mirkaneeffannuudha.Sagataan dhaloota ofii ciminaafi humna jabaa ta'e tokko dhaloota sanaaf kennuuf humna kan qabu ta'uu isaati.Dhaloonni humna, qananiifi waan warra ofiitiin jiraatu immoo sabboonummaa gaarii ta'e niqabaata.Dhaloonni daandii warri isaa irra deemaa ture qabatee ofta'ee, walta'ee akkasumas, abbaa waan ofii ta'ee jiraatu sabboonummaa gaarii qaba.Amantiin Waaqeeffannaa immoo sagantaa barnoota ofta'uu haalaan jabeessee barsiisa. Kanaaf, Amantiin Waaqeffannaafi sabboonummaan Uummata Oromoo waliif dhukaafi lafeedha jechuu dandeenya.Amantiin Waaqeeffannaa sagantaa barnoota Warra Abbaa Oromoo ofkeessaa qaba; namni tokko akka ofta'u barsiisa.Kana jechuun Oromoon Oromoo ta'ee akka ofitti quufu, nama biraa akka ofitti hinfakkaanne ykn sagaantaa dhaloota biraa keessa akka hinseenneefi sagantaa Oromoon dur qabuun akka jiraatu barsiisa.Inni ofta'e immoo sabboonummaa qaba.

### 2.6.5.2. Amantii Waaqeeffannaafi Afaan Oromoo

Gabrummaa hamaan irraa olii ilaalcha uummanni tokko Waaqa isa uumeef qabu micciiruudha; dabsuudha.Wuush jennaan harreen gurra dhaabde akkuma jedhamu sana…Afaan Oromoo kan warri dabran dhimma itti bahanii dhaloota har'aaf dabarsaniidha.Akkaataan Oromoonni Ayyaantummaa Afaan Oromootiin itti ibsan waan biraatiin ibsuuf wayita yaallamu hiika dhukaa dhabsiisa.Har'a jireenya guyyuu geggeeffannu keessatti maqaaleen wantoota bitannuufi gurgurru, kan oomishnuufi horsiisnu kan soorannu, kan geejjibaafi diinagdeef dhimma itti baanu hundumaa dhaloonni har'a jiru kun hin'uumne; Oromoota darbantu dhaloota har'aa kanaaf uumee dabarseef.Isaan dhalootaaf har'a horanii darban; isaan wayita ammaa bifa ayyaantummaatiin jidduu dhaloota har'aatti argamu.Waan dhaloonni darbe dhaloota har'aa dhaalchise keessaa inni guddichi ittiin dhaloonni har'aa walii galu immoo afaan isaan ittiin waliigalaa turan Afaan Oromooti.Afaanuma kanaan isaan yaadanna; isaan dhaloonni waliif gala.Dareefi damee dhaloota egereefis itti fufsiisuuf tola.Waan qajeelaa dhaloota darbeetiin ofta'anii jiraachuun eebbaafi badhaadhina dhalootaaf laata.(Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa, 2012)

Dhaloonni Oromoo Ayyaantummaa warra isaanii irraa milkaa'uuf, Afaan Oromoo fayyadamuu danda'uu qaba.Hariiroo Amantii Waaqeffannaafi Afaan Oromoo gidduu jiru Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa (2012:14) irratti haala armaan gadiitiin ibsa;

> *Afaan warri keenya dabran hinbeekne fayyadamuun isaaniin waliif galuuf rakkisaadha.Ayyaana isaanii irraayis milkaa'uuf hintolu.Fakkeenyaaf, warri keenya*

*darban sun "Leel" jedhanii eebba fudhatu.Faallaa kanaa garuu, afaan isaan hinbeekneen fudhachuuf yaaluun oolee bulee dhaloota waliif hingalle, kan inni tokko yoo "Ilaamee" jedheen inni kuun waan akka biraatiin deebisuuf yoo tahe, dhaloota akka qadaada qabee afaan isaa waldheebotutu uummama.Sabni waliif hingalle immoo jalqabatti humna ayyaantummaa dhaba.Itti aansee humna beekkumsaafi qaroominaa dhaba.Sana booda humna fayyaa, humna diinagdeefi qaamaa dhaba.Eega rakkoo maraammartoo akkasii keessa akka hingalleef afaan ofiitiin, ayyaantummaa dhaloota darbanii gabbifachuu feesisa.*

Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu Afaan Oromoofi Amantiin Waaqeeffannaa hidhata cimaa kan qabaniifi ayyaantummaan dhaloota darbanii kan milkaa'ina dhaloota lubbuun jiraniif tolu yoo afaan isaan itti fayyadamaa turaniin ta'e qofa ta'uu isaati.Dhalootni darbe lubbuun darbanii karaa ayyaantummaa walquunnamuuf afaan isaan beekan ykn fayyadamaa turan fayyadamuun dirqama dhaloota lubbuun jiruuti jechuudha.

### 2.6.5.3. Amantii Waaqeeffannaafi Oromummaa

Seenaa Uummata Oromoo keessatti Jarmiyaan Waaqeeffannaa jarmiyaa dhugaa qabeessa dhama Oromummaa qabu kan humna diinaan akaakootaafi dhaloota Oromoo irraa kan diiggameefi yeroo ammaa immoo dhaloonni lafaa kaasaa jiruudha.Sirni Amantii Ormoo ganamaa (Oromo traditional system of belief), kan har'a maqaa Waaqeeffannaa jedhamuun beekkamaa jiru, ilaalchi, duudhaan, safuun……...kan namni tokko dhuunfaan uumee Uummata Oromoo badhaasee miti; wanta waloo isaatiin sabni waliin qabaachaa tureefi ammallee jiruudha. Inni kun immoo Oromummaa faana hidhata niqaba.Sababiin isaa eenyummaan duudhaa, aadaa, amantiifi kkf waan sabni qabuun hidhata guddoo qabdi. Eenyummaa keessa immoo Oromummaan akka jirtu ifaadha.Yaada kana Hundasaafi kaawwan (6411:45) akka armaan gadiitti ibsanii jiru;

*Ilaalchi Oromoon uumaafi uumamaaf qabu, kan Uummanni Oromoo durii kaasee waloon qabaachaa ture malee, mul'ata(revelation) karaa 'sooressaa' yookiin karaa 'soorettii' itti dhufee badhaafame hinturre.Seenaa jiruufi jireenya Oromoo keessatti bu'uuramee kan guddatee dagaage waan ta'eef, hundeefi damee of danda'e qaba.Hundeen isaa Oromoo, dameen isaa Oromummaadha.Amantii Oromoon"Waaqa Tokkicha" jedhee durii kaasee itti bulaa jiru, aadaa Oromoon kuufaatee qabu irraa*

*kophaatti baahee jiraachuu ykn ilaalamuu hindanda'u. Haata'umalee,akka dhaaba (inistitution) amantiitti, gola mataa isaa danda'e Oromummaa keessatti qaba.*

Akka yaada waraabbame kanaatti,hundeen Amantii Waaqeeffannaa Oromoo ta'ullee, Oromummaan damee ta'uun isaa, Amantii Waaqeeffannaafi Oromummaa gidduu hariiroo cimaa ta'e qabaachuu isaaniti.Amantii Waaqeeffannaa guddisuun(bal'isuun) keessa beekessaan Oromummaa jabeessuudha ykn guddisuudha.

### 2.6.5.4. Amantii Waaqeeffannaafi Aadaa Uummata Oromoo

Amantiin Waaqeeffannaa aadaafi ilaalcha Uummata Oromootiin hidhata qabdi.Amantii Oromoon dhaloota durii irraa kaasee of harkaa qabu, aadaa Oromoon ittiin miidhagee argamu kanaaf faayaa daawwatanii hinquufne kan ta'eefidha.Amantiin Waaqeeffannaafi Aadaan Uummata Oromoo walii isaaniif dhukaafi lafeedha.Akkuma jiraachuu lafeef dhukni barbaachisu akkasumas, jiraachuu dhukaatifis, lafeen barbaachisu Amantiin Waaqeeffannaafi Aadaan Uummata Oromoo hariiroo lafeefi dhukni waliin qaban kan fakkaatu qabu.Amantiin Waaqeeffannaa yeroo guddatu Aadaa Uummata Oromoo gatee guddachuun waan hinyaaddamneedha.

Amantiin aadaafi ilaalcha saba keessaa burqite calaqqisiistu wanta mamsiisuu miti.Yaada kana ilaalchisee Maammoo (2016:253) yoo ibsu,"Waa'ee amantii tokkoo yoo dubbannu aadaaniifi ilaalchi saba amantiin suni keessaa baatetiin addaan baafnee ilaaluu hindandeenyu.Waaqeeffannaanis amantii Saba Oromoo kan duudhaafi aadaa isaatiin walqabate" jechuun hariiroo Amantii Waaqeeffannaafi Aadaa Uummata Oromoo ibsa.

## 2.7. Gahee Afoolaa Sirna Waaqeeffannaa Oromoo Keessatti

Afoolli sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenya isaa, heeraafi seera isaa, falaasama (yeelala) isaafi hooda isaa, walumaagalatti, ilaalcha addunyaarra jiru kanaaf qabu gara dhaloota itti aanuuf ceesisuuf shoora olaanaa qaba(Soofiyaafi kanneen biroo, 1999)

Afoolli Oromoo Amantii Waaqeeffannaa diinni bara dheeraaf irratti duulee balleessuuf, dhamahaa ture raacatiin duudhaa amantichaa maanguddoota harkatti hafee dhaloota har'aa bira akka qaqqabuuf shoora guddaa taphateera.Afoola Oromoon gargaaramee dhaloota isaa Amantii Waaqeeffannaa barsisaa tureefi yeroo ammaa barsiisaa jiru keessaa kan akka mammaaksaa, dubbii qolaa, sheekkoo, baacoo, jeekkarsa, eebbaafi kkf maqaa dhahuun nidanda'ama.

Ogafaan hawaasa bakka bu'uun tajaajilaafi ergaawwan garaagaraa dabarsa.Ogafaan (afoolli) guddina, dandeettii sammuu namaa cimsuufi kakaasuun miseensa hawaasaa keessatti baay'ee kan jaallatamuufi iddoo olaanaa qabudha.Tajaajila ogafaanii Asafaan (2009:20-22) akka jedhetti,“Ilmi namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hinjalqabiin dura ogafaan (afoola) ykn fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa tureera.Ogafaan qabeenyaa hawaasaa ta'uusaa kan ibsu dabarsaa aadaa uummataati.Galmee jiruufi jireenya ilma namaa kan namoota hubannoo, beekumsa, muuxannoo sadarkaa adda addaa qabaniiti”.
Akka yaada beekaa kanaatti, afoolli aadaa uummata tokkoo labata itti aanuutti dabarsuuf oolu, kan namni kamuu irraa qooda qabu ta’uu isaati.

## 2.8. Gahee Wantoota (Meeshaalee) Aadaa Sirna Waaqeeffannaa Oromoo Keessatti

Sirna Waaqeeffannaa Oromoo keessatti meeshaaleen aadaa bakka olaanaa qabu.Meeshaaleen kunniinis, Amantii Waaqeeffannaa keessatti ayyaaneffannaawwan adda adddaa irratti kan tajaajila laataniidha.Meeshaaleen aadaa haala adda addaatiin kan argaman yoo ta’u, hawaasni yoomessa adda addaa keessatti Waaqa ittiin kadhachuufi qajeelcha amantii ta’anii kan fayyadaniidha.Uummanni Oromoo qarooma mataa isaatiin meeshaalee ofii isaaf kalaqatee dur irraa itti tajaajilamaa ture, sirnoota geggeeffatu keessatti dhimma itti bahaa ture; har’as itti dhimma bahaa jira.Oromoon jiruufi jireenya geggeeffatu keessatti meeshaalee aadaa kanneen ulfoofi meeshaalee tajaajila biraaf oolan jedhee adda baasee itti dhimma baha.

Ulfaan meeshaa adda addaa Waaqeeffataan yeroo dabdeen hawaasa keessatti muudateefi yeroo lafa jilaa deemu kan itti dhimma bahuudha.Kana ilaalchisee, Dirribii (2012:2-10) yoo ibsu,“ Ulfaan meeshaa aadaa Waaqeeffataan yeroo Waaqa kadhtuufi ayyaaneffatu ittiin Waaqa kadhatuufi ittiin jifaarratuudha;isaanis:Siiqqee, Caaccuu, Kallacha, Callee, Bokkuu,Sabaroo,Faachoofi kkf” jechuun ibsa.
Akka yaada waraabbame kanaatti Uummanni Oromoo caaccuu, kallacha, callee, bokkuu, sabaroo…sirna amantii isaa keessatti Waaqa ittiin kadhachuufi ittiin jifaarrachuun itti kan dhimma bahu ta’uu isaati.

Yeroo sirna wadaaja bulfachuufi sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo meeshaaleen aadaa sirnichaaf barbaachisan kanneen sirna sana keessatti Oromoon kaleessa dhimma itti bahaa tureedha.Kunis dhaloonni warra darban yaadachuufi wal baruuf wal gahe kun ogummaafi beekkumsa isaan lafa kaa’anii darbanitti fayyadamaa akka waa irraa baratu akkasumas, ayyaantummaa isaanii kaleessaa sana dhaaluuf murteessaadha.

Uummanni Oromoo meeshaalee ulfootiin alas meeshaalee biroo yeroo sirna Waaqeeffannaa geggeeffatu kan itti dhimma bahu nijiru.Isaan keessaa muraasni kan akka qabee aannanii, qorobee (meeshaa aannan ykn bishaan ittiin dhugan kan boqqee irraa hojjetamu, kan qadaanni isaa illee buqqee ta'e), halbee, gabatee, elemtuu, qabee damma ittiin biifan (quluu), xuwwee buna itti daffisan, xuwwee ittoo itti qopheessan, uffata aadaa, nyaata aadaa Oromoon dur irraa qabee sooratu(foon, damma, aannaniifi dhadhaa),eelee bidden itti tolchan,jaaloo(meeshaa bishaan dhugiitii itti kuusan) eelee buna itti akaa'an,gingilchaa, gundoo, qorxii(meeshaa bidden keessa kaawwamu kan migara ykn meexii irraa tolfamu)fi meeshaalee soorata itti bilcheessaniifi kkf. dhuunfata.(Barruu, WAT Aanaa Hidhabuu Abootee, 2010)

**2.9. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'ureeffate**

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxinni itti gargaaramanii qorannoo sana adeemsisan murteessadha.Yaaduma kana deeggaruun Filee (2016:46) yoo ibsu,

> *Gosa qorannoo kamuu keessatti yaaxxinni (yaadiddamni) kallattiifi xurree qorannoo namaatti agarsiisuu yookaan ibsuuf gahee olaanaa qaba.Yaadiddamni ijoo mata duree qorannoo tokko waliin walitti dhufeenya qabu filachuun kallattii qorannoo itti agarsiisuudhaaf, malleen qorannoo daran barbaachisoo tahan filachuudhaaf, yaada adda addaa walbira qabanii madaaluudhaaf, qeequudhaaf akkasumas, sakatta'a barruu, ka'umsa qorannoofi kaayyoo qorannoo tokko galmaan gahuu keessatti daran murteessaadha*.

Akka yaada hayyuu kanaatti qorannoo geggeeffamu kamuu irratti yaaxxinni shoora olaanaa akka qabu ibsa.Yaaxxinni qorataan tokko filatu immoo mata duree isaa faana kan hariiroo qabu ta'uu akka qabu nama hubachiisa.

Qorataan qorannoo kanaas, yaaxxinaalee qorannoo kana gama faayidaa barsiifanni hawaasaaf qabu ibsuun, barsiifata hawaasaa irra deebi'uun barreessanii olkaa'uun aadaafi barsiifanni hawaasaa uummataaf bu'aa buusuufi haala sirni adda addaa keessattuu adeemsi SirnaAyyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa qaaccessuuf qorannaa kana milkeessuufi qorannoo kana nideeggaru jedhee kan yaade, qoratichi kanneen akka: yaaxxina faayidaa (funcational theory), yaaxxina deebisanii ijaaruu (reconstrustructio/revitalization theory),yaaxxina aadaa hawaasaa (folk cultural theory), yaaxxina aadaa hawaasaa bu'ureeffate(Cross -Culture theory)fi yaaxxina jijjiiramummaafi luufummaa (change and continuity theory) xiinxaaluun akkaataa armaan gadiitiin ibsuun qorannoo geggeesse akka fiixa bahuuf yaaxxinaalee tuqaman kanneenitti dhimma bahee jira.Fookilooriin

yaadiddamoota garaa garaa of keessaa qaba.Yaadiddamoonni kunneen tokkoo tokkoon isaanii faayidaa fookilooriif gumaachan waan qabaniif akkataa armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 2.9.1. Yaaxxina Faayidaa (Funcational Theory)

Yaaxxinni kun kan bu'uure barataa Melville Herskovits, kan ta'e nama William Bascom jedhamuuni.Akka yaada Bascomitti aartiin mallattoo 'verbal art' jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaarramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli garaa garaa qabus akkasiin ilala: mammaaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara; hiibboon dhugaa qara; durduriin amala sirreessa akkasumas, safuu hawaasaa eeguun waan baramoo ta'an, jechoota baramoon ykn kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsa; nama bashannansiisa; sirbi onnee gootaa cimsa. (Bascom, W.R. (1965)

Qorannoon kun yaaxxinaalee jiran keessaa tokko kan inni bu'ureeffate yaaxxina faayidaati. Yaadiddamni kun faayidaawwan fooklooriin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu kallattii adda addaan ibsuuf karaa namatti akeekuudha.Yaada kana ilaachisuun Fileen yoo ibsu, "Yaadiddamni tajaajilaa adeemsa sirnootaafi ayyaanota adda addaa faayidaa isaa, gahee meeshaaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qabu akkasumas, hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabu qorachuu keessatti gahee olaanaa qaba" .Akka yaada beekaa kanaatti, adeemsi sirnoota hawaasa tokkoo, fayidaa ayyaanonni hawaasaaf qaban, shoora meeshaaleeniifi afoolli hawaasichaa qabu, hirmaannaafi fedhii hawaasni warraaqinsa aadaa isaaf qabu qorachuuf yaaxxinni faayidaa/tajaajilaa gahee kan qabu ta'uu isaati.

Hayyoonni adda addaa yaaxxina faayidaa (tajaajilaa) deeggaruun ni'ibsu.Simsfi Stephens (2005:174-175) yaaxxina kana yoo ibsan, "Yaaxxinni kun fooklooriin hawaasa sanaaf faayidaa maalii akka qabu keessatti kan ilaaluudha" jechuun ibsanii jiru.

Akka hayyoota kanaatti Fooklooriin faayidaalee akka: barsiisuu, aadaa kunuunsuu, jijjiirama amalaa fiduu, tokkummaa hawaasaa cimsuufi k.k. f fa'a.

Yaxxinni faayidaa gama wanta aadaa akkasumas, gooroowwan fookloorii biroon hojiirra ooluu nidanda'a. Saafii (2009) Bogatyrev wabeeffachuun yaaxxina faayidaa gama afoolatiin hojiirra ooluu yoo ibsitu,

> *Yaaxxinni faayidaa afoolli saba tokkoo akka gadi fageenyaan haala saayinsaawaa ta'een ibsamuuf kan tajaajiluudha. Kanaafuu, namoonni afoolaatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii ykn faayidaa isaa irratti hundaa'anii akka itti fayyadamaniif kan caarraa kennuudha.Waan kana ta'eefis, akka yaaxxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaallame hiika qabaachuu hindanda'u. Kanaafuu, qo'annoon afoolaas gama faayidaa isaatiin geggeeffamuu qaba jechuun tajaajila yaaxxinni faayidaa qo'annoo afoolaa keessatti qaba* jechuun ibsitee jirti.

Akka yaada waraabbame kanaatti akkaataan afoola jiruufi jireenya saba tokkoo keessatti itti dhimma bahamu karaa sirriifi sirriin ta'uu akka qabuudha.

B'uuruma yaaxxina kanaatiin qorannaan kunis, wantoota kabaja Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti raawwataman kan hawaasni Oromoo durii jalqabee ittiin tajaajilamaa aadaa isaa ibsataa tureefi karaa ogafaanii qofa dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture keessaa tokko adeemsa sirna raawwii Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo bal'inaan, gadi fageenyaaniifi karaa saayinsaawaa ta'een, barreeffamaan qindeessuufi qaacceessuun faayidaa kabajni Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo hawaasa keessatti qabu addeessuu(ibsuu) irratti fuulleffachuun qorataan kun qorannoo geggeessee jira.

**2.9.2. Yaaxxina Deebisanii Ijaaruu (Reconstrustructio/Revitalization Theory)**

Yaaxinni kun beektota afoolaatiin kan bu'ureeffameedha.Yaadiddama kana ilaalchisee Filee (2016:48) yoo ibsu, "Yaadiddamni kun biyya Jaappaanitti, nama Jacob jedhamuun kan hundeeffame yommuu ta'u, kunis yaada duraan jiru deebisanii jajjabeessuufi cimsanii qorachuu irratti xiyyeeffata" jechuun ibsa.
Akka yaada waraabbame kanaatti, wantoota ammaaf kan bu'uura ta'e waan durii sababii ta'eef, deebisanii jajjabeessuufi ammas cimsanii qorannoo geggeessuu akkasumas,wantoota durii duubatti deebi'uun ilaaluun barbaachisaa ta'uu isaati.Haaluma ibsa yaaxxina kanaatiin qorannaan kunis duudhaa hawaasni dur irraa kaasee itti dhimma bahaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru garuu, kan baraa baratti dhiibbaa adda addaatiin laafaafi irraanfatamaa dhufe "Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa:haala qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee) Aanaa Hidhabuu Abootee" qaaccessuun kan geggeeffameedha.

### 2.9.3. Yaaxxina Aadaa Hawaasaa (Folk Cultural Theory)

Yaadiddamni(yaaxinni) kuni akkaataa yookaan haxaalee ammayyummaan meeshaalee aadaa hawaasa tokkoo ittiin ibsamu, itti fayyadamuufi qoratamu akkasumas, akkaataa hawaasni tokko beekumtaa(fookloorii) isaa itti gargaaramee oomisha isaa oomishee ittiin jiraatu, hojiirra oolmaa meeshaalee aadaa irratti wantoota dhiibbaa keessaafi dhiibbaa alaa geessisan kanneen guddina hawaasa tokkoo irratti rakkoo fidan, akkaataa aadaan hawaasa tokkoo aadaa hawaasa biroo irratti dhiibbaa fiduu danda’an qorachuuf kan gargaaruudha.Yaada kanas,Bauman(2005:87) yemmuu ibsu, “Folk cultural theory focuses on the study of modern material culture, economic production and distribution, the psychological types of the artists, external influence of taste and demand affecting the folk community, the ecological factors controlling the raw materials and the traditional techniques manipulated by the artist.”

Yaada waraabbame kana irraa wanti hubatamu, yaadiddamni aadaa hawaasaa qorannoo meeshaa aadaa ammayyoome, misoom-diinagdeefi faffaca’inaafi aadaan hawaasa tokkoo kanneen biroo irratti akkaataa inni dhiibbaa irraan gahu qorachuu irratti kan xiyyeeffatu ta’uudha.Ibsa yaaxxina kanaa bu’ureeffachuun wantoota sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo akka laaffatan taasisan addaan baasuun qaacceffamee jira.

### 2.9.4. Yaaxxina Aadaa Bu`uureeffate (Cross -Culture Theory)

Akka amantaa beektota dayeessa kana maddisiisaniitti, afoola kamuu kan garee hawaasa garaa garaa keessa jiru hammamtan isaa garaa garummaa qabaatuus, aadaa garee hawaasa sanaa calaqqisiisa.Fookloorii garaa garaa keessatti akkaataan ittiin fooklooriin sun hurruubamus ta`ee, seeneffamu aadaa hawaasa itti gargaaramu sanaa bu`uura godhachuuni.

Garee hawaasaa gidduu garaagarummaan aadaa jiraatus hawaasni hunduu aadaa mataa isaa qaba.Aadaa kana keessatti immoo waan irraa maquufi waan itti maqu qaba; waan kallattiin itti gargaaramuufi itti hingargaaramne.Fooklooriin tokkos yommuu hojiirra oolu dhugaa kanaa alaa ta`uu hindanda`u.Kanaafuu, qorannoon kunis aadaa hawaasa Oromoo bu’uura taasifachuun kan dalagame ta’uu isaati.

### 2.9.5. Yaaxxina Jijjiiramummaafi Luufummaa (Change and Continuity Theory)

Akka yaaxxina kanaatti jiruufi jireenyi hawaasaa akkuma jijjiiramaa deemu fooklooriinis faana jijjiiramuu qaba malee tajaajilaan ala ta'uu hinqabu.Kana jechuun, fookloorii hawaasa tokkoo irratti jijjiiramni dhufuu danda'uu isaafi fooklooriin sun immoo tajaajilaan ala ta'uu akka hindaneenyeedha.Walumaa galatti, qorannoon tokko yaaxxinoota gargaaraa bu'ureeffachuu danda'a.Kanneen keessaa Adeemsi Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kun yaaxxinoota armaan olitti ibsaman shananitti gargaaramuun haala naannoo keessatti argamaniifi faayidaalee isaa qorataan qaaccessuun dhimma itti bahee jira.

## 2.10. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorannoowwan garagaraa kan armaan dura gaggeeffaman sakata'amanii jiru.Hanga ammaatti qorannoon kallattiidhaan mata duree kana irratti gaggeeffame hinjiru. Haata'u malee, qorrannoon qonannaa kanaaf aantee ta'e, Yuunivarsitii Haramayaatti Getaachoo Dhugaasaa mata duree Qaaccessa Faaruu Waaqeffannaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Sooddoo Daaccii mata duree qorannaa isaan qorataan kun walcinaa qabee yoo ilaalu akka armaan gadii fakkaata.Walitti dhufaanyaafi garaagarummaan qorannoowwan kun waliin qabu ilaaluun amanamummaafi gabbina yaadaa nicimsa.

Getaachoo Dhugaasaa Bara 2018tti waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) guuttachuuf Yuunivarsitii Haramayaatiif dhiyeesse, kan waa'ee faaruu Waaqeffannaa Uummata Oromoo Sooddoo Daaccii irratti kan xiyyeeffateedha.Innis aadaa Uummata Oromoo Sooddoo Daacciitiin walqabsiisee wantoota garagaraa kaasee jira.Kana malees kaayyoo qorannoo isaa keessatti inni guddaan faaruu Waaqeffannaa galumsa raawwii amantichaa keessatti funaanuu, qaaccessuufi akka ambaa hawaasaatti kunuunfamee akka tursiifamu taasisuudha.

**Walfakkeenya Qorannoo Geetaachoofi Qorannoo Kanaa**

- Qorannoowwan lamaanuu keessatti waa'een Jeekkarsa Amantii Waaqeeffannaa ibsamee jira.
- Qorannoon lameenuu dhimma Amantii Waaqeeffannaa kaasanii jiru.
- Qorannoowwan lamaanuu namoota mata duree kanniin irratti qorachuu barbaadaniif karaa saaqa.

**Garaagarummaa Qorannoo Geetaachoofi Qorannoo Kanaa**

- Qorannoon kun Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeeffannaa irratti kan xiyyeeffatamee qoratame yoo ta'u, garuu qorannoon

Getaachoo kan inni irratti xiyyeeffate faaruu Amantii qofa irratti; inni kun immoo qorannaa kana keessatti akka sirnaatti mata duree tokko jalatti ilaalamee jira.

- Qorannoon kun Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee irratti kan xiyyeeffateedha. Garuu, qorannoon Getaachoo faaruu Waaqeffannaa Uummata Oromoo Sooddoo Daaccii irratti kan daangeffameedha.
- Qorannoon Getaachoo gooroowwan fookloorii keessaa kan inni irratti xiyyeeffate afoola irratti;

garuu, qorannoon kun duudhaa hawaasaa irratti kan xiyyeeffateedha.

Walumaagalatti qorannoo kana keessatti wantoonni qaacceffaman adeemsa sirna raawwii kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo, ergaa Jeekkarsi sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti qabu, dhiibbawwaniifi qamoolee guddina Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo duubatti harkisan, faayidaa kabajni sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo jiruufi jireenya Oromoo keessatti qabuufi sadarkaa kabajni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa irra jiru qaacceffameera.

# BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

Kutaa kana keessatti kan ilaallamu saxaxa, mala qorannoo akkamtaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, keessaa mala miti carraa, mala iddatteessuu miti carraa keessaa immoo akkayyoofi darbaa dabarsaa, tooftaa funaansa odeeffannoo daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffataa akkasumas,mala qaaccessa ragaa kan of keessatti hammateedha.

## 3.1. Saxaxa Qorannoo (Research Design)

Qorannoo geggeeffamu tokko keessatti kallattiin raawwii hojii qorannichaa maal akka ta'e ibsuun hedduu barbaachisaadha.Dhimmoota qorannicha keessatti akka ijootti kaa'aman maal irratti xiyyeeffachuu akka qaban addaan foo'achuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf fayyada; inni kun immoo saxaxa qorannooti.Saxaxa qorannoo ilaalchisee Filee (2016:55) Victor (2009) wabeeffachuun akkas jechuun ibsa: "The research design is a plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going."

Akka yaada waraabbame kanaatti, saxanni qorannoo tokkoo qoraataan (qorattuun) maal, akkamitti, isa kam, eessatti akka qoratu (qorattuu)fi yoom akka qoratu(qorattu) kan murteessu akkasumas, gaaffiilee qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argamuu beekuuf kallattii namatti kan agarsiisuudha.

Saxanni qorannoo tooftaa qorataan ittiin qorannicha adeemsiseefi filate kan addeessuudha.Haaluma kanaan qoratichi Aanaa Hidhabuu Abootee qorannoo "Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa:Haala Qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa(Salaalee) Aanaa Hidhabuu Abootee" adeemsisuuf mala iddattoo miti-carraatti dhimma bahuun iddattoo akkayyoofi darbaa dabarsaa filachuun tooftaalee funaansa ragaa kan ta'an keessaa immoo daawwannaa,afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataatti gargaaramuun yaada odeefkennitoota irraa sassaabame xiinxaaluun qaaccessee(hiikee) jira.

## 3.2. Irraawwatamaa Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo ta'anii kan tajaajilan hawaasa Aanaa Hidhabuu Abootee jiraataniidha.Keessattuu gandoota aanicha keessatti argaman keessaa gandoonni sadi (Ganda Dabala Bokkooloo, Ganda Gidaaboo Goorgisiifi Ganda Magaalaa Ejeree 01) filatamaniiru.Qorannoon tokko irraawwatamaa qabaachuu qaba.Kanaaf, qorannoon qorataan geggeessuuf ka'e kunis irraawwatamaa niqabaata.Yaada kana Addunyaa (2011:64) yoo ibsu, "Qorannoon irraawwatama namootaafi dhimmoota

qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuuf, kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatiin kan uummame"jedha.Yaada kanarraa akka hubannutti,qorannoon kunis irraawwatamni isaa hawaasa Godiina Salaalee Aanaa Hidhabuu Abootee irratti kan raawwatamuufi namoota ayyaana kana kabajan irratti kan rawwatamuudha.

### 3.3. Mala Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessuudha. Akkaataa yeroo, baajata qusatuufi kaayyoo qorannichaas galmaan ga'uu danda'u irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun kanneen bakka bu'an murteessuudha.Iddattoon qorannichaas hawaasa Aanaa Hidhabuu Abootee jiraatan keessaa namoota muraasa hirmaachisuun yoo ta'u, iddattoon kunis "Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa: Haala Qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee) Aanaa Hidhabuu Abootee" keessa jiraatan keessaa namoota adeemsa sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti hubannoo qaban jedhamanii amanaman irraa odeeffannoon argame qindaa'ee qaacceffamee jira.

Qorataan qorannoo kana geggeessuuf malli iddatteessuu dhimma itti bahe(filate) mala iddatteessuu miti-carraa kanneen ta'an,iddattoo akkaayyoo(purpose sampling)fi iddattoo darbaa dabarsaa(snow ball sampling) jedhamanii waammamaniidha.Kana irratti hundaa'uun qaamni qorannoo kana keessatti akka iddattootti filataman gandoota aanichaa hedduu keessaa gandoota sadi filachuun gandoota kanneen keessaa maanguddoota,beerran,geggeessitoota Amantii Waaqeeffannaa, qeerroofi qarree irratti xiyyeeffachuun dhiiroota lakkoofsan kudha shan(15) ta'aniifi dubartoota afur (4) waliigalaan namoota kudha sagal (19) irraa ragaan kan funaannameedha.

### 3.4. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda raga tokkoffaafi madda ragaa lammaffaadha.Sababni isaas maanguddoota Aanaa Hidhabuu Abooteefi namoota dhimma qorannoo kanaa nibeekan jedhamee yaaddamu keessaa namoota dhimma kanarratti hubannoo guddaa qaban akkasumas, ragaalee barreeffamaa Waajjira Aadaafi Turiizimii aanichaa irraa kan walitti qabamee qindeeffameedha.

### 3.5. Tooftaalee Funaansa Odeeffannoo

Fiixa-bahiinsa qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin funaanu adda baasee beekuun barbaacisaadha.Qorannoo kana gaggeessuuf qoratichis haala qorannoon kun fiixa ba'uu danda'uun maloota odeeffannoo ittiin funaannamu mata duree kanaaf tolu xinxaaluun kanneen mijatoofi odeeffannoo gahaa ni'argamsiisu jedhee filateen qorannoo kana keessatti teechisuun qorannoo kanaaf ragaa ittiin funaannatee jira.Qoratichi tooftaalee funaansa odeeffannoo keessatti tajaajilan keessaa daawwannaa,afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataan meeshaalee waraabbii deeggaramee bal'inaan fayyadamee odeeffannoo funaane qaachessee jira.Sababiin isaas qorannichi duudhaa hawaasaa irratti waan xiyyeeffatuuf, kallattiin keessatti hirmaachuun daawwachuufi waraabbii fayyadammuu, odeeffannoo haala kanaan argachuu rakkisu immoo garee hawaasaa dhimmicharratti hubannoo qabu jedhamee yaadameef af-gaaffii dhiheessuun ragaa funaanuun waan mijatuuf gargaaramee jira.Gareedhaaf af-gaaffiin kan barbaachiseef immoo hubannoo qaban wal yaadachiisuun odeeffannoo qabatamaafi gahaa akka kennaniifi.

#### 3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan tooftaalee funaansa ragaa keessaa isa tokko;odeeffannoo jalqabaa qorannoo tokkoo argachuuf tooftaa gargaaruudha.Qorannoo "Qaaccessa Adeemsa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeeffannaa:Haala Qabatamaa Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee) Aanaa Hidhabuu Abootee" kan jedhu keessatti qorataan adeemsa daawwannaatti fayyadamee eenyutu maal akka raawwate, yeroo akkamiitti akka raawwatame, walduraa duuba sagantaa geggeeffamuu, meeshaalee Ayyaana kana keessatti barbaachisan, dhangaalee qophaa'aniifi maal irraa akka qophaa'an, hirmaattonni ga'ee akkamii akka qaban, meeshaalee barbaachisan,uffata guyyaa sirnichaa uffatamuufi kkf irratti odeeffannoo gahaafi dhugaa irratti hundaa'e argachuuf yoomessa dhugaa keessatti argamuun qorataan ragaa kan walitti qabateedha.Gama biraatiin qorataan daawwannaa tooftaa funaansa ragaa kan jalqabaa sababa taasifateef niqaba.Kunis waan daawwate irraa ka'ee af-gaaffii yeroo taasisu namoonni odeefkennitoonni(namoota ragaa irraa funaannatu) ragaa sirrii ta'e kennuufi kennuu dhabuu isaanii ittiin mirkaneeffachuuf kan isa gargaaru waan ta'eef, tooftaalee funaansa ragaa jiran keessaa jalqaba irratti dhimma itti bahuuf filannoo jalqabaa taasifatee jira.

### 3.5.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosoota tooftaalee funaansa odeeffannoo keessaa isa tokko; yeroo hedduu namoota barreessuufi dubbisuu hindandeenyeef kan dhihaatuudha.Qorataafi odeeffannoo kennaan fuulaa fuulatti wal arganii odeeffannoo waliif kennu.Kunis haqummaa (dhugummaa) qorannichaa mirkaneessuuf odeeffattoota dhimmicha gadi fageenyaan beekaan gaafachuuf mijataa akka ta'uuf gargaara.Kaayyoo af-gaaffiidhaan odeeffannoo aadaa(beekumtaa) walitti qabatan mirkaneeffachuuf yookan deebiiwwan daawwannoo, waraabbii yookan marii garee keessatti hindeebine deebisuuf yookan qaawwa jiru duuchuudhaaf faayidaa guddaa qaba.

Af-gaaffii Yaalewu (2017) yoo ibsu, af-gaaffiin gaaffii afaaniin gaaffachuuf qophaa'e gaaffachuudha.Kan gaaffii gaafatuufi kan deebii kennu fulaa fulaatti walargu.Gaaffataan gaaffiilee deebisaaf nidhiheessa; ni'ibsa; gaaffii kan deebisu faana fuulaa fuulatti wal argee odeeffannoo funaannachuuf dhama'a jechuun ibsa.

Af-gaaffiin kan namoota dhimmichi ilaallatuuf eenyummaafi kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa funaannatamuudha.Kanaafuu, tooftaa funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun gaaffiilee daanga'oofi banaa qopheessudhaan maanguddoota Aanaa Hidhabuu Abootee, qeerroowwan, qarreewwaniifi geggeessitoota Amantii Waaqeffannaatiifi qaama dhimmi ilaallatuuf kan dhihaateedha.Af-gaaffiin gosoota adda addaa qabaatullee, qorataan kun af-gaaffii qindaawaafi alqindaawaa fayyadamee qorannoo isaa hojjetee jira.Sababiin afgaaffii qindaawaafi alqidaawaa akka gargaaramu kan isa taasise immoo gaaffii odeef-kennitootaaf qopheeffatee gaafachuufi deebii isaan laatan bu'uura taasifatee gaaffiilee biroo gaaffachuun odeeffannoo qorannoo isaaf isa gargaaru sassaabbachuuf waan isaaf mijatuufi.Af-gaaffii qindaawaa(structured interview) ilaalchisee Yaalewu(2017) yoo ibsu, af-gaaffii qindaawaa jechuun qorataan gaafatamaaf gaaffii barreeffamaan duursee qophaa'eefi sanaan ala kan itti hindabalamne yoo ta'u,deebii ta'uuf kan filataman dhuunfata jechuun ibsa.Malli kun odeeffannoo qorannoo kanaaf daawwannaadhan argachuu hindandeenyeefi warreen odeeffannoo bal'aa ittiin barbaadanii sirriitti qulqulleeffachuuf kan qoratichi qorannoo isaa keessatti sadarkaa 2$^{ffaa}$tti dhimma itti baheedha.

### 3.5.3. Marii Garee Xiyyeeffataa

Malli kun namoota waa'ee mata duree qorannoo sanaa beekan walitti qabuun odeeffannoo barbaachisu irraa funaannachuuf nama gargaara.Kana jechuunis isa namni tokko beeku kan tokko dagate inni biroon itti ida'a.Kanaafuu, odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf tola.Kun immoo qorataan odeeffannoo kennamu dhaggeeffatee yaadannoo qabachuufis ta'ee sagalee wabeeffachuuf salphata.

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisan tooftaa funaansa odeeffanno tokko qofaan argachuun rakkisaadha.Waan kana ta'eef, af-gaaffii gareedhaaf mijaataa ta'eefi kaayyoo qo'annichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisadha.Gama biraatiin mariin garee gurmuu qindaa'ina qabu kan barbaaduudha.Yaada kana David E.(2004 :230 ) yoo ibsu, "Focus group can be allow cost way of collecting data; but require aconsiderable amount of coopration and enthusiasm from participants" jedha.Akka yaada kanatti af-gaaffiin gareen xiyyeeffatame hanga danda'ameetti karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara.Haata'umalee, odeeffattoonni tokkummaafi fedhii cimaa qabachuun hedduu barbaachisaadha.Tooftaan kun odeeffannoo namni tokko dagate osoo hinhimiin dhiise akkasumas, yoo dogoggore akka walyaadachisaniif irratti mar'atanii odeeffannoo gaarii argamsiisuuf gargaara.Yaada kana Neuman ( 2007) akka ibsetti, isa namni tokko beeku inni biraa hinbeeku, kan tokko dagate ,inni biraa itti dabaluu nidanda'a.Odeeffannoo dhugaafi amansiisaa ta'e argachuuf qorataan sirriitti dhaggeeffachuu, yaadannoo qabachuufi suursagaleen waraabuun barbaachiisaadha jedha jedha.

### 3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kun mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadame yemmuu ta'u, kunis odeeffannoo akkamtaa gaaffiilee maalii?Akkamitti?Jedhuuf deebii kennuuf kan caraaquufi dhimmoota qorannichaa keessatti dhihaate cufa jechaan kan ibsu waan ta'eefi.Gabaabumatti, malli odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin ibsame mala qorannoo akkamtaati.Kunis odeeffannoon argame lakkoofsan osoo hintaane jechootaan kan ibsamu waan ta'eefidha.Haaluma kanarraa ka'uudhaan ragaaleen qorannoo kana keessatti daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffataa irraa argaman mala qorannoo ibsaatti fayyadamuun ibsamanii jiru.

### 3.7. Naamusa Qorannoo

Qorannoon yeroo geggeeffamu adeemsaafi naamusa maataa isaa niqaba.Naamusni qorannoo geggeessuus, qorataan of eegganoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan geggeessutu irraa eeggama.Kunis hawaasa sanaan walfakkaatanii akka isaaniitti yaaduufi raawwachuun safuufi safeeffannaa hawaasichaa eegaa itti deemuudha.Neuman(2007) seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qoratichi icciitii irraa qoratu eeguufi iddattoota isaa kabajuun odeeffannoo barbaachisaa argachuuf kan adeemsifamu ta'uu qaba jedha.Haaluma kanaan qorataan kunis hawaasa wajjiin turee duursa waan gochuu qabuufi gochuu hinqabne duursee gaafatee odeeffannoo walitti qabatee jira.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqannaa kana keessatti ragaaleen qorannichaa mala qorannoo ibsaa fayyadamuun kan funaannaman qaacceffamanii hiikkamanii jiru.Kunis odeeffannoowwan walitti qabamuun argaman mata duree adda addaatti qoqqooduun erga tartiibeffamanii booda qorataan qaacca'uun hiikni itti laatamee jiara.Haaluma kanaan odeeffannoon ijoon boqonnaa kana jalatti, adeemsa sirna raawwii kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo, ergaa jeekkarsi sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti qabu,dhiibbawwaniifi qamoolee guddina sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo, faayidaa kabajni sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo jiruufi jireenya Oromoo keessatti qabuufi sadarkaa kabajni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa irra jiru qaacceeffamanii jiru.

### 4.1. Adeemsa Sirna Raawwii Kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo

Mata duree kana jalatti maalummaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo, hirmaattota Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi raawwi kabaja ayyaanicha duraafi yeroo raawwii ayyaanichaa qindaa'uun ibsamanii jiru.Mata duree gurguddaa shaniifi mata duree xixiqqaa biroo kan of keessaa qabuudha.

Ayyaanota gurguddoo Uummanni Oromoo kaleessa gaafa heera isaatiin bulaa ture sanaafi har'as waliin kabajatee irraa milkaa'aa jiru keessaa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo isa tokko.Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo jechuun, Ayyaana dhaloota keenya warra darbanii, warra gubbaa kanaa nu qaban, warra lafaafi qabeenya dachee gubbaa kana jiru mukaafi citaa taatullee nutti dhiisanii darban ittiin yaadannuudha.Waaqeeffattoonni Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kan geggeessaniif, yoo nuti waan qabnuun lafa irratti isaan yaadanne nuunis ayyaanni isaanii nu yaadata; nu qananiisa jedhanii dhageeffatu.

Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Uummata Oromoo biratti osoo sagantaan halagaa sagantaa isaa harkaa hinbaasin hiikoo guddaa kan qabuufi Ayyaana gamtaan dhaloonni kabaju ture. Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ayyaana yaadannoo wareegamtoota Oromoofi Ayyaana Yaadannoo Booranaafi Bareentummaati; Ayyaana warra nu dhalanii darbanii, warra biyyaafi biyyoo, uummata asirra jiru kana, mukaafi citaa jiru kana warra lubbuun jiranitti dhiisanii darbaniiti jechuun Obboo Kaffaalaa Katamaa gaafa 20/05/2012 ibsaniiru.

Ayyaanni yaadannoo Ayyaana Uummanni Oromoos dur irraa kaasee ayyaaneffachaa tureedha. Garuu, aadeemsa keessa amantiiwwan koloneeffattoonni alaa fidanii dhufaniifi sirni Habashaan diriirsaa tureen, Uummata Oromoo irratti humnaafi tooftaalee biroo fayyadamuun sagantaa Oromoon dur ittiin jiraachaa, waljiraachisaa tureefi ittiin waliigalee wal jala yaa'aa ture ykn tokkoomaa ture akkuma harkaa bahaa dhufe sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoos dagatamaafi laafaa dhufe jechuun dargaggoo Saaqaa Asmaraa af-gaaffii qorataan gaafa 07/05/2012 taasisen ibsee jira.

Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Uummata Aanaa Hidhabuu Abootee biratti Ayyaana milkaa'ina guddaa qabuufi hiikoo dhimma eenyummaa qabu akka ture akkasumas, Oromoon osoo hinjaalatin humnaan mo'amee sagantaa abbaa isaafi haadha isaa kabajuu dhiisee, kan halagaa jala deemuu eegale; garuu,dhalataan Oromoo tokko tokko immoo halkan daheeffachuun garboonfattootaafi jala deemtota Habashaa dhokachuun sagantaa ofii mararfachuu irraa kan ka'e dukkana uffatee Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeeffataa ture jechuun maanguddoon umuriin isaanii waggaa 80 ta'u, Addee Xuruu Adal odeeffannoo argachuuf af-gaaffii qorataan gaafa 05/04/2012 taasise irratti himanii jiru.

Akka gaaffiifi deebii 23/05/2012 Boggee Gaarii waliin taasifame irraa odeeffannoon argame mul'isutti(hubachuun danda'ametti), maalummaa Ayyaana Yaadannoo yeroo ibsan, Ayyaana dhaloota darbe yaadachuuf geggeeffamu ta'ee, dhaloota darbeef yaadannoon akka ta'u, dhaloota jiruuf immoo ayyaantummaan akka cimu,qananiin akka jiraatu, dhaloonni akka ofta'ee akka walta'uuf akkasumas, abbaa waan ofii akka ta'uuf, Ayyaana Galmatti Oromoon waliin geggeeffataa tureefi har'as hamma tokko geggeeffachaa jiru keessaa isa tokko akka ta'eedha.



**Suuraa-1:** Af-gaaffii gaafa 23/05/2012 Boggee Gaarii waliin taasifame.

Akka waliigalaatti, Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti kan hirmaatu Oromoofi jaalattoota duudhaa Oromooti.Akka odeeffannoon marii xiyyeeffataa Garee A1 gaafa guyyaa 03/06/2012 irraa argame ibsutti, waliigala isaa sagantaan Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kan bareeduufi kan tolu dhaloonni sagantaa kana faayidaafi milkii isaa beekan, Waaqeffattoonni yeroo jiraatani.Ayyaanni Warra Abbaa Oromoo Uummata Oromoofi Afrikaa guutuu hirmaachiisuu kan danda'u gaafa ta'u, namni sagantaa Oromoo jaalatus akka namummaatti hirmaachuu nidanda’a.Haata’u malee, akka abbumaatti sagantaa kana gaggeessuu kan danda'u Uummata Oromoo qofaadha.Sababiin isaas, abbummaan Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo, Oromoodha waan ta’eefi.

Sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo akkuma ayyaanota biroo naannoo kanatti kabajamanii hirmaattota garaa garaa qabanii, ayyaanni kunis caasaa hawaasaa keessaa hirmaattota mataa isaa niqaba.Hirmaattonni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo moonguddoota, dargaggoota, shamarran, ijoolleefi daa’immani.Hirmaattonni ayyaana kanaa cufti gahee mataa isaanii qabu. Hirmaattonni sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo cufti gahee mataa isaanii niqabu.Akka af-gaaffii Ayyaantuu Garasuu waliin gaafa 10/04/2012 waliin taasifame irraa odeeffannoon argame mul’isutti, Uummanni Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee guyyaa sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo (ayyaaneffannaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo) keessatti caasaan hawaasaa kanneen qooda fudhatan: maanguddoota, haadholii, qeerroo, qarree, geggeessitoota Amantii Waaqeeffannaa, ijoolleefi daa’imman waliin akka hirmaataniifi gahee mataa mataa isaanii qabu.Hirmaattonni caasaa hawaasaa kunneen cufti gahee mataa isaanii kan qaban yoo ta’u, adda durummaan maanguddoonniifi haadhooliin saganticha jalqabaa hanga dhumaatti hoogganuun qindeessuu, korma qalmaaf oolu bituu,sagantaan galmatti eebbaan akka saaqqamu eebba eebbisuu, maalummaafi dhuftee Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi barbaachisummaa kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ilaalchisee dhalootaaf barnoota laachuu, korma qaluu, damma biifuufi kkf.Qeerroofi qarreen qophii ayyaana duraa irraa kaasee hanga xumura ayyaanatti gahee bahatan niqabu.Kunis, wantoota Ayyaana Yaadannoo geggeessuuf oolan kan akka qoraan cabsuu,iddoo hirmaattonni itti keessummaa’an qopheessuu, meeshaalee gabaa irraa bitaman bituu, barnoota maanguddootaan laatamu barachuufi tajaajila dhaloota barbaachisu kamiiyyuu kennuudha.Keessattuu ijoolleen shamarranii guyyaa ayyaanni kabajamu haadhoolii faana ta’uun nyaata qopheessuufi buna daffisuun gahee guddaa nibahatu.Akka yaada isaaniitti, Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo caasaa hawaasaa cufa ayyaana hirmaachisu ta’uu isaati.



**Suuraa-2:** Af-gaaffii Addee Ayyaantuu Garasuu waliin gaafa 10/04/2012 taasifame

Ayyaanonni hawaasa keessatti kabajaman adeemsa keessa cehanii ayyaaneffataman kan mataa isaanii qabu; akkasumas, wantoota sirnicha keessatti geggeeffamaniifi irratti fuulleffatanii ayyaaneffataman kan mataa isaani niqabu.Akka af-gaaffii maanguddoo Abbabaa Dabalee waliin Guraandhala 27/2012 geggeeffame irraa odeeffannoon sassaabbame addeessutti, sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti, qophiileen adda addaa akkaataa tartiibaafi barbaachisummaa isaanitti kan taasifaman gaafa ta'u, qophiileen kanneen walduraa duuba mataa isaanii qabu.Isaan kun immoo qophiilee jala bultii ayyaanaafi guyyaa ayyaanni ayyaaneffatamuuti. Qophiileen sagantaan laatameefi galmatti raawwatan tartiiba akkuma qaban qophiileen hirmaattonni ayyaanichaaf gara galmaa yeroo deeman taasisanis kan jiran taa’uudha.



**Suuraa-3:** Af-gaaffii gaafa 27/06/2012 Abbabaa Dabalee waliin taasifame.

### 4.1.1. Raawwii Ayyaanan Duraa

Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo geggeeffamu wantoonni barbaachisoo ta'an nijiru.Odeeffannoon marii garee A2 irraa gaafa guyyaa 26/06/2012 argame akka ibsutti, wantoonni Ayaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeessuuf barbaachisoo ta'an akkuma barbaachisummaa isaanitti kan qophaa'aniidha.Kunis akka dhaloonni sagantaa qopheessan haala mijeeffataniifi hirmaattoonni sagantaa kanaa itti qophaa'anitti qofa kan ta'u malee wanti dirqii jedhmus sagantaa kana keessa hinjiru.Kana jechuun osoo safuufi dhuudhaan hawaasaa hincabin jechuudha.Akka feeteen Uummata Oromoo biratti hinjiru; wanti kamuu sirna qaba.Raawwiin raawwatamu kamuu akkaataa itti raawwatuufi qaama raawwatu niqaba.

Akka aadaa Oromoo Aanaa Hidhabuu Abootee keessa jiraatuutti, Ayyaanni akka Ayyaana Warra Abbaa Oromoo yeroo kabajamuuf dhihaatu wantoota haawaasichaan raawwatu danuutu jiru.Kunis wantoota sirnicha kabajuuf isa barbaachisu cufaa qopheeffachuun wanta isa ijoodha.Akka af-gaaffiin Guraandhala 24/2012 Daadhii Dabalee waliin taasifame irraa odeeffannoon argame mul'isutti, hawaasni Aanaa Hidhabuu Abootee Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo kabajachuuf qophaa'u, wantoonni raawwataman baay'eedha.Wantoonni raawwatan kunniin immoo sagantaa(sirna) Galmattiifi galmaan alaa ta'uu malu.Isaaniis: korma qalmaaf ta'u bituu, midhaan biddeena (daabboo) ta'uu danda'u soranii daaksisuu, naannoo Galmaa qulqulleessuu, meeshaalee ayyaanicha geggeessuuf barbaachisan walitti qindeessuu, nyaata aadaa sirnicha irratti barbaachisu akka qophaa'u haal-duree teechisuu, guyyaa jala bultii dhaloonni yeroo gara Galmaa ykn gara ardaa jilaa deemu gabbi sayyoo jechuu, sirbuufi kkf.Akka marii garee A3 25/06/2012 geggeeffame irraa odeeffannoon sassaabbame addeessutti, jala bultiifi guyyaa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeeffamu hawaasni wanti inni taasisu waan baal'aadhatu jira. Isaan kunneen immoo haala armaan gadiin kan dhihaataniifi qaacceffamaniidha.

#### 4.1.1.1. Gabbi Sayyoo

Gabbi sayyoon walaloo afoolaa Uummanni Oromoo qabu ta'ee, yeroo jilaaf deeman(kabaja Ayyaana Irreechaa, Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo gara Galmaatti dhaloonni deemuufi Ayyaanota biroo kan Oromoon duudhaa isaa keessatti kabajachaa ture) kabajuuf (ayyaaneffachuuf) dhaloonni waljalaa qabee sagalee qalbii namaa booji'uun jechaa deemuudha.Dhaloonni hawwii (fedhannaa) keessoo isaatii qabuufi yaadannoo dhaloota darbaniif taasisu akkasumas, ayyaantummaa warra darbanii irraa qanani'uuf ykn waan gaarii biyyaa akka ta'u hawwuu isaa gabbi sayyoodhaan ni'ibsata.Gabbi

sayyoon nama baasuufi hirmaattota jalaa qaban qaba.Inni kunis walaloo bareedaa ta'een haala armaan gadiitiin kan dhihaateefi qaacceffameedha.

| Kan Gabbi Sayyoo Baasu | Warreen Sagalee Jalaa Qaban |
| --- | --- |

Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo…….Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee! …………Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee

Gadaa Oromoo yaa ulfaa koo gadoo…….Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobimee!………….Yaa Waaq sonii nuuf roobimee

Oromoo fuula baroodaa…………….

Yaa barii fuula Waaqaa lafaa gadoo………Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee!…………..Yaa Waaq sonii nuuf roobimee

Roobee lolaa lolaasee sa'aafi namaan nu badhaasee gadoo…Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee!………Yaa Waaq sonii nuuf roobimee

Oromoon korma qalee, kormi isaa biyya falee gadoo…..Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee!…….Yaa Waaq sonii nuuf roobimee

Oromoo waddeessa gurraa……..

Nu ofii Gadumaan bullaa gadoo…Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee!………Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee

Roobii lafa nuuf gahii gadoo……………Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee!……….Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee

Odaan Nabee magartuudhaa……….

Duudhaan ofii marartuudhaa gadoo…….Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee!………..Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee

Alangoo muuda hinhangafanii

Yaa Gadaa siin na waamanii gadoo……..Gabbi sayyoo biyya gabbisaa gadoo

Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee!…............Yaa Waaq sonii nuuf roobi mee

Kan Ayyoo Meetoo yaa tuma koo……….. nuuf tumsi mee

Kan Xabboo Waaqoo yaa tuma koo…… …nuuf tumsi mee

Gadaa Oromoo yaa tuma koo ….................. nuuf tumsi mee

Tumaa kalee yaa tuma koo………………...... nuuf tumsi mee

Jiruu deebisaa gadoo

Gabbi sayyoon bifa walalootiin dhihaate kun og-waloo Uummata Oromoo yoo ta'u, Oromoon yeroo gara Galmaa ykn gara ardaa jilaa deemu wal hamileessuufi Waaqni hongeefi haala yartuu isaan irraa qolatee roobaan akka isaan badhaasu, roobni immoo lafa gahee margaafi biqiltoota biro biqilchee dacheen magariisa taatee looniifi beeyladoonni biroo akka qani'an kadhannaa (galatoo) bifa faruutiin dhihaateedha.Gama biraatiin immoo Oromoo biratti Sirni Gadaa Oromoo tolfata uummatichaa isa jabaafi Oromoon uummata akkamii akka ta'eefi Waaqni illee maal akka ta'e dhalootatti kan himan Gabbisayyoon danda'amuu isaati.Fedhiin Oromoo Gadaan buluu akka ta'e illee ergaa walaloo afoolaa kana irraa nihubanna.Oromoon sirna halagaan tolcheen buluu akka hinfeene tutee walaloo afoolaa kana keessaa hubachuun nidanda'ama.

#### 4.1.1.2. Dhaloonni Galma Galee Iddoo Qabachuu

Dhaloonni Galmoota adda addaa irraa dhufaniifi hirmaattonni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuuf haala adda addaan afeerraman cufti iddoo niqabatu.Dhaloonni erga iddoo qabatanii booda sagantaan itti aanu sagantaa sirna kabaja Ayyaana yaadannooti.Innis akkaataa armaan gadiitiin mata duree raawwii yeroo ayyaanaa jedhu jalatti mata duree adda addaatti caccabee dhihaatee jira.

### 4.1.2. Raawwi Yeroo Ayyaanaa

Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti raawwiwwan gurguddoon guyyaa ayyaana kanaa kan raawwataniidha.Guyyaa ayyaana kanaas qorataan qorannoo kanaa ayyaana kana irraati hirmaatee daawwachuudhaniifi af-gaafii odeefkennitootaaf taasise irratti hundaa'udhaan jalqaba hamma dhuma guyyaa kanaatti duraa duubaan wantoota achi keessatti raawwatan bifa qidaa'aa ta'een dhiyeessee qaaccessee jira.

#### 4.1.2.1. Eebbaa

Sagantaan eebbaa sagantaa erga dhaloonni Galma galee iddoo qabatee sagantaa maanguddootan geggeeffamuudha.Sagantaaleefi ooltee bultee Uummata Oromoofi Gurraacha Arfirkaa ilmaan Kuush biratti eebbi iddoo guddaafi milkii guddaa kan qabuudha.Eebbi sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti kan sagantaan ittiin saaqqamuufi abdii milkaa'aa sagantichaa ta'ee kan fudhatamuufi maanguddotaan akka dhaloonni nuun deemaa jedhetti raawwatama.Eebba ilaalchisee odeeffannoon af-gaaffii gaafa 12/06/2012 Aadde Abbabachi Leenjisaa irraa argameefi odeeffannoo daawwannaa qorataan gaafa 08/06/2012 Galma Hundee Ganamaatti sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo irratti hirmaachuun odeeffannoo argate akkaataa armaan gadiitiin qindaa'ee dhihaatee jira.Aadaa

Uummata Oromoo keessatti eebbi iddoo guddaa qaba.Kan eebbisus irra caalaa maanguddoota.Haata'umalee, maanguddoonni hinjiran yoo ta'e, dhalootuma keessaa Booranaafi Bareentu ta'aa nuuf eebbisaa jedhamee eebbi eebbifamuu nidanda'a.Eebbi sababa eebbifamuuf qaba.Innis sagantaa Galmaa eegalsiisuuf, sagantaa Galmaa cufuuf, daa'imman haarawa dhalatanii gara dachee kanaa dhufanii miseensa Galmaa ta'uuf duursa ni'eebbifamu; dhaloonni akka milkaa'uuf eebba eebbifamuufi kkf maqaa dhahuun nidanda'ama.Eebba Oromoon Galma keessatti yeroo AYWAO kabaju eebbisu kan haala armaan gadiin dhihaateefi qaacceffameedha.

Waaqani nagaan nu bulche nagaan nu haa oolchu
Waaqni nagaan nu oolches nagaan nu haa bulchu
Toltuudhaan walitti nu haa oolchu
Mortuudhaan adda nu haa oolchu
Waaqni sonee nuuf haa roobu
Roobee rooba lafaan nuuf haa gahu
Laalaa ija hamaa nurraa haa qabu
Qalbisaa qalbiin isaa hamtuu nurraa haa qabu
Dubbataa arraba hamaa nurraa haa qabu
Dhalootaa dhugaa beeku nu haa godhu.
Ilmoon kan abbaa dhalchee yaa ta'u
Ayyaantummaan dhalootaa nu bira haa jiraatu
Gadaan bulla!

Eebbii maanguddootaan Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo eegalsiisuuf, akka sirnaatti tokko jedhee sagantaa eegalsiisuuf eebbifamu hawwii gaariin dhalootaaf akka jiraatuufi wanti fafee Oromoon hinfeene akkasumas, kan sagantaa Oromoo irratti hammeenya qabu dhabama akka taatuuf eebba eebbifamuudha.Kan hamaa dubbatee, hamaa nama dubbisu, ilmoo namaa garboomsee ergachuu kan yaaduufi kan dharaan booji'amee dhugaa dheeffu akka hinjiraanne ergaa eebbi kun of keessatti hammateedha.Bulchee kan oolchu,oolchee kan bulchu Waaqa ta'uu isaa Orromoon akka amanu eebba kana irraa hubachuun nidanda'ama.Hawwiifi fedhiin Oromoo yomiyyuu Gadaa isaatiin walbulchuu ykn ittiin buluu ta'uu isaa eebba dhihaaterraa nihubatama.



**Suuraa-4:** Hirmaattota Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo guyyaa 08/06/2012 Galma Hundee Ganamaatti

### 4.1.2.2. Jeekkarsa

Sagantaan jeekkarsaa sagantaa eebbatti aanee sagantaa Galma keessatti geggeeffamuudha.Jeekkarsi sagantaa dhaloonni Galmatti walgahee Waaqa ittiin galateeffatuudha.Gama biraatiin dhaloonni akka hinmukoomneef ykn sagantaa sana akka haalan hordofuuf sagantaa ittiin dhaloonni wal hamileessuudha.Gama biraan immoo jeekkarsi barnoota.Jeekkarsi maal akka ta'e, Tolasaa Daassee odeeffannoo gaafa 14/05/2012 qorataaf kenne irraa akka hubachuun danda'ametti,jeekkarsa jechuun faaruu Waaqeffattoonni yeedaloo mararaa ta'een Galmatti Waaqa ittiin galateeffatan yemmuu ta'u, jeekkarsi yeroo itti jeekkaramuufi akkaataa itti jeekkaramuun jeekkarsa ganama jeekkaramu, guyyaafi galgala jeekkaramutu jira; yeroo isaa irratti hundaa'ee jeekkaramuun eegalama.Kana keessatti dabareedhan jalaa qabdoonnis sagaleedhuma dura bahe sanaan jechuun yeedaloo jeekkaraan ittiin jalqabe osoo hinjijjiirin, itti fufuudhan jeekkaraan ammoo "Sokora" sagaleessudhaan jeekkarsicha hooggana.

#### 4.1.2.2.1. Jeekkarsa Ganamaa

Jeekkarsi guyyaa jeekkaeramu danuu yoo ta'u kanneen keessaa kan yeroo hedduu hordoftoota sagantaa Waaqeeffannaatiin jeekkaramu, "Yaa Waaq nagaan bulteedha".Isa kana ilaalchisee Tolasaa Daassee odeeffannoo gaafa 14/05/2012 qorataaf yoo kennu, Oromoon ganama Galma galee yoo sagantaa geggeeffatu sagantaa eebbaafi walbaruu dhalootatti aansee jeekkaruudha.Fakkeenyi jeekkarsa ganamaa haala armaan gadiitiin qindaa'ee kan dhihaateedha.

**Kan Jeekkarsa Baasu** **Kan Jeekkarsa Jalaa Qaba**

Yaa Waaq, nagaan bultee?.....................................Bulle; bultee?

Siifuu nagumanaan bullee; yaa leemmiyyoo….Siifuu nagumaan bullee; yaa leemmiyyoo!

Sokora..........................yaa leemmiyyoo.............Siifuu nagumaan bullee, yaa leemmiyyoo!

Sokora........................yaa leemmiyyoo............Siifuu nagumaan bullee, yaa leemmiyyoo!

Yaa Waaq, nagana jirtaa………………………..... Jirra jirtaa

Siifuu nagumaan jirraa kan hundaan irraa!.............Siifuu nagumaan jirraa kan hundaan irraa!

Sokora……………. kan hundaan irraa…………......Siifuu nagumaan jirraa kan hundaan irraa!

Sokora……………. Kan hundaan irraa!................Siifuu nagumaan jirraa kan hundaan irraa!

Jeekkarsi kun jeekkarsa ganama yeroo dhaloonni Galmatti walgahee jeekkaramuudha.Innis, "Yaa Waaq, nagaan bultee?" jechuun kan eegaluufi dhaloonni humna Waaqatiin oolee buluu isaa bifa galatootiin kan dhihaatudha.

**4.1.2.2.2. Jeekkarsa Guyyaa**

Hordoftoonni Amantii Waaqeeffannaa osoo sagantaa geggeeffatanuu yoo guyya'e jeekkarsa guyyaa jeekkaramu isa Garraacha leemoo rooba taliilaa jedhu jeekkaruun sagantaa isaanii itti fufanii geggeeffatu.Yeroo guyyaa dhaloonni sagantaa eebbaafi walbaruutti aansee jeekkarsa galateeffannaa nijeekkaru.Isa kana ilaalchisee Girmaa Margaa18/05/2012 qorataaf yoo odeeffannoo kennu, dhaloonni yeroo sagantaaf guyyaa galma turan nijeekkaru; kan jeekkaranis galateeffannaa Waaqaafi keessa beekessaan immoo jeekkarsi barnoota Amantii Waaqeeffannaa akka ta'eedha kan dubbatan.Inni kunis akka fakkeenyatti kan armaan gadiiti.Jeekkarsi guyyaa jeekkaramu yeroo baay'ee "Jeekkarsa Gurraacha Leemoo Rooba Taliilaa"jedhuudha.Innis heerri uumaa uumamumaan dabaree walii gadi dhiisuu danda'uu isaa dhaloota hubachiisa.

**Kan Jeekkarsa Baasu** **Kan Jeekkarsa Jalaa Qaban**

Gurraacha leemoo, rooba taliilaa……............Gurraacha leemoo, rooba taliilaa

Dhihaa kiyyaa, bariyaa kiyyaa…………………....Dhihaa kiyyaa, bariyaa kiyyaa!

Sokora………… dhihaa kiyyaa, bariyaa kiyyaa!

Sokora………… dhihaa kiyyaa, bariyaa kiyyaa!

Gurraacha leemmoo, rooba taliilaa …………Gurraacha leemmoo, rooba taliilaa,

Hayyee yaa Waaq siin oollee gallaa………...Hayyee yaa Waaq siin oollee gallaa!

Sokora……………………………………Hayyee yaa Waaq siin oollee gallaa!

Sokora………………………………Hayyee yaa Waaq siin oollee gallaa!

Gurraacha leemmoo, rooba taliilaa ….Gurraacha leemmoo, rooba taliilaa,

Uummanni dhugaa hinbeeku simalee! ……Uummanni dhugaa hinbeeku simalee!

Sokora……………………Uummanni dhugaa hinbeeku simalee!

Sokora…………………………Uummanni dhugaa hinbeeku simalee!

Gurraacha leemmoo, rooba taliilaa …………Gurraacha leemmoo, rooba taliilaa,

Eenyu kan hidhee hiiku simalee...Eenyu kan hidhee hiiku si malee!

Sokora………………………………………... Eenyu kan hidhee hiiku simalee

Sokora……………………………………………Eenyu kan hidhee hiiku simalee

Iddoo sokora jedhutti jeekkaraan akka isaaf ta'utti sokoroota kanneen keessaa filatee itti galchee yeedaleessaa deema.

Jeekkarsi kun jeekkarsa guyyaa yeroo dhaloonni Galmatti walgahe jeekkaramuudha.Innis, “Gurraacha leemoo, rooba taliilaa” jechuun kan eegaluufi dhugaan eenyu caalaa kan Waaqa biratti beekkamtii guddaa qabdu ta’uu ishee himuufi dhaloota barsiisuuf kan jeekkaramuudha.Waaqni ulfaataafi oolman inni namaaf oolu gaarii malee hammeenya akka hinqabneedha.Biiftuun baatee dhihuu akka dandeessu ykn heerri uumaa akkaatuma heera uumatiin kan walgeeddaruu danda’u human Waaqaatiin ta’uu isaati.

#### 4.1.2.2.3. Jeekkarsa Galgalaa

Sagantaan Galma Amantii Waaqeeffannaatti galgala geggeeffamu sagantaa wadaajaa jedhamee beekkama.Sagantaa kana irrattis jeekkarsi jeekkaramu nijira.Innis jeekkarsa“Gurraacha leemoo, rooba taliilaa” jechuun nama jeekkarsa baasuun kan eegalu ta’ee, guyyaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajan dhaloonni galgala nijeekkaru.

**Kan Jeekkarsa Baasu** **Kan Jeekkarsa Jalaa Qaban**

Yaa Waaq nagaan ooltee…………..Oollee ooltee

Siifuu nagumaan oollee, yaa leemmiyyoo…Siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyoo

Ceekaan baalumaa abboo beekaan Waaqumaa ….siifuu nagumaan oolle yaa leemmiyyoo

Yaa leemmiyyoo

Hundumaa hinkenuu, Waaq hunda hindhowwatuu..Siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo

Yaa leemmiyyoo

Ajjeesoo kaasoo, abboo teessoo badhaasoo ………siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyoo

Yaa leemmiyyoo

Yaa Waaq si malee ani maaliin amanee …Siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo

Roobee dirrisee Waaq nadhii dhimmisee yaa leemmiyyoo siifuu nagumaan oollee

yaa leemmiyyoo….Siifuu nagumaan oollee yaa leemmiyyoo jechuun Galma keessatti nijeekkarama.

Jeekkarsi kun jeekkarsa galgala yeroo dhaloonni Galmatti walgahee jeekkaramuudha.Innis, "Yaa Waaq nagaan ooltee?" jechuun kan eegaluufi humna Waaqaatiin dhaloonni ooluu isaaf Waaqaaf galatoo galchuuf kan dhaloonni Galmatti jeekkaruudha.Waaqni beekaa, waa hunda kan namaa taasisu, waan hunda kan namaaf kennuu danda'u ta'uu isaafi guddummaa Waaqaa ibsuuf jeekkarsa jeekkaramuudha.



**Suuraa-5:** Hirmaattonni AYWAO yeroo jeekkaran mul'isu

### 4.1.2.3. Ergaa Baga Nagaan Dhuftanii Waayyuu Galmaa

Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo guyyaa geggeeffamu Waayyuun Galmaa ergaa baga nagaan dhuftanii nitaasisa.Isa kana ilaalchisuun Leencoo Dachaasaa gaafa guyyaa 21/06/2012 odeeffannoo qorataaf yoo laatu, "Caaseffama hojii Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa keessaa Galmi isa tokko yoo ta'u, Waayyuu Galmaa kan mataa ofii kan qabu ta'ee, guyyaa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeeffamuufi ayyaanonni biroo gama sagantaa Waaqeeffannaatiin geggeeffamu ergaa baga nagan dhuftanii hirmaattota ayyaana kanaaf kan dabarsuudha." Akka yaada odeef-kennaa kanaatti Waayyuun galmaa gahee mataa isaa kan qabu ta'uufi galma kan hoogganu ta'uu isaati.

### 4.1.2.4. Sagantaa Dhaloonni Walbaruu.

Sagantaan kun sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi sagantaa dhaloonni geggeeffatu keessatti kan geggeeffamuudha. Akka qorataan odeeffannoo Obbo Tolasaa Dassee irraa gaafa guyyaa 07/06/2012fi Obbo Burruusee Jimaa irraa gaafa guyyaa 14/5/2012 argatetti, dhaloonni sababa adda addaatiin addaan bittinee ture yeroo Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoof Galmatti wal argan sagantaa dhaloonni walbaruu irraatti iddoo ta'ee ka'uun, maqaa isaa, gahee hojii isaafi haala hawaasummaa keessa ture akkasumas, hawwii sagantaa geggeeffamuuf qabu dubbatee dhalootaan walbaree boru akka tasaa hirmaattota sagantaa kanaan karaatti yoo walarge naga walgaafachuun ooltee bultee Oromoo irratti waliin dubbachuu danda'u; jechuun ibsanii jiru. Akka yaada odeef kennitoota kanatti dhaloonni kabaja Ayyaana Yaadannoo Waarra Abbaa Oromoof walgahan akka garaa isaaniitti waliin dubbatanii waliin hirmaachuuf maqaa waliifi iddoo irraa dhufan kan duursa wal baran ta'uu isaati.

### 4.1.2.5. Eebbaafi Damboobsii Korma Qalmaaf Qophaa'ee

Sirni kun adeemsa itti kormi qalmaaf qophaa'e, eebbaafi damboobsiin walduraa duuban sagalee tokkoon dhaloonni gabaasa warra lubbuun darbeef godhuufi itti ajaja labsuudha.Kana jechuun qaamonni kormaa ijaan mul'atan tokkoon tokkoon isaanii maqaa dhahuun maanguddoon korma damboobsu ittiin eebba eebbise (damboobse) kan of keessaa qabuudha.Jalqaba irratti kormi qalamaaf qophaa'e qaamoleen isaa fayyaafi fayyaalessa akkasumas, korma sa'aa ykn hoolaa ta'uu qaba.Uummanni Oromoo sirna kabaja Ayyaana warra isaaf, korma fayyaa hinqabne hinqalu;yoo qale miidhaan dhalootarra akka gahutti dhugeeffata.Kormi kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoof qophaa'e tokko osoo hinqalamin dura dhalootaan damboobsama.Damboobsii kormaan eebba jechuun nidanda'ama jechuun Obboo Tolasaa Dassee gaafa 07/06/2012 ibsaniiru.Damboobsii kormaa ilaalchisee odeeffannoon daawwannaa Galma Hora Jamaa irraa gaafa guyyaa 22/05/2012 argameefi marii garee A4 gaafa guyyaa 07/06/2012 taasifame irraa odeeffannoon walitti qabame walaloon isaa haala armaan gadiitiin dhihaatee jira.

Miila qabannee milli Oromoo dachee isaa irra gadi yaa dhaabbatu.
Eega qabannee, wanti Oromoon eeggate akkuma eegamtetti yaa teessu.
Cinaacha qabannee cinaachi Oromoo bitaafi mirgatti yaa bal'atu.
Dalluu qabannee wanti Oromootti dallane dhabama yaa taatu.
Gaafa qabannee Oromoon waan gaafate argate.
Adda qabannee, addi Oromoo adda leenca gurraachaa yaa ta'u.
Gurra qabannee, gurri Oromoo haaga yaa dhagahu.

Ija qabannee, ijji Oromoo dhugaa yaa argu.

Funyaan qabannee, funyaalessaan Oromoo naga yaa ta'u.

Afaan qabannee, Afaan Oromoo dhugaa dubbate jechuun dhumarratti maanguddoon (namni) korma damboobse, kormi kun korma waa sadii ta'u yaa ta'u jechuun, dachee keenyaaf qabbana; warra darbaniif yaadannoofi nutii kanaaf immoo laaqana yaa ta'u erga jedhee booda marga harkatti qabateen dugda korma qalmaaf qophaa'ee qaqqabuun damboobi damboobi jechuun xumura.

Oromoon Amantii Oromoo hordofu yeroo korma sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo miila qabannee miilli Oromoo dachee isaa irra gadi yaa dhaabbatu gaafa jedhee korma qalmaaf qophaa'e damboobsu, Oromoon biyya abbaa isaa irratti abbaa ta'ee yaa jiraatu malee, waan kamiinuu dachee isaa akka gadi hindhiisne jechuun dhalootaaf barnoota bifa eebbatiin dabarsuudha.Eega qabannee, wanti Oromoon eeggate akkuma eeggamtetti yaa teessu, jechuun Oromoon aadaas ta'ee, wanta dur irraa kaasee abbummaa itti qabuufi eeggataa ture kamiiyyuu akkaatuma kaleetiin turtee dhaloota itti aanutti yaa laatamu dhaamsa jedhu dhalootaaf dabarsuuf bifa afoolatiin walaloo afoolaa gurra namaatti toluun fayyadamee maanguddoon barnoota laatuudha.Cinaacha qabannee cinaachi Oromoo bitaafi mirgatti yaa bal'atu jechuun immoo Uummanni Oromoo dhala argatee dachee isaa irratti dagaagee yaa jiraatu jechuudha.Dalluu qabannee wanti Oromootti dallatte dhabama yaa taatu jedhee yeroo kormi damboobsamu immoo diinni Oromoof lafaa olkaate dhabama akka taatu Ayyaana warra isaanitti dhaloonni gabaafachuu isaat nama hubachiisa.

Walumaagalatti, damboobsiin bifa eebbatiin armaan olitti dhihaate kun waan fafeen dhaloota akka hinmuudanneefi toltuun immoo dhaloota akka hindabarreef kadhannaa Waaqaafi Ayyaana warra isaaf Oromoon ofta'e tokko taasisuufi ittis milkaa'uudha.



**Suuraa-6:** Damboobsi kormaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Galma Hora Jamaa gaafa 22/05/2012 fudhatame

#### 4.1.2.6.1. Qalma Kormaa

Akka Aadaa Oromootti qalmi yoomeessa adda addaa keessatti nigeggeeffama.Innis kanneen akka sirna gumaa irratti, sirna gaa'elaa irratti, sirna buttaa irratti, sirna kabaja Ayyaana Irreessaa irratti, sirna gabaasaa(falannaa) irratti niqalama.Innis akka Uummata Oromootti dhugeeffannoo adda addaa qaba.Yaada kana qorataan afgaaffii Obbo Yaadatee Ida'aa waliin gaafa 14/07/2012) tolche irratti maanguddoon kun akkas jechuun ibsu: Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa biratti, akka haala yerootti qalanii Waaqa galateeffachuun aadaadha.Oromoon sirna geeggeffatu haala adda addaan geggeeffachuu danda'a.Sirnoota Oromoon geggeeffatu keessaa sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo isa tokko.Oromoon Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeessuuf kormi qalamuun dirqama.Korma qalmaaf qophaa'e kan qalu wayyuu galmaa ykn maanguddoo dhaloonni nuundeemi jedheenin ta'uu danda'a.Haaluma kanaan akka af-gaaffii Burruusee Jimaa 14/05/2012 fi marii garee A5 gaafa 13/6/2012 adeemsifame mul'isutti, immoo Aanaa Hidhabuu Abooteetti Galma Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaatti korma qaluun dhaloota lubbuun darbe yaadachuun ayyaantummaa gabbifachuun qananiifi of ta'anii jiraachuufiidha.Kormi qalamu dacheef qabana kan ta'uufi warra lubbuun jiraniif immoo laaqana akkasumas, warra darbaniif yaadannoo ta'a. Dhaloonni kormaan warra ofii yaadate immoo dhaloota milkaa'aa, dhaloota jabaafi dhaloota diinni hincabsine, kan ofta'ee walta'uufi abbaa waan ofii ta'u akkasumas, dhaloota daandii warra ofiitirra deddeebi'u ta'a.Kormi Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoof qalamu korma jahan fayyaa qabu ta'uu akka qabuufi korma

hoolaas ta’ee, kormi loonii tumamaan Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuuf hinqalamu jechuun ibsaniiru.



**Suura-7:** Koorma sirna Ayyaana Yaadannoo geggeessuuf gaafa 04/04/2012 Galma Hundee Ganamaatti qalameefi dhaloota sirna qalmaa kabajuuf qophaa’an mul’isu.

### 4.1.2.6. 2. Bilannaa Dhiiga Korma Qalamee

Sirni bilannaa dhiiga korma qalamee kan geggeeffamu erga kormi qalmaaf qophaa'e damboobsamee xumuramee mormi isaa jigeen booda yeroo ta'u, namoonni sagantaa sanarratti argaman dhiiga kormichaa harkaa xuquun yeroo qaama isaanii ykn kan nama biraa tuksiisaniidha.Bilannaa warri dhiiraa taasifatuufi warri dhalaa taasifatu adda adduummaa qaba.Warri dhiiraa ofii isaanitii dhiiga korma qalamee harkaan tuquun adda(kallacha) isaa tuksiifachaa adda keenya adda leenca gurraachaa taasisi; dachee keenya irratti nu itichi jechuun bilannaa bilata.Warra dubartootaaf ammoo dhiirri dhiiga korma qalamee harka isaan erga tuqee booda harka dhiiga kormaa ofirraa qabu sanaan morma jala tuksiisee, lubbuun turi!Lubbuun tur!Jechaa bilannaa dhiiga korma qalamee geggeessa; sababni warri dubartootaa ofii isaaniif hinbilanneef immoo dubartoonni gara laafina waan qabaniif dhiiga yeroo argan nirifatu.Akkasumas, warshaan dhala namaa isaani waan ta’eef dhiiga arguufi harkaan tuquun sirrii miti jedhamee fudhatama.Maddi(Daawwannaa 15/06/2012) irraa.

Inni kunis kan argisiisu dhiirri adda gubbaa, shamarran ammoo morma jala ykn lubbuu kan tuksiifatan hiikaa mataa isaa kan qabuudha.Dhiirri adda gubbaa tuksiifachuun addi keenya adda leenca gurraacha yaa ta'u, yaa cimu, adda yaa jabaatu jechuudhaan bakka bu'ee akka eebbatti oola. Shamarran immoo lubbuu kan tuksiifataniif dubartiin warshaa dhala namaa jedhamtee uummata Oromoo biratti kabaja

guddaa waan qabduuf isheedhanis, umrii dheeraadhu; jiraadhu; umriin kee yaa jaaru jechuun eebba kana bakka bu'uun kan ooluudha.



.

**Suuraa-8:** Yeroo ijoolleen dhiiraa bilannaa bilatan suuraa gaafa 15/06/2012 Galma Hora Kormaatti yeroo Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Kabajamu kaafame mul’isu.

### 4.2. Ergaa Jeekkarsi Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Keessatti Qabu

Jeekkarsi jecha Afaan Oromoo Waaqeeffattoonni Galmatti bifa walaloofi yeedaloo mararaa ta’een Waaqa isaan uumee ittiin jabina, tolinaafi arjummaa isaa himan yoo ta’u, sagantaa Galmatti eebbatti aansee dhihaatuudha.Jeekkarsi yeroo ittiin jeekkaramurratti hundaa’eet naga Waaqa gaafachuudhan jalqabama.Jeekkarsi ergaa jeekkaraadhan sagaleen isaa baafamee booda jalaa qabdoonni jalaa qabu.Jeekkartoonni sagalee jalaa qaban walaloodhuma dura bahe sana yeedaloo isaa eeganii kan itti fufan yemmuu ta’u, jeekkaraan sun immoo ‘sokora’ sagaleessudhaan hooggana jechuudhan Obboo Girmaa Margaa Mudde /04/2012 ibsanii jiru.

Jeekkarsi gosa afoolaa keessaa afwalaloo jalatti kan hammatamuudha.Jeekkarsi afwalaloo amantiiti.Afwaalaloon amantii dhimmoota amantii wajjiin walqabatan irratti hawaasini bal’inaan itti tajaajilama.Afwlaloon tokko kan amantii ta’uu adda baasuf, qabxiiwan sadi xiyyeeffatamuu qabu: qabiyyeen afwalaloo sanaa amantii ibsuu, miseensota hordoftoota amantichaan irra deddeebi’amee shaakalamuufi sammuutti qabachuun dhiyeeffamuu akkasumas, dhimmoota akka amantichaatti yeroo

isaa eegee raawwatamu bu'ureeffachuudha.Kanaaf, jeekkarsi sirna kabaja AWAYO irratti jeekkarama yoomiifi maaliif akka jeekkaraman qabata akkuma qaban ergaa mataa isaanii ka qaban armaan gaditti dhihaataniiru.(Maddi: barreeffama WAT Aanaa H/Abootee 2008)

**Urjii Raagoo**

**Jeekkaraa** **Kanneen Jeekkarsa Jalaa Qaban**

Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa ee nagaan ooltanii…Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa ee nagaan ooltanii?

Kan urjii kumaa kan yaaman sumaa, nagaan ooltanii…Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa ee nagaan ooltanii?

Fageenya roobee Waaqni yoo lolaasee,

Nagaan ooltanii………….........................Kan urjii kumaa Waaq kan yaaman sumaa nagaan ooltanii?

Urjii Waaqaa isa yaa'iin barraaqaa ee nagaan ooltanii...Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa, ee nagaan ooltanii?

Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa,

Sumaan jabinaa………………………… Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa, ee sumaan jabinaa

Faradoon collee, oo faradee hinqollee……Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa, ee Sumaan jabinaa

Kan urjiin kumaa, kan yaman sumaa…Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa, ee sumaan jabinaa

Faradoon collee, faradee hinqollee….Jajjabaa hamee, yaa jabaa si yaame suman jabinaa

Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa…..Urjii Raagoo Yaa'ii Waaqaa lafaa ee nagaan ooltanii?

Fageenya roobee Waaqni yoo lolaasee,

Nagaan ooltanii…………… Kan urjii kumaa Waaq kan yaaman sumaa ee nagaan ooltanii?

Jeekkarsi kun jeekkarsa galgala ykn guyyaa jeekkaramuudha.Oltiin dalootaa akkam akka ta'eefi galatoo nagaan ooluu dhalootaatiif Waaqaaf laattamuudha.Waaqni abbaa urjii hedduu ta'uu isaafi jabaa dhaloonni eessattuu yaammatu akkasums, heera Waaqni heere qoltii tokkollee akka hinqabne ykn heerri Waaqaa lafaa geeddaramuu kan hindandeenye ta'uu jeekkarsa kanaan dhaloota barsiisuun akka danda'amu hubanna.Waaqni fageenya irratti roobee lolaa lolaasuu danda'uu isaafi lolaan lolaafame dhaloota miidhe moo hinmiine jechuun nagummaa dhalootaa gama amantiin yeroo gaafatamu ayyaantummaan dhalootaa milkiin jiraachuu hubanna.

**Jalanaa Fantoot Mul'ataa**

Jalanaa fantootu mul'ataa,
Irranaa cukkeet mul'ataa
Waltajjii Booset mul'ataa
Oromoon afaan Waaqaat dubbataa
Deemee karaa naghee
Seenee karra nagahee
Ta'ee Galma nagahee

Kadhadheetan Waaqarraa dahee

Ani ofii Waaqattin bulaa

Hinbeeku dubbii ofiin bulaa

Ergaan jeekkarsa kanaa milkaa'ina sagantaan Warra Abbaa Oromoo dhalootaaf jalqabaa hanga dhumaatti qabu agarsiisa.Gama biraatiin Uummanni Oromoo safuufi heera uumaa eegee uummata jiraatu malee uummata akkafeeteen buluu miti;heera uumaa jala deemee uummata jiraatu ta'uu hubanna.Oromoon uummata Waaqatti bulu ta'uu isaa illee ergaa jeekkarsa kanaati.

## Hawaa Sayyoo

Hawaa sayyoon kuni hinboorawuu yaa…tollii Waaqaa kuni hinmoofawuu dura siin yaamaa…nagee yaa Waaq dura siin yaamawoo.

Tulluu Damboo bofti mataa jala galaa yaa… ergaa Waaqaa kan beekuutu dhaqee qoqophisee garagalaa dura siin yaamaa… nagee yaa Waaq dura siin yaamawoo

Tulluun Damboo kan hinkorreetii…tolli Waaqaa kan hinsobneeti, kan hinhafneeti …Waaqaa lafaa wal gammannee nagayaan yaamaa nagee yaa Waaq dura siin yaamawoo

Haroon Bokkee hinmaddinee, tuujumaa yaa…tollii Waaqaa ariitii hinqabuu, hinjarjaruu suutumaa dura sii yaamaa…nagee yaa Waaq dura siin yaamawoo.

Akka jeekkarsa kanaatti Oromoon tolli Waaqaa guddaa ta'uu isaa, kan hinmoofomneefi hojii Waaqni dalagu nama hubataa ta'etu jala deema kan jedhu hubaanna.Tolli Waaqaa sobaa mitii, kan Waaqaa dhugaa qofa ta'uu isaafi arjummaan Waaqaa jarjara kan hinqabneefi kan hinhafne ta'uu isaati.

Walumaagalatti, jeekkarsi Uummanni Oromoo itti dhimma bahu walaloowwan yeedaloo mi'awaa rukuttaa mijaawaa dhaggeeffattootaa waliin qindaa'ee dhaloota keessaa namni tokko sagantaa Galmaa irratti baasu ta'ee kanneen hafan immoo harkaa fuudhun jeekkaramuudha.Jeekkarsoonni dhalootan jeekkaraman cufti kaayyoofi galma jeekkaramaniif akkuma qaban ergaa mataa mataa isaanilllee kan qabaniidha.

### Waaqayyo Yaa Tolaa koo

Waaqayyo yaa tolaa koo
Roobaa nagayaan si waamee
Ganama biiftuu baasee
Galgala urjii facaasee
Waaqayyo roobee hasaasee

Waa hamoo jalaa nu baasee
Karra Waaqayyoo maaliin seenanii
Kallachaafi Caaccuu,
Bokkuufi Siinqee fa’aan bananii,
Karra Waaqayyoo seenee baninnaa
Afaan Waaqayyoo beekee barinnaa
Waaqayyo yaa tolaa koo
Roobaa nagayaan si waamee

Waaqeeffattoonni jeekkarsa kana yeroo jeekkaran, jeekkarsaan meeshaaleen ulfoo kannee akka caaccuu, kallachaa, bokkuufi siinqee Waaqa waliin kan walitti nama fidu ta’uu ibsuufi jeekkarsoonni Waaqeeffattoonni jeekkaran ergaafi barnoota dhalootaf dabarsan kan mataa mataa isaanii qabu jechuun Obbo Tolasaa Dassee Caamsaa 26/2012) ibsanii jiru.

### 4.3. Dhiibbawwaniifi Qamoolee Guddina Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Duubatti Harkisan

Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo jiruufi jireenya hawaasaa faana hidhata cimaa waan qabuuf, Uummanni Oromoo kabajaa ture; hidhata cimaa Oromoon duudhaa isaa faana qabu kana harkaa baasuuf halagaan duula hinmalleefi jechoota jibbisiisoo sagantaa Oromoo irratti fayyadamee labsaa akkasumas, gama biraan immoo sagantaa (amantii) ofii akka waan gaariifi bu’aa caalu isaaf qabutti itti himaa barsiisaa ture jechuun gaafa 15/05/2012 Obboo Alamuu Raggaasaa ibsanii jiru.

Sirnoota mootummoota darbanii keessa Uummata Oromootifis ta’ee, aadaa isaatiif ilaalchi gaariin hinturre.Afaaniifi amantiin tokko qofti akka babal’atu taasifamaatii tureera.Amantiin Waaqeffattootaas akka duubatti hafummaatti ilaalamaatii hordoftoonni isaas haamilee dhabamsiifamaa tureera.Sababa kanaanis sirni Ayaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo laaffachaa( duubatti harkifatee) tureera.Namoonni hedduun immoo Amantiin Waaqeeffannaa akka waan amantii nama biraatti akka ilaalamu ta’uu irra gahee jira.Of dhabuu irraa kan ka’e sirna sagantaa abboota isaanii dagataniiru.Namoonni hedduunus amantii Kiristaanaafi Islaamaa fudhachuun ilaalchi isaan Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoof qaban gadhee ta’aa dhufeera.Keessattuu dargaggoonnifi ijoolleen of hintaane ayyaana kana akka waan seexana amanuutti waan fudhataniif maatii ofii gara amantaa isaanii galchisiisutti harkisaa jiru.Kuni ammoo dhiibbaa sabootaafi amantaalee birootin sirna Ayyaana Yaadannoo kabajuu irratti mul’achaa jiruudha jechuun Obboo Girmaa Margaa(04/04/2012)fi Addee Xuruu Adal (05/04/2012) ibsaniiru.

Uummanni Oromoo uummata addunyaa kanarra jiran keessaa uummata aadaa gabbataafi nama boonsu qabu abbaa aadaa dureessaati.Sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi Amantiin Uummanni Oromoo kaleessa ittiin jiraachaa ture, Amantiin Waaqeeffannaa akka laafaa deemuufi dhaloonni akka sagantaa isaa dagachaa deemu wantoonni taasisan hedduudha.Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiitti dhihaatan akka ta'e, ragaan funaanname qindaa'ee haala armaan gadiitin dhihaatee jira.

### 4.3.1. Amantii Kiristaanaa

Amantiin Kiristaanaa amantiilee dhiibbaa guddaa Amantii Waaqeeffaannaa irraan gahaa turan keessaa isa tokkoodha.Amantii Kiristaanaa ilaalchisee, Barsiisaa Seenaa kan ta'e Birhaanuu Shifarraa gaafa 06/06/2012 gaaffiifi deebii qorataa waliin taasifame irraa odeeffaannoon argame akka ibsutti, Amantiin Kiristaanaa erga jaarraa 4$^{ffaa}$ biyya Habashaa seenee amantii warra mootii ta'ee, Mootonni Habashaa ofiif fudhatanii saboota kaaniis fudhachiisaa turaniiru.Imaammanni kunis tokkorraa gara mootii tokkootti darbaa tureera.Mootonni sirnoota bulchiinsa darbanii Amantii Kiristaanaa erga ofii isaanitii fudhatanii booda saboota biroo dhufaa dabarsaa kallattiinis ta'ee, alkallattiin fudhachiisaa turan.Oromoos haala adda addaan amantii kana fudhachiisaa tura.

Amantiin Kiristaanaa biyya Oromoo kan seene karaa Amantii Ortodoksii Itoophiyaati.Moototiin Habashootaa Oromoo humnaan cuuphaa, Amantii Waaqeeffannaa immoo humna qawweetiin akka hinhordofne taasisaa turan.Habashoonni waan Oromoon qabu balleessuun kan ofii itti fe'achaa deemuu eegalan.Habashoonni bakka qabatan hundatti dura Amantii Oromoo balleessuuf jecha, Galma Warra Abbaa Oromoo jiru, lafa irraa fudhatanii 'bataskaana' irra dhaabu.Galma Oromoo diiguu duuka meeshaalee ulfoo Oromoo balleessaa turan.Iddoo awwaala Oromoo 'ujuba' balleessanii 'bataskaanatti' akka awwaalamu godhan.Bataskaanatti immoo kan awwaalamu, nama cuuphame qofa jedhanii lallaban(barsiisan).Aadaan Oromoo, amantiin, diinagdee, siyaasaafi jireenyi hawaasummaa Oromoo walitti hidhatee jira.Aadaafi Amantii Oromoo addaan qooduun salphaa miti.Garuu, halagaan hunda isaa walumatti qabee balleessuun kan ofii dhaalchisuu itti fufufe.Haala kanaan Amantii Waaqeeffannaafi AYWAO laaffisaafi Uummata Oromoo dagachiisaa turan.Gama biraan diinni Uummanni Oromoo hojii hojetatee akka jireenya gaarii hinjiraanneef, barnoota amantii kanaa nama barsiisu fakkaatee hojii irraa dhorkuufi jireenyi dachee tanarraa tuffatamtuu akka taate itti himaa hiyyummaaf uummaticha saaxilee jira.Maqaa 'seexana' jedhuun uummata sodaachisuun AYWAOfi sagantaan Oromoon dur irraa kaasee

kabajachaa ture sababa amantii Kiristaanatiin cabee jira;uummanni Oromoos sababa sagantaan isaa inni abboofi aayyoo kan kaleessaa jalaa cabeef rakkoo hedduuf saaxilameera.

### 4.3.2. Amantii Islaamaa

Amantiileen karaa hundaa Oromootti duulan, wal haacaalu malee, badii guddaa geessisanii Oromoo qabatan.Amantiin Islaamaa akkuma Amantii Kiristaanaa, Amantii Waaqeeffannaafi aadaa Oromoo irratti dhiibbaa geessisaa ture.Garuu, Amantiin Waaqeeffannaa Oromoo kamiifuu amantii aadaa akaakayyuufi abaabayyuuti.Amantiin kunis, bifa gara garaa ta'een qabeenyaafi aadaa guutummaa uummattoota gurraachota Afrikaati.Amantiin Kiristaanaafi Islaamaa walduraa duubaan akkuma uummataa irratti, Afaan Oromoo irratti, maqaa Oromoo irrattiifi kkf irratti dhiibbaa cimaa gara saba Oromootti seenaniin Amantii Waaqeeffannaa dhiibuu qofa osoo hintaane, qarooma uummataa irratti, Afaan Oromoo irratti, maqaa Oromoo irrattiifi kkf irratti dhiibbaa cimaa geessisan.Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo laaffisuufi Uummata Oromoo dagachiisuu keessatti gahee qaba jechuun Aaddee Xuruu Adal, 05/04/2012 ibsanii jiru.



**Suuraa-12:** Addee Xuruu Adal Tasammaa 05/04/2012

### 4.3.3. Sirnoota Bulchiinsa Mootummoota Darbanii Hanga Mootummaa ADWUItti

Amantiin siyaasa uummata tokkoo keessatti gahee guddaa qaba.Kana jechuun amantiin Waaqeeffannaa siyaasa Uummata Oromoo keessatti gahee mataa isaa qaba jechuudha.Gahee amantiin kun qabu

dhabamsiisuuf jecha mootummoonni Habashaa Amantii Waaqeeffannaafi Ayyaanota uummatichi kabajachaa ture harkaa laaffisuufi yoo danda'ame immoo barbadeessuuf duula jabaa geggeessaa turan.Akka maanguddoon ganna 90 jiraattuu Ganda D/bokkooloo Aaddee Boggee Gaarii gaafa 23/05/2012 ibsanitti, sirnoonni bulchiinsaa biyya kana keessa turan cufti sagantaa Oromoon qabu balleessuuf guyyaa tokko illee hilanii hinbeekan.Koloneeffattoonni aangoo walharkaa fuudhuudhaanii Itoophiyaa bulchaa turan akkuma aadaa Oromoo balleessuuf duulaa turan sagantaalee aadaa uummata kanaa keessatti argamanis balleessuuf dhiibbaan geechisaa turan salphaa hinturre.Kaayyoowwan ijoon koloneeffattootaa Uummata Oromoo koloneeffachuun seenaafi afaan isaa akkasumas, eenyummaa Oromoo balleessuun safuuwwan, sonaaleefi amantii isaanii humnaan Oromoo irratti fe'uu, wantoota Oromoon kiyya jedhee ittiin jiraachaa ture kan akka meeshaalee ulfoo(Kallacha,Caaccuu, Callee, Siiqqee, Bokkuufi kkf)fi wantoota inni sooratu immoo maqaa 'tsomii' jedhuun akka hinnyaanne taasisuuf maqaa cuuphaa jedhuuniifi jecha 'seexana' jedhu fayyadamuun Oromoo irratti wanti dalagaa'e gama sirna siyaasaatiifi geggeessitoota amantii alagaatini.Mootooleen Habashaa kan akka Minilik, Hayile Sillaaseefi kannee biroo sagantaa Uummata Oromoo balleessuu keessatti adda durummaan warra waammamaniidha jechuun nidanda'ama.

Mootiin Hayileesillaasee iddoowwan ardaalee jilaa Oromoon Amantii Waaqeeffannaa itti geggeeffatu harkaa samee balleessuun iddoo sana irratti 'bataskaanni' akka ijaarramu humnaan taasisuun akkasumas, magaalota Oromiyaa keessaafi iddoowwan adda addaa gara maqaa Afaan Amaaraatti geeddaruun eenyummaafi sagantaan Oromoo akka iddoodhaa cabu (badu) shirri dalagamaa tureera. Akka maanguddoo Aanaa Hidhabuu Abootee kan ta'an Obboo Raggaasaa Fayyee 07/07/2012 ibsanitti, Oromoon dur sagantaa ofii isaa qaba ture; garuu, erga iddoo ujubaafi lafa jilaa saamamuu eegalee sagantaa alagaa ofitti fudhachuu eegale; keessattuu yeroo sirna mootii Hayileesillaasee Habashootni maqaa abbaa lafaa jedhuun Uummata Oromoo lafa isaa irraa buqqisanii, sagantaafi sirna Oromoon qabaachaa ture kan akka Ayyaana Yaadaannoo Warra Abbaa Oromoo, kan akka sirna gaa'ela Oromoo, kan akka aadaa uffaannaafi kan kana faakkaatan uummaticha harkaa laaffisaafi dagachiisaa dhufeera jedhu.

## 4.4. Faayidaa Kabajni Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Jiruufi Jireenya Oromoo Keessatti Qabu Akkasumas, Sababoota Kabaja AYWAO

Uummanni Oromoo dur, yeroo amantii tokkicha Waaqeeffannaafi sirna bulchiinsa Seera Gadaatiin bulaa ture, rakkinni waliigalteefi tokkommaa dhabuu hinqabu.Tokkummaan uummata tokkoo kan jiraatuufi kan eeggamu wanti walitti isa fidu yoo jiraateedha.Uummata tokko wantoota walitti qabaniifi waljala yaasan keessaa inni guddaafi tokko amantiifi aadaadha.Ayyaanni Yaadannoo Abbaa Oromoo immoo qaama Amantii Waaqeeffannaafi aadaa Uummata Oromooti.Kanaaf,faayidaa sirna ayyaana kanaa himuun dura wanti beekuu qabnu Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ayyaana warra darbe ittiin yaadataniidha waan ta'eef, dhaloonni kun yeroo warra isaa yaadate, warra isaan waan yaadatamuuf milkii warra isaa kan itti gonfatuudha jechuun Obbo Eebbaa Ejersaa 21/04/2012 ibsaniiru.

Faayidaa Ayyaana yaadannoo warra Abbaa Oromoodhaa uummata kanaaf qabu waan gabaabsinee ilaallu ta'uu baatus, uummanni kun waan isaatti deebi'ee duudhaa ganamaan akka jiraatu gochuu keessatti gahee guddaa kan qabu gaafa ta'uu, uummanni Oromoo Ayyaana kana gaafa kabaju faayidaalee gurguddoo gama biraatiin argachuu hindandeenye kan argatuudha**.**Akka maanguddoon Obbo Wayyeessaa Turaa gafaa guyyaa 19/08/2012 jedhaman faayidaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ibsanitti**,** faayidaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessaa inni guddaan Ayyaantummaa Uummata Oromoo gabbisuudha. Uummanni tokko ammoo ayyaantummaadhan gaafa guddate waan diinan irra gahu hunda isaa karaa kanaan ofirraa qolachuu akka danda'u guyyaadha.Diinni Oromoo cabsuuf, afaan qawwee qofa hinfayyadamu; ayyaantummaa Oromoon dur qabu harkaa cabsee dhaloota ayyaantummaa dhabeessa taasisee, gara ofii barbaadetti oofa.Kanaaf Uummanni Oromoo halagaaf ergamuu jalaa bahuuf ayyaana warra ofii ayyaaneffachuu qaba.Dhaloonni ayyaantummaa dhaloota ofii hinqabne immoo ergamaa diinaa ykn sagantaa halagaa ta'uuf morma hinmaru.Isa kana immoo dhaloonni ofirraa ittisuuf Ayyaana Yaadannoo nigeggeeffatu;ittiinis nimilkaa'u.

Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo sababootaafi bu'aa danuuf kabajama.Dhaloonni ykn Uummanni Oromoo Ayyaana kana yeroo kabaju wanta danuu argata.Dhaloonni yeroo ayyaana kana kabaju milkaa'inni waan jiraatuuf nikabajama; dhaloota kaleessa dachee kana irra jiraatee lubbuun isaa darbe yaadatanii, ayyaantummaan isaanii immoo warra lubbuun jiru akka qananiin jiraataniif nitumsa; inni kun immoo Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuun argama.Kana jechuun dhaloonni har'a jiru yaadannoo warra darbanii yoo geggeesse Ayyaanni abboota darbanii dhaloota har'aa tiksuuf humna niqabaata jechuudha.Dhaloonni sababa wal irraa fageenya teessuma lafaatiin  wal argaa dhabe

akka walargee walbaruuf Ayyaanni kun nikabajama.Yeroo kanas, dhaloonni wal yaade yaaddoo walii akka bahaniif illee ayyaanni kun kabajamuuf sababa nita'a.Qabanni kabaja ayyaana kanaa inni biroo immoo dhaloonni darbeefi dhaloonni lubbuun jiru, karaa ayyaantummaa quunnamtiin gidduu isaanii akka jiraatuuf Oromoon dur irraa kaasee ayyaaneeffataa ture jechuun Obbo Tsahaay Lammaa Badhaanee Amajjii 30/2012 ibsaniiru.

Walumaa galatti Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuun jiruufi jireenya Ummata Oromoof bu'aawwan armaan olii kana niqabaata:

- Rakkoo hawaasaa furuu keessatti
- Fayyaafi nageenya hawaasaa eeguu keessatti
- Diinagdeefi hawaasummaa cimsuu keessatti
- Ogummaafi qaroomina kallattii hundaan dagaagsuu keessatti
- Jijjirramaa amalaa fiduu keessatti
- Xiinsammuu dhalootaa humneessuu keessatti
- Sirna ittiin bulmaata Gadaa Oromoo kan ganamaa deebisuu keessatti qooda guddaa qaba.
- Dhaloonni darbe ayyaantummaa akaakilee, abaabileefi warra darbanii jaalalaafi waldanda'uun dhibdee tokko malee akkamitti yaadachaa akka turan barnoota wal irraa argachuuf.
- Sagantaa akkamiitiin Oromoon diinagdee guddifachuu keessatti barnoota akkamiitiin walqaraa akka ture wal irraa barachuuf nitumsa.
- Dhaloonni safuufi duudhaa Uummanni Oromoo dur qabu beekee kabajee ittiin oolee akka galuuf nigargaara.
- Aadaan Uummata Oromoo sababa dhiibbaa sagantaa alagaatiin akka hincabneef dhaloonni dammaqinaan akka tiksan nitaasisa; kun immoo barnoota ofta'uu baratan irraa ka'eeti.
- Dhaloonni egeree isaa keessatti ofta'ee akka jiraatu nigargaara.
- Dhaloonni abbaa waan ofii akka ta'uuf barnoota ni'argatu; ittiinis walto'atu.
- Gatii waan jiraafi jiruu beekanii dhala namaaf duursi akka kennamu dhaloonni nibaratu.
- Harkisa turistoota biyya alaa ta'ee, diinagdee biyyaa keessatti galii argamsiisuu danda'a.
- Namoonni sababa walirraa fageenya teessuma lafaatiin adda fagaatanii jiran yeroo ayyaanni kun kabajamu wal arganii wal baruun hawaasummaafi diinagdee keessatti waltumsuu danda'u.
- Aadaan walkabajuufi yakkoota adda addaa (yakka diinaa, yakka malkaa lagaa, yakka Waqaaf lafaa, yakka dirree tikaafi yakka dhaddacha Oromoo) gargar baafatanii jiraachuuf nigargaara.

- Dhibdeen adda addaa dhaloota keessatti akka hinuumamneef nitumsa.
- Dubbiin dharaa dhaloota irraa akka fagaatuuf nitumsa.

### 4.5. Sadarkaa Kabajni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Yeroo Ammaa Irra Jiruufi Itti Fufiinsa Isaaf Yaaddoo Ta'an

Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoodhaa yeroo ammaa kana iddoo ardaa jilaa Uummata Oromoofi iddoo Ayyaantummaa qabeessa ta'e, Galmatti kabajamaa jira.Dhaloonni sagantaa diinni laaffise kana deebisee ijaaraa jira.Galma jechuun iddoo itti Waaqeffattoonni walgahanii barnoota Amantii Waaqeffannaa itti wal barsiisaniifi sagantaalee duudhaa Oromoo faana walqabatan akkasumas, waa'een eenyummaa Oromoo lafa maanguddootaan itti barsiifamuudha.Gama biraatiin Galmi akka mataa ilma namaatti kan tajaajiluudha.Kanaaf, akkuma walii galaattuu Ayyaantummaan iddoo kaan irraa adda waan ta'eef, ayyaanni warra keenyaa kun Galma Amantii Waaqeffannaa keessatti kabajama jechuun dargaggoo Saaqaa Asmaraa (07/05/2012)fi Aaddee Ayyaantuu Garasuu (10/04/2012) ibsaniiru.

Sirni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa kana sadarkaa beekkamummaafi guddaa hamma miidiyaaleen biyyattii gurguddoon irratti hirmaatanii tamsaasa kallattiin tamsaasanitti kan gahe gaafa ta'u, fuundurattis cimee kanaa ol kan deemu ta'uu isaa waan waggaa lamaan darbeefi kan har'aa yoo walbira qabnee ilaalle beekuun waan baay'ee namatti ulfaatuu miti.Kanaaf, yeroo ammaa kanas sadarkaa biyyoota alaafi iddoo garaagaraatti kabajamuurra kan gaheedha.Akka Aanaa Hidhabuu Abooteettis gaafa ilaalle ilaacha aadaa halagaatiin hawaasni masakamuu jalaa bahee yeroo ammaa kabaja sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo sadarkaa Galmootaattiifi Sadarkaa Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaatti kabajamu irratti hirmaannaa taasisaniin, aadaa aabboofi ayyoo isaaniitti dhaloonni deebi'aa jiraachuun akkasumas, dhaloonni duudhaa Oromtichaa deebisee ijaarrachaa jiraachuu Wayyuu Galma Hora Jamaa kan ta'e Girmaa Margaa jiraataa Ganda Gidaaboo Goorgisii kan ta'e, irraa odeeffannoon gaafa guyyaa 21/06/2012 argame nimul'isa.

Haawaasni Oromoo duula eenyummaa isaa balleessuu diinni bara baay'eef irratti karoorsee hojjetaa tureen Ayyaanota Oromoon dur kabajachaa ture, hedduu kan dagachiiseefi akka miidhaa qabutti Amantii ofii isaanii babal'ifachuuf, barsiisaa warreen turan jiraatan illee dhaloonni qubee maanguddoota raacatii eenyummaa Saba Oromoo harka jirtu faana ta'uun akkaataa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo itti kabajamuufi Amantiin Waaqeeffaannaa barnoota ofkeessa qabdu itti baratamu akkasumas, akkaataa ittiin bulmaanni Gadaa Oromoo ganamaa itti deebi'uu danda'u tattaaffiin gaariin Galmoota

Amantii Waaqeeffannaa keessatti abdachiisaa ta’uu, odeeffannoo marii garee A5 gaafa guyyaa 23/06/2012 taasifame irraa argame nimul’isa.

Uummanni Aanaa Hidhabuu Abootee dhiibbaa gama amantiilee adda addaatiiniifi hoji geeggeessitoota amantiilee birootiin isarra gahu jalaa miliquuf, halkan halkan Ayyaana warra darbee bifa wadaaja bulfannaatiin halkan geggeeffachaa kan tureefi kan jiru jechuun Aaddee Ayyaantuu Garasuu 10/04/2012 ibsanii jiru.Gama biraatiin akka odeeffannoon daawwannaa jila Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Galma Hundee Ganamaa Magaalaa Ejereeetti Caamsaa 17/2012 geggeeffame irraa argame,mul’isutti yeroo ammaa Aayyana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irra deddeebi'ee dhaloonni kabajachuu erga eegalee haala gaarii irra kan jiruudha.Dhaloonni eenyummaa ofii barbaaddachuuf barnoota Warri Abbaa Oromoo dur osoo sagantaan isaa jalaa hincabin qabu deeffachuuf haalli dhaloonni itti waljala yaa’u gara fuulduraatti Ayyaaanni Yaadannoo iddoo isaa isa duriitti deeebi’ee akka geeggeeffamu taasisuuf abdiin jira.

Wantoonni itti fufinsa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoof yaaddoo ta’an danuudha.Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gaditti dhihaataniidha.Jibbiinsa hordoftoonni amantiilee biroo Amantii Waaqeeffannaaf qaban, dhiibbaa aangaa’oonni mootummaan hordoftoota Amantii Waaqeeffannaaf qaban, sababa iddoo lafa awwaalchaa hordoftoota Amantii Waaqeeffannaatiif mootummaan kennuu dideen abbootiifi haadhooliin baay’een sodaa iddoo awwaalchaa gaafa duune dhabna jedhu qabaachuu,hirmaannaa irratti harkifannaa uumee jira.

Yeroo ammaa kana kutaa hawaasaa keessaa namoota tokko tokko biratti Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Aadaa Oromoo keessatti akka waan hinjirreetti kan ilaalan jiran nijiru.Keessattuu, jedhu maanguddoon kun hordoftoota Amantii Ortodoksii, Musliimaafi Pirooteestaantii biratti Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo akka waan aadaafi duudhaa Oromoo keessa dur hinjirreetti kan ilaalaniifi kan maqaa balleessii “Seexana gabbaruu” jedhuun kan ibsantu jiru jedhu.Kanaaf, kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti ija shakkiifi sodaa cimaa agarsiisu.Keessattuu, hawaasni Amantii Ortodoksiifi Pirooteestaantii cimsanii hordofan biratti shakkii jabaa ta’etu isaan irraa mul’ata.Gama seenaatiin yoo ilaalle Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti duulli jibbinsaa bara mootota Habashaafi dargii hamaa ture; akkasumas, bara mootummaa ADWUI dhiibbaafi hacuuccaa cimaa kana hinjedhamnetu Amantii Waaqeeffannaafi Ayyaana kana irra gahaa ture.Fakkeenyaaf, bara mootummaa ADWUI hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa sirna kabaja Ayyaana

Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuuf Galma Amantii Waaqeeffannaatti walitti qabaman maqaa miseensa ABO jedhu kennuufin hidhaa akka turaniifi korma qalma ayyaanichaaf qophaa'e nihatan jechuun kaabineen mootummaa ADWUI duula jibbiinsaa geggeessaa turee jira; ammas digiriin isaa walyaa darbu malee duulli jibbinsaa nijira.Innis iddoo ijaarsa galmaa dhorkuu, iddoo awwaalchaa dhorkuufi maqa balleessii shanee jedhu miseensota hordoftoota Amantii Waaqeeffannaaf kennuufi ija shakkiitiin ilaaluun mul'achaa jira jechuun Obboo Dhufeeraa Abdataa Amajjii 23/2012 ibsanii jiru.

Bara mootummaa Habashootaa Galmootni Amantii Waaqeeffannaa akka diiggamu, ardaalee jilaa Uummanni Oromoo waliin qabu iddoo ijaarsa mana Amantii Ortodoksiitti akka jijjiirramuufi iddoowwan burqaa(horaa) immoo maqaa 'tsabala' jedhuun akka bakka buufamaa ture akkasumas, Ayyaantuuwwan uummata keessatti argaman immoo maqaa 'seexana' kabajaa jirtu jedhuun akka salphisamaa turan, gama biraan immoo bara mootummaa dargii immoo uummanni sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo akka hingeggeessine ifatti dhorkamuu odeeffannoon marii garee A6 gaafa a 28/06/2012 geggeeffame nimul'isa.Bara mootummaa Dargii mukkeen ardaalee jilaa irra jiran kan uummanni abdaarii jedhee jalatti walgahuun ayyaaneffatu ciramanii barbadeeffamaniiru.Dabalataan odeeffannoon af-gaaffii Obboo Abbabaa Dabalee Guraandhala 27/2012 waliin gaafa geggeeffame irraa argame akka mul'isutti, kabajni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo sababa dhiibbaa mootota Habashaafi qeesota warra Habashaatiin Uummata Oromoo biratti baroota dheeraaf dhiibbaan jibbinsaan guuttame, hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa irra gahaa waan tureef, laaffatee baduuf bool'oo du'aa irra akka gahee ture jechuun ibsaniiru.

Dhaloonni baay'een Ayyaanni kun maqaa balleessii jecha 'seexana' jedhu itti laatuun bara dhufaa darbaa qeesonni Habashaa Amantii Kiristaanaa barsiisan duula hamaa geggeessaa sababa turaniif, kutaa hawaasichaa keessatti namoonni lakkoofsi ishee yartuu taate, Amantii biraafi angoo mootummaa harkaa qabdu daheeffachuun ilaalcha jibbinsaa kan agarsiisan nijiru.Garuu, maanguddoonni argaafi dhageettii ofharkaa qabaniifi qeerroowwan baay'een akkasumas, garreewwan baay'een Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuun Oromummaa isaaniifi eenyummaa isaanii faana hidhata kan qabu ta'uu isaa quba qabu.Kanaaf, ilaalcha gaarii ayyaana kanaaf akka qaban ibsu.Keessattuu, dhaloonni haarofti akka baree barsiisuuf, barnoota maanguddoota irraa argatan walbarsiisaa, wanta hingalleef immoo walgaafachuun qeerroowwaniifi qarreewwan bira akka jiru odeeffannoo gaafa guyyaa 30/03/2012 daawwannaa jila kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Galma Hundee Ganamaatti geggeeffame irrratti qorataan qaamaan argamee taasise irraa argame ni'ibsa.



**Suuraa-11:** Yeroo dhaloonni gara Galmaatti Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuuf dhiichisaa deemu gaafa guyyaa 30/03/2012 Magaalaa Ejereetti

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqannaan kun mata-dureewwan xixiqqoo kanneen akka cuunfaa, argannoofi yaboo Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Amantii Waaqeffannaa: Haala Qabatamaa Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abooteetti argamu kan ofkeessatti hammateedha.

### 5.1. Cuunfaa (Guduunfaa)

Sabni kamiyyuu haala jiruufi jireenya isaa keessatti haala ittiin dhugeeffatu qaba.Akka Amantii Waaqeffannaatti wanti dhugeeffatamu uumaafi safuun (heerri uumaa) ykn kan Waaqaa akka hincabne eeguudha.Adeemsa kana keessatti Uummanni Oromoo ayyaana mataasaa kan kabajatu, eenyummaa isaa kan ibsu qaba.Ayyaanota Uummanni Oromoo kabaju keessaa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo isa tokkoodha.Kaayyoon qorannoo kanaa Adeemsa Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Godina Salaalee Aanaa Hidhabuu Abootee qaaccesssuudha. Ka'umsi qorannoo kanaa duudhan aayyaaneffannaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa kana sababoota dhiibbaa amantiilee garaagaraafi dhiibbaa mootota Habashaatin dhufaa darbaa hanga qorannoon kun geggeeffamutti illee akka tureefi dhaloonni dhufu duudhaa abbootaafi akaakota isaa kana dagaagseefi kunuunsee dhaloota dhufutti akka dabarsuuf bu'uura kan kaa'edha.Malli qorannoo kana gaggeessuuf itti dhimma bahame mala qorannoo akkaamtaati.Tooftaaleen funansaa odeeffannoof qorataan itti fayyadame daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataadha.Ragaaleen karaa daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffataa argame xiinxalamee (qaacceeffamee) dhiyaatee jira.Xiinxallii (qaaccessii) kanaanis maalummaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo,hirmaattota Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo,adeemsa sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo, faayidaa kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi sadarkaa kabajni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo Yeroo ammaa irra jiru maal akka fakkaatu qaaccessameera.Xiinxalliifi hiikni odeeffannoon argame qaacceffamee yaada goolabaarraga'uun danda'ameera.

### 5.2. Argannoo Qorannichaa

- Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo ayyaana dhaloonni lubbuun jiru dhaloota lubbuun darban yaadachuufi ayyaana warra biyyaafi biyyoo isaanitti dhiisanii darbanii irraa milkaa'uuf, gaariifi toltuun akka isaan hindarbineef, Uummanni Oromoo dur irraa kaasee amma ammaatti kabajee dhalootaatti dabarsaa dhufeedha.
- Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Waarra Abbaa Oromoo keessatti qophiileen adda addaa akkaataa tartiibaafi barbaachisummaa isaanitti geggeeffamuufi adeemsa sirnaa kan mataa isaa akka qabu bira gahamee jira.

- Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo kabajamu dhaloonni haala teessuma lafaatiin adda fagaatee jiru sagantaa sana yeroo hirmaatu, dhaloota adda fagaate sanaan walarguu akka danda'u bira gahamee jira.
- Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa haalaan dhaloonni walga'ee akka hingeggeeffamne dhiibbaan anga'oota siyaasaafi hordoftoota Amantii Waaqeeffannaatiin ala jiraniin jiraachuu isaa hubatamee jira.
- Jeekkarsi Amantii Waaqeeffannaa keessatti ergaa adda addaa kan qabuufi dhaloota sagantaa irratti kan hamileessu akkasumas, qaama barnootaa ta'uun bira gahamee jira.
- Sirni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa kana dhaloota ofta'een deebifamee ijaarramaa kan jiruudha.

## 5.3. Yaboo

Argannoowwan qorannichaan bira ga'aman irratti hundaa'uun haala walii gala Ayyaana Yaadannoo Waarra Abbaa Oromoo irratti yaboon qorataan kenname kanneen itti aanani.

- Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo xabbummaa (aslummaa) isaa eeggamee akka geggeeffamuuf dhaloonni tiskachuu qaba.
- Qorattoonni garagaraa qorannoo kana ka'umsa taasifachuun Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti kallattii adda addaatiin irratti qorannoo kanarra bal'aa ta'e, hojjechuun beeksisuufi guddisuun osoo danda'amee mishaadha.
- Duudhaa boonsaafi kabajama ta'e kana haala itti fufiinsa qabuun tursuuf kitaabilee barnootaa keessatti haala gahaa ta'een hammatamee akka barsiifamu taasisuun barbaachisaadha.
- Waajjirri (Biiroon) Aadaafi Turizimii Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kana beeksisuufi kunuunsurratti hojiilee gadi fageenya qabu osoo hojjechuu danda'ee gaarii ta'a.
- Maanguddoonni umurii dheeraa qaban dhaloota lafaa dhufaaf adeemsa kabaja Ayyaana Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoofi maalummaa ayyanichaa barsiisuu qabu.
- Dhaloonni labata ammaa kun sagantaa Oromoon dur qabu kana maanguddootatti dhihaachuun baratanii osoo dhaloota itti aanuuf tursanii gaariidha.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). **Akkamtaa**: Finfinnee, Oromiyaa.

Alamaayyoo Hayilee, Boshii Gonfaa, Daani'eel Dheeressaa, Sambatoo Bushaafi Umar Nuuree. (1998).**Seenaa Oromoo Hanga Jarraa 16ffaa**: Biiroo Aadaafi Turizimii: Berhana Selam Printing Enterprise.

Asafaa Tafarraa. (2009). **Eela**: Finfinnee: Far East Trading PLC.

Asnaaqaa T.Irkoo, Hundasaa waaqwayyaafi Amaaree Baqqalaa (2018).**Waaqeffannaa**:Gumii Waaqeffannaa Addunyaan Kan Qophaa'e: Norway.

Bascom William. (1954).*The Journal of American Folklore* (vol 67. No 266) American Folklore Society press.

Barth F. (1969). **Ethnic groups and boundaries**: The social organization of culture Differences, Little& Brown, Boston, MA.

Baker, C. (2004).The Sage dictionary of cultural studies.London: SAGE Publications.

Dastaa Dasaalany (2002).**Bu'uura Qorannoo**: Finfinnee.Dhaabbata Manxansaa Boolee.

__________(2013).**Bu'uura Qorannoo: Qorannoo Furmaataafi Deebii**.Finfinee:Plc.East Trading.

David E. Gray. (2004). **Doing Research in the Real World**. London: SAGE publications Ltd.

Dirribii Damusee. (2012**). Ilaalcha Oromoo**: Finfinne printing and publishing S.C.

Dorsen, Richard. (1972).**Folklore and Folk Life.An introduction**.Chicago and London: The University of Chicago press.

Dundes Allen. (1965).**The Study of Folklore. Berkle**: Prentce Hall.

Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa.(2017).Barruu Hundeeffama Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa Jildii V: Burraayyuu, Oromiyaa.

Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa. (2018).*Barruu Hundeeffama Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa* Jildii VI: Burraayyuu, Oromiyaa.

Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeffannaa. (2020).*Barruu Hundeeffama Dhaabbata Hordoftoota Amantii Waaqeeffannaa* Jildii VII: Burraayyuu, Oromiyaa.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013).**Bu'uura Ogbarruu Oromoo**.Finfinnee: Subi Priting Press.

Filee Jaallataa. (2016). **Beekumtaa Oromoo: Kutaa Tokko.**Naqamte: Mana Maxxansaa Raajii.

Firaa'ool Taammiruu. (2012).**Safuu Oromoo.**Finfinnee, Oromiyaa: Subi Printing Press.

Gamtaa Oromo. (2012).**Sirna Gadaa Oromoo.**

Gada B. (1988). **Oromia.An Introduction**.Khartoum.n.p.

Georges, R. A and Jones, M. O.(1995).**Folkloristics:An Introduction**.Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Georges Robert A. and Michael Owen Jones.(1965). **Folkoristics**: An Introduction. Indiana.

Haabtaamuu Irrasii. (2010). "Xinxaala Raawwii Fakkoommii Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abunaa Gindabarat"AAU.Waraqaa Qorannoo MA Kan Hinmaxxanfamne.

Hundasaafi kaawwan.(6411). **Yaayyaa.**Norway

Iristee Akkawaaq. (2012). "Qaaccessa Sirna Lufiinsaa: Raaawwii Sirna Da'umsaa Godina Jimmaa Aanaa Mannaa" AAU.Waraqaa Qorannoo MA Kan Hinmaxxanfamne.

Leellisaa Aadaa. (6413). **Kudhaama Seenaa**.Finfinnee: Elleni p.p.PLC

Maammoo Gadaa. (2016). D**uudhaa.**Finfinnee: MYBT Printing Press.Finfinnee, Oromiyaa.

Maatii Sabaa. (2006). **Daaniyaa**: Finfinnee, Oromiyaa

Misganuu Gulummaa. (2011).**Dilbii: Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo**.Finfinnee.

Neuman L.W. (2007).**Basic Social Research: Qualitative and Quantitative Approachs** (2nd Edition).Bost peason Edu: Cailiral IC.

Okpewho, Isidore. (1992). **Africa Oral literature: Back ground, Character and Continuity Bloomington and Indianapolis:** Indian University Press.

Raayyaa Horoo. (2008). **Waaqeffannaa**.Finfinnee: Africa Printing Press Plc.

Tacaanee Alii. (2011/)."Xinxaala Haala Raawwii Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo" AAU.Waraqaa Qorannoo MA Hinmaxxanfamne.

Tarruu Unguree. (2015).**Waaqeffannaa Amantii Duudhaa Ganamaa**.Finfinnee.

Tasammaa Ta'aa. (2012).*Religious Beliefs among the Oromo: Waaqeffannaa, Christianity and Islam in the Context of Ethnic Identity, Citizenship and Integration*.Journal of EJOSSAH Vol. VIII, No.1, June 2012.

Saafii Tamaam.(2009). "Qaaccessa Raawwii Sirna Ulmaa Dubartii Oromoo Godina Arsii Aanaa Xannaa" AAU.Waraqaa Qorannoo MA Hinmaxxan famne.

Sims and Stephens.(2005). **Living Folklore**: **An Introduction to the Study of People and thei Traditional**: Longman: Utah State University Press.

Waldaa Beeksisaafi Bashannana Arsadii.(2011). *Arsadii* Jildii 1.Lakk.1.

Yaadasaa Tolasaa.(2016).**Malleen Qorannoo Waliigalaa**.Finfinnee: Far East Trading PLC.

ያለዉ እንዳወቀ. (2017)**.የምርምር መሠረታዊ መርሆችና አተገባበር.** ባህረዳር ዩኒቨርሲቲ:Tefera Seyoum Printing Press.

## DABALEE A

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

**Gaaffiilee Daawwannaaf Qophaa’an**:

Daawwannaa keessatti gaaffiileen mirkaneeffannaa qophaa’uun odeeffannoon ittiin guuramu kan armaan gadii kunniin qophaa’aniiru.

| TL | Gaaffiilee daawwannaa yeroo Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo adeemsifamu daawwachuuf qophaa’e. | Guyyaa daawwannaan geggeeffame |
|---|---|---|
| 1. | Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti qophiileen adda addaa taasifaman daawwachuu | 12/02/2012 |
| 2. | Dhangaalee yeroo Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo geggeessan qophaa’an daawwachuu | 18/03/20 12 |
| 3. | Eebba Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo keessatti taasifamu daawwachuu | 10/04/20 12 |
| 4. | Hirmaattota Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo daawwachuu | 19/04/20 12 |
| 5. | Sirna qalmaa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo irratti geggeeffamu daawwachuu | 05/05/20 12 |
| 6. | Jeekkarsa Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo geggeeffamu daawwachuu | 06/06/20 12 |
| 7. | Sagantaa baalchaa geggeeffamu daawwachuu | 07/08/20 12 |
| 8. | Yoomessa kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo daawwachuu | 08/09/20 12 |

**DABALEE B**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

**A. Odeeffannoo waa’ee odeefkennitootaa**

Maqaa__________________________

Saala: Dhi ☐ Dha ☐

Iddoo jireenyaa:

Ganda_________________Aanaa_____________Godina___________

Gahee hojii____________________

**B. Gaaffiilee Afgaaffiif Qophaa’an:**

1. Haaldureewwan Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo osoo hinkabajamin raawwataman maal maal fa’i?

1. Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo maali?
2. Namoonni yeroo gara kabaja ayyaana kanaa dhufan wanti jedhan nijiraa?
3. Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo maaliif kabajama?
4. Hirmaattoonni Sirna kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo eenyu faadha?
5. Sirni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo akkamii raawwatama?
6. Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajuuf maal maaltu barbaachisa?
7. Adeemsi Sirni Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo itti geggeessamu maal fakkaata?
8. Sirni kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo ammaa maal fakkaata?
9. Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo hawaasa Aanaa Hidhabuu Abootee biratti hiikaa maalii qaba?
10. Wantoonni Sirni Kabaja Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo akka laaffatu (cabu) taasisan maal faadha?

**DABALEE C**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

A. **Odeeffannoo waa’ee odeefkennitootaa**

Maqaa__________________________

Saala: Dhi ☐ Dha ☐

Iddoo jireenyaa: Ganda____________Aanaa____________Godina___________

Gahee hojii____________________

**B. Gaaffiilee Marii Gareetiif Qophaa’an:**

1. Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yemmuu kabajamu adeemsaafi sirna akkamii keessa darbee kabajama?
2. Guyyaa Ayyaanni Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kabajamu maal maaltu raawwata?
3. Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo geggeeffamu kormi qalmaaf oolu kan akkamii ta’uu qaba?
4. Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo yeroo geggeeffamu bilannaan dhiiraafi durbaa garaa garummaa niqabaa? Yoo garaa garummaan jiraate maaliif?
5. Biifaan dammaa yeroo Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo maaliif barbaachise?
6. Duraa duubni Sirna Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo kan akkamiiti?
7. Damboobsi kormaa yeroo Ayyaana Yaadannoo Warra Abbaa Oromoo eenyuun taasifama? Maaliif?
8. Ayyaannoonni Waaqeffattootan ayyaaneffataman kam kami? Maaliif?
9. Uffanni yeroo Ayyaana Yaadannoo uffatamu kan yeroo kaniin garaa garummaa niqabaa?
10. Fayidaan Ayyaana Yaadannoo dhalootaaf qabu maali?

**DABALEE D**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

Odeef-kennitoota afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaa irratti hirmaatanii

| TL | Maqaa | Saala | Umrii | Ganda | Guyyaa | Ga'ee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Tsahaay Lammaa | Dhi | 60 | M/Ejeree | 30/05/2012 | H/mootummaa |
| 2. | Xuruu Adal | Du | 80 | M/Ejeree | 05/04/2012 | Qonnaan bultuu |
| 3. | Kaffaalaa Katamaa | Dhi | 45 | M/Ejeree | 20/05/2012 | Daldalaa |
| 4. | Alamuu Raggaasaa | Dhi | 45 | D/bokkooloo | 15/05/2012 | Qonnaan bulaa |
| 5. | Saaqaa Asmaraa | Dhi | 24 | M/Ejeree | 07/05/2012 | H/Mootummaa |
| 6. | Ayyaantuu Garasuu | Du | 88 | D/bokkooloo | 10/04/2012 | Qonnaan bultuu |
| 7. | Girmaa Margaa | Dhi | 38 | G/goorgisii | 04/04/2012 | H/G/A/W |
| 8. | Boggee Gaarii | Du | 90 | D/bokkooloo | 23/05/2012 | Qonnaan bultuu |
| 9. | Abbabaa Dabalee | Dhi | 87 | M/Ejeree | 27/06/2012 | Qonnaan bulaa |
| 10. | Daadhii Dabalee | Dhi | 50 | D/bokkooloo | 24/06/2012 | Barsiisaa |
| 11. | Abbabachi Leenjisaa | Du | 36 | Ejeree | 12/06/2012 | Barsiistuu |
| 12. | Yaadatee Ida'aa | Dhi | 55 | D/bokkooloo | 14/07/2012 | Qonnaan bulaa |
| 13. | Burruusee Jimaa | Dhi | 35 | G/goorgisii | 14/05/2012 | H/G/A/W |
| 14. | Tolasaa Dassee | Dhi | 34 | M/Ejeree | 14/05/2012 | H/G/A/W |
| 15. | Leencoo Dachaasaa | Dhi | 30 | G/goorgisii | 21/06/2012 | Daldalaa |
| 16. | Birhanuu Shifarraa | Dhi | 31 | M/Ejeree | 06/06/2012 | Barsiisaa |
| 17. | Obboo Raggaasaa Fayyee | Dhi | 88 | M/Ejeree | 07/07/2012 | Qonnaan bulaa |
| 18. | Eebbaa Ejersaa | Dhi | 70 | M/Ejeree | 21/04/2012 | Daldalaa |
| 19. | Dhufeeraa Abdataa | Dhi | 60 | G/goorgisii | 23/05/2012 | Qonnaan bulaa |